

Yunivarsiitii Diillaa
Kollejjii Saayinsii Hawaasummaafi Namummaa
Muume Afaan Oromoofi Ogbarruu

Moojula Koorsii Xiinloogaafi Waaltina Afaanii
(Dialectology and Language Standardization)

ELOR 34I

Ebla, 2008, A.L.I

Dillaa, Itoophiyaa

Baafata

Qbiyyee

Fuula

| | |
|--|----|
| Seensa ----- | 1 |
| Boqonnaa Tokko----- | 4 |
| 1. Xiinlooga----- | 4 |
| 1.1 Hiikaafi yaadrimee xiinloogaa----- | 5 |
| 1.2 Haalota adda addummaan afaanii ittin qo’atamu----- | 6 |
| 1.3 Adda addummaa loogotaa Afaam Oromoo jidduutti mul’atan----- | 8 |
| 1.4 Garaagarummaa Sagaleessuu (phonological variation)----- | 10 |
| 1.5 Hiika afaaniifi loogaa----- | 11 |
| 1.6 Ulaagaa loogummaa----- | 14 |
| 1.7 Walii galtee gamlamee (Mutual Inteligibility)----- | 17 |
| 1.8 Afaan, loogaafi loqoda (haala dubbii)----- | 18 |
| 1.9 Afaan pijiniifi Kiriyoollii (piggins and creols)----- | 20 |
| 1.10 Gosoota loogaalee Afaan Oromoo----- | 23 |
| 1.11 Looga (Dialect)----- | 28 |
| 1.11.1 Jechoota araadotaafi gree(slang)----- | 29 |
| 1.11.2 Jechoota ogummaa (Jargon or Technical)----- | 29 |
| 1.11.3 Jechoota ceera/safuu (Taboos)----- | 30 |
| 1.12 Looga naannoo (Regional/geographical dialects)----- | 30 |
| 1.13 Looga hawaasaa (Socio Dialects)----- | 32 |
| 1.14 Afaaniifi garee hawaasaa (Language and Social class)----- | 34 |
| 1.14.1 Sabummaa (Ethnicity)----- | 35 |
| 1.14.2 Umurii (Age)----- | 35 |
| 1.15 Adda addummaa Korniyaafi Itti fayyadama afaanii----- | 36 |
| 1.15.1 Afaaniifi Korniyaa (Language and gender)----- | 36 |
| 1.16 Afaan Nam-uumee (Man-made language)----- | 37 |
| 1.17 Afaan, Loogaafi jireenya hawaasummaa----- | 40 |
| 1.18 Afaaniifi eenyummaa saba tokkoo (Language and ethnic identity)----- | 43 |
| 1.19 Aflamee (Bilingualism)----- | 46 |
| 1.20 Afaaniifi Hawaasa (Language and Society)----- | 47 |
| 1.20.1 Loqoda (accent)fi looga(dialect)----- | 49 |
| 1.20.2 Bifoota loogaa----- | 49 |
| 1.20.3 Garaagarummaa akkaataa Dubbii dubartootaafi dhiirotaa----- | 50 |

| | |
|--|----|
| Boqonnaa Lama ----- | 56 |
| 2. Karooraafi Imaamata afaanii ----- | 56 |
| 2.1 Yaadrimeewwan Afaan Karoorsuu lamaan (Two concepts of language planning)--- | 57 |
| 2.2 Karoora afaanii eenyuti hojjetaan ?----- | 58 |
| 2.3 Karoorri afaanii akkamitti hojjetama ?----- | 61 |
| 2.4 Akaakuuwwan karoora afaanii (Types of language planning)----- | 63 |
| 2.4.1 Karoora sadarkaa afaanii (status planning)----- | 63 |
| 2.4.2 Karoora korpasii (Corpus Planning)----- | 65 |
| 2.4.3 Karoora Akkuzishinii (Acquisition planning)----- | 65 |
| 2.5 Barbaachisummaa karoora afaanii----- | 67 |
| 2.6 Dhimmoota karoora afaanii daangessan (Factors affecting language planning)----- | 68 |
| 2.7 Ga'ee afaanii, Xiinyaadaafi bulchiinsa Afaanii (Language practice,Ideology and management) ----- | 70 |
| 2.7.1 Ga'ee afaanii----- | 70 |
| 2.7.2 Xiinyaadaafi bulchiinsa afaanii----- | 71 |
| Boqonnaa Sadii ----- | 76 |
| 3.Imaamata Afaaniifi Gosoota Isaanii ----- | 76 |
| 3.1 Gosoota Imaamata Afaanii----- | 77 |
| 3.1,1 Imaamata Indoogiloosikii (Endogilosic Policy)----- | 77 |
| 3.1.2 Imaamata Eksogiloosikii (Exogilosic Policy)----- | 77 |
| 3,1.3 Imaamata dhokataa (covert language policy)----- | 77 |
| 3.1.4 Imaamata mul'ataa (Overt Policy)----- | 78 |
| 3.2 Gosoota Haala afaanota Afrikaa----- | 78 |
| 3.3 Gosoota imaamtata afaanota Afrikaa----- | 79 |
| 3.4 Imaamata Afaanii Itoophiyaa----- | 80 |
| 3.4.1 Imaamta Afaanii Itoophiyaa Mootii Hayile Sillaasee Duraa----- | 80 |
| 3.4.2 Imaamata Afaanii Bara Mootummaa Hayile Sillaasee----- | 81 |
| 3.4.3 Imaamata Afaanii bara mootummaa Dargii----- | 82 |
| 3.4.4 Imaamata Afaanii Itoophiyaa yeroo ammaa----- | 82 |
| 3.5 Garaagarummaa afaan karoorsuufi afaan waaltessuu (language standardization and planning | 83 |

| | |
|--|-----------|
| Boqonnaa Afur ----- | 87 |
| 4.Waaltina Afaanii ----- | 88 |
| 4.1 Yaadrimee waaltina afaanii----- | 89 |
| 4.2 Maalummaa waaltina afaanii----- | 94 |
| 4.3 Kaayyoo afaan waaltessuu (Aims of language standardization) ----- | 95 |
| 4.4 Gulantaalee waaltina afaanii (Language standardization phases) ----- | 101 |
| 4.5 Karaa ittiin afaan waalta’u (Approaches to language Standardization) ----- | 103 |
| 4.6 Malleen afaan waaltessuu----- | 103 |
| 4.7 Barbaachisummaa waaltinaa----- | 104 |
| 4.8 Adeemsa waaltina afaanii----- | 106 |
| 4.9 Wantoota filannoo loogaa waaltinaaf xiyyeeffannoo keessa galuu qaban----- | 108 |
| 4.10 Maqaalee guyyaa torbanii----- | 117 |
| 4.11 Sirna barreeffamaa qopheessuu----- | 119 |
| 4.12 Galmee jechaa waalta’aa afaan baruufi barsiisuu keessatti----- | 120 |
| 4.13 Sirna barreeffamaa waalta’aatiiif galmee jechootaa qopheessuu----- | 121 |
| 4.14 Ulaagaalee jechoonni waaltinaa ittin filaman ----- | 122 |
| 4.14.1 Lakkoofsa dubbattootaa (number of the speakers) ----- | 122 |
| 4.14.2 Faca’insa loogota keessatti loogichi keessatti loogichi qabu (frequency of dialects occurrence.) ----- | 123 |
| 4.14.3 Qusannoo (Economy) ----- | 123 |
| 4.14.4 Uumbortummaa (Productivity) ----- | 124 |
| 4.14.5 Ragaa barreeffamaa----- | 125 |
| 4.14.6 Ifummaafi fudhatamummaa hiikaa (semantic transparency and acceptance) ----- | 125 |
| 4.14..7 Aslummaa (Originality)----- | 126 |
| 4.14.8 Saba himaa----- | 128 |

| | |
|--|-----|
| 4.15 Babal'isuu (Elaboration) ----- | 128 |
| 4.15.1 Mala keessaatiin jechoota afaanii babal'suu----- | 129 |
| 4.16 Malleen ijaarsa jechoota Afaan Oromoo biroo----- | 136 |
| 4.17Looga waalta'aa Hojiirra oolchuufi Qaamolee hojiirra oolchan ----- | 136 |
| 4.18 Afaanota gurguddoofi xixiqqoo (Major & Minor Languages) ----- | 145 |
| Kitaabilee Wabii----- | 157 |

Seensa

ELOR 341 koorsii samisteera tokko keessatti akka baratamu qophaahe yoo tahu koorsiin kun barattoota Afaan Oromoo Akka barumsa Hangafaatti barataniif qophaa'e. Koorsiin kun boqonnaawwan 4 Afur ofkeessa qaba. Isaanis boqonnaan tokkffaan xiinloog, boqonnaa lammaffaan Karooraafi Imaamata afaanii, Imaamata afaaniifi Waaltina afaanii ta'u. Akkasumas, matadureewwan boqqoonaalee olii keessatti argaman kanneen akka **Afaaniifi hawaasaa, Afaan, Loogaafi Adda Addummaa Afaanii, Gosoota Loogaa, Loogota Afaan Oromoo, Karoora Afaaniitiif Imaammata Afaanii, Waaltina Afaani, [Adeemsa Afaan Waaltessuutiifi Haala Waltina Afaan Oromoo](#)** fi matadureewwan bitoos matadureewwan kanaan walqabatn birootis keessatti hammatta.

Moojuliin kun bal'inaan koorsii kana barchuudhaaf kitaabotta akka madda odeeffannootti sitajaajilaniif shaakaloota adda addaa koorsii kanaaf barbaachisoo ta'an bal'inaan akka shaakaltuuf sigargaaran siifdhiheessa.

Galma Koorsii

Koorsiin kun adda addummaa afaan tokko keessatti gama adda addaatiin muldhatan akka xiinxaltaniif akka hubattan isin gargaara. Adda addummaa afaan tokko keessatti muldhatan kana akkaataa ittiin qo'atamu haala qabatamaa Afaan Oromoo irratti hundaa'uun akka shaakalan isin gargaara. Kanaan walqabatee adda addummaa dubbattoota afaan tokko dubbatan giddutti gama afaaniitiin muldhatu irraa kan ka'e waliigalteen isaan jidduu jiru xiqqaachuu danda'a. Dhugaan kun akkuma jirutti ta'ee adda addummaa kana xiqqeessuudhaaf gahee waaltinniifi karaorri afaanii taphachuu danda'u ni xiinxaltu. Qaphxiwwan kana haala qabatamaa Afaan Oromootiin waltti fiduudhaan akka shaakaltan isin gargaara. Kanaaf, koorsiin kun galmoota armaan gadi irratti xiyyeefachuun qophaa'e.

- ✍ Barattoonni waaltinaaf dagaagina Afaan Oromoo keessatti shoorra isaan irraa eegamu bahuu keessatti bakka barbaachisaa tahetti ni hirmaatu.
- ✍ Loogota Afaan Oromoo jidduutti adda addummaa muldhatan irratti qorannoo adda addaa ni gaggeessu.
- ✍ Barreeffamoota adda addaa yoo barreessan akkasummas haala idilee ta'e keessatti dubbii yoo taasisan afaan waalta'aa ta'etti fayyadamuu danda'u.

Kaayyoowwan koorsii

Dhuma koorsii kanaatti barattoonni:-

- ✍ Xiinloga ni hiiku.
- ✍ Yaadrimeewwan xiinloogaafi waalta'ina afaanii kanneen akka loogaa(dialect), haala dubbii(accent), looga naannoo(regional dialect), looga hawaasummaa(social dialect), daanga loogootaa(dialect boundaries), fi kkf irratti hubannoo ni argatu.
- ✍ Ulaagaalee loogoota qoqooduuf barbaachisan addan ni baafatu.
- ✍ Adeemsota afaan waaltessuudhaaf barbaachisa ni baru.
- ✍ Loogota Afaan Oromoo keessatti argaman ni xiinxalu.
- ✍ Haala Afaan Oromoo gara waalta'naatti dhufu irratti hubannoo ni argatu.
- ✍ Gufuuwwan waaltina Afaan Oromoo keessatti mul'atan nixiixallu, furmaatas ni'eeru.
- ✍ Wantoota waaltina afaaniitiif barbaachisan nitarreessu.
- ✍ Haala Afaan Oromoo yeroo ammaa gama waaltinaatiin keessa jiru niqeequ.

- ✈ Garaa garummaa logoota Afaan Oromoo jiddutti muldhatu nihubatu.
- ✈ Imaamata afaanii mootummoota Itoophiyaa ni xiinxalu
- ✈ Maalummaa Karooraafi Waaltina afaanii niibsu.
- ✈ Garaagarummaafi walitti dhufeenya Karooraafi Imaamata afaanii nihubatu.
- ✈ Ilaalcha afaan isaaniif qabab ni cimsatu
- ✈ Haala imaamata afaanii Itoophiyaafi Afrikaallee nihubatu.

Boqonnaa Tokko

Seensa

Afaan ilmi namaa beekumsaafi miira akkka ibsatu taasisa. Afaan nama bineensota (bineelda) irraa adda kan baasudha. Kanaafis, ilma namaa waliin waliitti hidheenya kan qabuufi meeshaa walii galtee guyyaa guyyaati. Haata'u malee, waanti ittin walii galan hundi afaan miti. Sababni isaas afaan seera mataa isaa niqaba. Qorannoon afaanii itti fayyadama, jijjiirama, seeraafi kan kana fakkaatan irratti xiyyeeffachuu danda'a.

Kana yoo jennus afaan saayinsii mataa isaa ittiin qoratamu niqaba. Innis xiinqooqadha. Xiinqooqni qo'annoo afaanii saayinsaawaafi falaasamaawaa kan ta'eefi gosoota xiinqooqaa kan of jalatti hammatedha. Gama yaad-iddamaatiin (himteetiin) yoo ilaalames xiinqooqni qo'annoo caasaa afaaniifi hiikaati. Caasaaleen afaanii kan jennus xiinsaga hanga xiin hiikatti(phonetics-semantics) kan jiranidha. Haaluma kanaan xiinqooqni dhimmoota caasaalee afaaniin wal qabatani garuu afaaniin ala ta'an (external factors) irrattis qorannoo nigegeessa. Fakkeenyaaf, xiinqooqa seenaawaa, xiinqooqa hawaasummaa, Itti fayyadama afaanii, xiinqooqa guddina afaaniifi xiinqooqa xiinsammuu ta'u.

Kanneen olitti eerre keessa kan nuti irratti xiyyeeffannu xiinqooqa hawaasummaa (socio-linguistics) ta'a. Xiinqooqni hawaasummaa waa'ee hawaasaafi afaanii, haalaafi duudhaa hawaasummaafi garaagarummaa afaanii qorata. Kana irratti hundoofnee dame xiinqooqa hawaasummaa kan ta'e xiinloogni maal akka ta'eefi waaltinni afaanii akkamitti akka adeemsifamu ilaaluun xiyyeeffannoo koorsii kanaa ta'a.

1. Xiinlooga

Saayinsiin Afaan hawaasa qo'atu xiinqooqa hawaasumma jedhama. Qorannoo isaafis bu'ura (ka'umsa) kan ta'an garaagarummaa dubbii afaanii jiraattoota hawaasa ykn naannoolee addaa addaa afaan tokko dubbatan garuu garaagarummaan sun hawaasichaaf hiika laachuu danda'anidha. Dubbataan afaan tokkoo yoo gadi fageenyaan ilaalamee tokkon tokkon isaaniyyu haala adda addaatiin afaan isaanitti gargaaramu. Kana dhugoomsuun kan danda'amus jechoota barreessitoonni adda addaa afaan tokkoo gargaaraman ilaaluun nidanda'ama. Tokko tokkoon

lakkaa'uun osoo ilaalame baay'inaan jechoota garaagaraatti yommuu gargaaraman mul'atu. Haaluma kanaan, haalli itti gargaarama afaanii dhuunfaa(Idiolect) jedhama. Afaannonni garaagaraa garee dubbattoota afaan tokkoon dubbataman immoo looga(Dialeet) jedhamu. Hayyuuleen xinqooqaa garaagarummaa afaanii ykn looga afaan tokkoo mul'isuuf jecha 'lect' jedhuun ibsuun dhimma itti ba'u.fakkeenyaaf, dialects,family lect, village lect etc.)

Haala olitti ibsamerra ka'uun xiinlooga jechuun dame saayinsi xinqooqa ta'ee haalota(akkaata) garaagarummaa afaan tokko keessatti mul'atanii kan qo'atudha.Jechi kun yeroo jalqabaaf kan argame jecha Laatinii 'dialectus' jedhamu hikni isaa karaa dubbii jedhamurra bara 1577 jedhamee yaadama. Garaagarummaan loogaa afaanota harkaa caalaa keessatti kan argamuuf hawaasa afaanichaatiin ilaalcha gaarii qabanidha. Seenaa keessatti garaagarummaa loogaa jiraachuun ga'ee cimaa kan taphatu ta'uun calqabaaf kan mul'atee kitaaba qulqulluu keessatti seera uumamaa Boqonnaa 12:4-6 keessattiidha.Innis Ifireem namni jedhamu biyya jordan jedhamu keessatti jecha 'shibboleth' jedhu jechuu dadhabee 'shibboleth' waan jedheef dogoggoratti fudhatamee kan ajjeeffamedha jedha.kan inni ajjeeffames akka afaan warra hibiriiwuu duriitti jechi 'shibboleth' jedhu 'callaa' ykn' burqaa yaa'u' ta'ee innis waaqa adda ta'anii mullachuu jechuudha jedhama.Kanaaf xiiloogni kan qo'atu loogaalee kanneen afaan tokkoo ykn garaagaraa yeroo baayyee rakko fakkeenya oliin ibsamu uumullee danda'anidha jechuudha.

Xiinloogni galmaafi tooftaa qo'annoo kan isaa kan qabuufi beekamaadha. Kanarra ka'uudhaanis dameewwan qo'annoo afaanii kan biroon walitti dhufeenya niqabaata.Isaanis fakkeenyaaf saayinsii xiinqooqa afaanii keessumaayyu xiinsaga(phonetics), xiinqooqa seenaa(historical linguistics) fi xiinqooqa hawaasummaa (sociolinguistics)waliin ta'u.Qo'annoonsaas kan irratti caalaa xiyyeeffatu teessuma lafaa loogaa(dialect geography) irrattidha.

1.1. Hiikaafi Yaad-rimee Xiinloogaa

Qorannoon afaanii bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis xiinqooqaafi seerluga afaaniiti.Xiinqooqni saayinsii afaan qo'atu yoo ta'u seerlugni immoo seeraafi sirna afaanii kan qo'atudha.

Caasaalee xiinqooqa keessa xiinqooqni hawaasummaa haala afaan hawaasaa tokko kan qoratudha. Xiinqooqni hawaasummaa qo'annoo isaa kan adeemsisus garaagarummaa afaanii

afaan tokko keessatti argamuu danda’u garuu hawaasa sanaaf hiika qabaachuu danda’an irratti xiyyeeffateeti. Namoonni afaanuma tokko gargaaramaa garuu karaa garaa garaa ibsuun fayyadamu. Fakkeenyaaf, jechoota barreessitoonni gargaaraman ilaaluu nidandeenya. Namni dhuunfaan kamiyyu afaanitti akka isaaf toletti itti gargaarama. Haalli dubbii (haasaa) namoonni dhuunfaa isaaniitiin ittiin gargaaraman afaan Ingiliziitiin ‘idiolect’ jedhama. Innis haala gargaarama afaanii yaada dhuunfaa dubbataa afaani ta’e tokkoo jechuu nita’a. Afaanonni garaa garaa namoonni hedduun garee hawaasa tokko keessatti ittin gargaaraman looga (loqoda) yookiin ‘dialects’ jedhamu.

Loogni kunis saayinsii ittin qoratamu niqaba. Innis xiinlooga (dialectology) jedhama. Xiinlooga jechuunis damee xiinqooqa hawaasummaa ta’ee haalota garaagarummaa afaan tokko keessatti argamanii kan qo’atudha jechuun hiikuu nidandeenya. Jechi looga (dialect) jedhu kun calqaba kan argames jecha laatinii ‘dialectus’ jedhu irraa bara 1577 ture o;itti eeramee jira. Afaan keessatti loogni gosti adda addaa argaman illee hawaasa afaaan sanaaf walii galtee hawaasummaa keessatti ga’ee (bu’aa) niqabaatu. Garaagarummaan looga afaan keessatti argamu kun akkuma bu’aa qabu darbee darbee walii galtee namoota irratti rakkoo uumuus nidanda’a.

1.2. Maloota adda addummaan afaanii ittin qo’atamu.

Maloonni kunneen hayyoonni xinqooqa kan ittin gargaaramaniifi akka gosoota qajeelfamaatti fudhatamanidha. Isaanis;-

1. Tooftaan jalqabaa maladhahuu ykn yaadrimee xiinqooqni ibsuudha malee dirree murtee dabarsaa miti jechudha. (the first such promise is that linguistics is a descriptive rather than a prescriptive discipline). Yaadni kunis kan hubatamuu qabu hayyoonni afaani kan taasisu qaban ykn kaayyoon isaanii inni guddan akkaataa itti gargaarama afaanii hawaasaa naannoo tokkoo dubbii keessatti ibsuudha malee murtee siritti gargaaramuufi dhiisuu isaanii dabarsuu miti. Kanamalees, ilaalcha hawaasichi afaan ta’e tokkoof qabus faca’insa looga hawaasichaa ykn kallatti jijjiirama afaanichaa fi imaamata afaanii hundeessuuf gargaara.

2. Tooftaan lammaffaan afaan kamiyyu tooftaa adda addaatiin sadarkaalee afaanii (loogaa) garaa garaatti seera ittin gargaaramu qaba. Sadarkaaleen kanneenis jecha sagaleefi sadarkaa seerlugaatti ta’uu nimalu. Gara garummaan kun akka hayyoota afaaniitti jiraachuun isaanii

adeemsa sirri afaan ittin baramuufi seera hordofamuu qabudha jedhu. Namoonni waayee saayinsii kana hinbeekneefi hinbaranne garuu garaagarummaa loogaa sadarkaalee adda addaatti mul'atan kana ykn loogaalee kanneen akka duubatti hafootti, dadhabinaatti ykn dhibahumatti fudhachuu nidanda'u. Akkasumas loogni(dialect) akka akkaata itti gargaarama afaanii dubbattoota naannoo garaagaraa ykn kutaalee hawaasaa adda addaa (social classes) ta'uu isaa murteessuunis hayyoota afaaniif rakkisaa ta'eera.

3.Toftaan hayyoota inni sadaffaan immoo mala afaanii hubachuufi ibsuurratti xiyyeeffachuun,xiyyeeffannoo dursa barreessuu caalaa dubbii afaaniif kennuudha. Sababni isaas afaan barreeffame tokko odeeffannoo qo'annoo afaaniif bu'a cimaa qaban kan akka sagaleessuu (pronunciation) waan hambisuuf akka kan afaan dubbi waan hinmul'isneef. Sababni bira inni kan namoonni addunyaa maraafi dhugummaa isaa amanani fudhachuu danda'an immoo dhalli namaa dandeettiiwwan barreessuufi dubbisuu dura dandeettii dubbachuu kan baru ta'uu isaati. Kanaafis ga'umsi afaanii namootaa dubbii namoota adda addaa keessatti sirritti mula'chuu isaati. Haallikun gama namoota barataniin murtaa'umma qabaachuu yoo danda'ellee, afaanonni tokko tokko kan afaan barreeffama hin qabaanne jiraachuun haala namoota barataniin kanaaf furmaata ta'a. Kana malees, namoonni barataniille waa'ee xiinqooqa hinbeeknes loogni(afaan)tokko sirriidha kanjedhamu yoo barreeffamee mul'atedha jedhanii yaadu. Garuu, hayyonni xiinqooqa faallaa kanaa yaadu.

4,Toftaan qo'annaa afaanii hayyootaa xiinqooqa inni afuraffaan afaan hanga fedhe yeroo hundaa tooftaa (systematic) ta'ullee, garaagarummaan loogaa dubbattoota jiraachuun dirqamadha jedha. Kanajechuun hanga fedhe namoonni afaan tokko akka qabaniitti yaadan illee haalonni garaagarummaan akka jiraatu dhilbbaan nijira. Isaanis, garaagarummaa naannoo, gareewwan hawaasaa, naannoofi garee hawaasa walfakkaatan keessattis garaagarummaan haalaafi matadureen garaagarummaan loogaa ykn afaanii jiraachuun kan hinhafnedha.

Haaluma oliikanaan,garaagarummaan afaanii beekamoon afaan keessatti uumaman kanneen sadarkaalee caasaalee afaaniitti uumamu danda'an niqabu. Isaanis;-sadarkaa jechaatti (hiikaa),sagaleessuu(phonology),seerlugaa(xiinjechaafi himaatti)fifayyadama afaanittidha. Garaagarummaan loogaa sadarkaalee garaagaraa olii kunneen kan afaan keessatti mul'achuu danda'an akkamtaa (qualitatively) fi ammamtaa (quantitatively) gargar ta'uu nidanda'u. Sababni isaas dubbattoonni garaagaraa afaan isaanii keessatti inni tokko isa tokko caalaatti ykn

akkaataa addaatti haalota kanneen keessa gargaaramuu danda'uu isaati. Haalli kun caalaatti dhugaa ta'ee kan mul'atu haalota sagaleessuufi seerluga kanneen caalmaatti bu'aa akkaataa (stylistic) fi hawaasummaaf (social) qaban keessattidha. Waluma galatti , garaagarummaan haalota oliitiin afaan keessatti bifa loogaan mul'atan sababa garaagarummaa naannoo (regional), hawaasummaa (Social)fi akkaataa (stylistics) kan bu'uraa ta'anii beektonni afaanii (linguists) immoo kan akkuma kan tooftaalee (methods) garaagaraatiin isaan qo'atu jechaadha. Haaluma kanaan , armaan gaditti tooftaalee qo'annaa hayyoota afaanii sadarkaalee garaagarummaa sadarkaa loogaalee adda addaa niilaalla.

1.3. Adda addummaa loogota afaan Oromoo jiddutti mul'atan

Shaakala hubannoon duraa

1. Barata/ttuu, mee ati afaan dubbattu Afaan Oromoo keessatti naannookeefi naanoolee birootti garaa galrummaa loogaalee jiran tarreessuuf yaali.

2. Garaagarummaan loogaalee kanneen sadarkaa kamiin sitti fakkaata ? Sadarkaalee kanneen keessa isaan kamtu walii galtee dubbattoota afaanichaa naannoo garaagaraa irratti rakkoo waan uumu sitti fakkaata? Maaliif?

Garaagarummaa loogota afaan Oromoo ilaalchisee hayyoonni Oromoofi kanbiroon bakka garaagaraati qoodanii jiru. Isaan keessa fakkeenyaaf Wasanee bashaa 1993:137 irratti looga afaan Oromoo sadarkalee garaa garaa hammachiisuun bakka gurguddoo afuritti qoodee kaa'ee jira. Bakka gurguddoo afur kan jedhaman kunneen loogota Oromo Oromiyaa mara bakka afur gurguddootti qoodee Maccaa, Tuulama, Arsiifi Booranaa jechuun garuu sadarkaa garaa garummaa isaanii osoo addaan hinbaasiin kaa'e jira. Haaluma kanaan armaan gaditti adda addummaa isaanii sadarkaa isaaniin kaa'uun ilaaluuf haayyallu.

.1. Adda addummaa gama sagaleefi dhamjechaan mula'atan

| <u>Macca</u> | <u>Tuulamaa</u> | <u>Arsii</u> | <u>Booranaa</u> |
|--------------|-----------------|--------------|-----------------|
| Arrabso | roorroo | arrabsa | arrassaa |
| Nawu | gaggabuu | rifatu | nahuu |
| Hama | hanga | haguma | guma |
| Gudmfa | hidhaa | hidhaa | gudunfaa |
| Dhadhaa | baksaa | bassa | bassaa |
| Raafuu | shanaa | shan'a | shana |
| Masaraa | gimbo | gamoo | gooba |
| Wucii | cucii | cuqaa | wucii |
| Ulfina | surraa | kabaja | ulfina |
| Irbaatta | erbaata | hubata | erbaatoo |
| Giddi | humna | jabeenna | irree |
| Balbala | bobaa | laboobaa | labooba |
| .Tisisa | titicha | tisisa | tita |
| Irbaata | erbaata | hubata | erbaatoo |

2. Adda addummaa gama hiika jechaan mul'ataniif

| <u>Macca</u> | <u>Tuulamaa</u> | <u>Arsii</u> | <u>Booranaa</u> |
|--------------|-----------------|--------------|-----------------|
| Darabaa | qonna | oorruu | obru |
| Daraaraa | abaaboo | keelloo | ilillii. |
| Waciitii | oktee | oktee | xaabaa |
| Soorara | nyaata | liqimsa | naata |
| Midhaan | nyaata | sora | sagalee |
| Beela | jeejee | kaajuu | oongee |
| Naqata | kaadhima | qubee | naqata |
| Nadheen | dubartii | dalai | nadheen |
| Looga | oggisa | kawadasa | gargara |
| Garuu | ammoo | silaa | ammo |
| Wadaroo | funyoo | haada | haada |
| Jallisii | bo'oo | lolaa | naniqa |

| | | | |
|------------|-------------|---------|---------------------------|
| Du'aa | raqa | goflola | goblola |
| Marii | haasa | walgala | maroo |
| Ifa | cululuqa | collee | ballaqa |
| Muummee | burqaa | mataa | madda |
| Itti amana | dhugooma | aarsaa | wareega |
| Sirba | ragada | fagduu | jekkara |
| Qiliila | fadadda | saqa | bowwaa |
| Misirroo | baranitti | arsitti | misirroo |
| Misirricha | baranoo | arsicha | golloo |
| Jaarraa | Waggadhibba | jaarra | jarrii |
| Fagoo | halaala | hiixuu | fageena |
| Salakata | malakata | faagaa | magalata fi kkf.baayinaan |

Afaan Oromoo keessatti garaagarummaa loogaalee mul'atanidha jechuudha.(Kan fudhatame Wasanee Bashaa 1995;137-143) irraa akkuma jiruttidha.

1.4. Garaa garummaa sagaleessuu (phonological Variation)

Garaagarummaa sagaleessuu jechuun garaa garummaa sagaleelee looga ykn loogota dubbaattoota afaan tokkoo naannoo garaagaraa jechuudha.Haalli kun kan armaan olitti 3 jalattiicalqaba (1) garaa garummaa sagaleefi dhamjichaa jedhamuun tarraa'aniin kan walfakkaatudha. Kan jechuun garaagarummaan kun kan mul'achuu danda'u dubbattoota naannoo garaagaraafi naannoo tokkoo keessattillee (namoota dhuunfaa) jidduuttillee jechuufi kan naannoo garaagaraa dubbattoota afaanichaa jiddutti jechuufidha. Garaagarummaan loogaalee sagaleessuu yeroo tokko tokko akka daangaa looga naannootti gargaauus nidanda'a. Kana jechuun, haala looga sagaleessuu isaatiin dubbataan afaanii tokko naannoo kam ykn eenyu akka ta'e adda baasanii beekuun nidanda'ama jechuudha.

Haala garaagarummaa looga sadarkaa sagaleessuu kan Afaan Oromoo keessatti yoo ilaalame sababa garaagaraatiin kan ka'e bal'inaan nimul'ata. Sababoota kanneen keessaas bal'ina naannichaan kan ka'e wal irraa fagaatanii jiraachuun kan uumamuufi dhalli namaa uumamaan garaa garummaa dhuunfaa waan qabuuf kan dhuunfaa ta'uu nidanda'u. Kanaaf. fakkeenyi fudhatamu danda'us dubbattoota naannoo Oromiyaa godinaalee garaagaraafi jechoota isaanii

muraasa gadifageenyaan yoo ilaalle garaagarummaan sagaleelee mul'atan nijiru. Fakkeenyaaf, godinaalee sadan gadii keessatti yoo ilaalle.

| <u>Wallagaa</u> | <u>Shawaa</u> | <u>Arsii</u> |
|-----------------|---------------|--------------------------------|
| Eessa | eecha | eessa |
| Keessa | keecha | keeyissa |
| Boosse | Booche | booyisse |
| Dhokse | dhosse | dhosse fi kkf. hedduun nijiru. |

Isaan kun muraasni kan dubbattoota naannoo garaa garaa Oromiyaa jiraatan jidduutti kan mul'atan yoo ta'an namoota dhuunfaa jidduuttis sababa umuriin, saalaan , sadarkaa barumsaan hojiin, muuxannoofi kan biroon garaagarummaan sagaleessuu jiraachuu njdanda'uu jechuudha.

Dialects;-Namoonni afaan tokko dubbatan haala garaagaradhaan afaanuma tokko keessatti dubbachuu isaaniiti..

1.5.Hiika Afaaniifi loogaa.

Dubbattoonni baayyeen wantoota dubbatan hundaaf maqaa nikennu.Darbe darbe maqaaleen kanneen qorattoota afaaniif haaraa yeroo ta'an nijira. Kunis kan ta'uu danda'u namoonni maqaa adda adda akka feeteen ykn saayinsaawaa karaa hintaaneen waan kennaniifidha jedhama. Kanarra ka'uudhaanis dubbattoonni afaanota kanneenii kan isaan dubbatan kanneen afaan ta'uufi looga ta'uu isaa addaan baasuudhaaf nirakkatu. Kana murteessuu dadhabuun isaaniis kan baayyee dinqisiisa miti. Rakkisaa ta'u qaba jechuun barbaadameeti. Kanaaf, mee ati akkamitti sirritti afaan ykn loogni maal akka ta'e murteessu dandeessa? Afaan maalii? Looga afaanii jechuunoo? Ulaagaa maal maal gargaaramtee 'x'n afaani 'y'n looga afaanii qofa jette murteessuu dandeessa laataa? Garaagarummaan murteessoon lamaanii maal jettaa?

Kana ilaalchisee hayyuun,”Haugen(1966a) Wardhaugh 1992;24)

kessatti (Haugen 1966a)wabeeffamee akka jedhetti “- - -Language and dialect are ambiguous terms ordinary people use them quiet freely to speak about various linguistic situations,but scholars often experience considerable difficulty in deciding that one term should be used rather than the other incertain situations.- - - the confutsion goes back to the Ancient Greaks. The Greek Language that we associate with Ancient Greek was actually a group of distinct local varieties (Ionic,Donic, and Attic)- - - with each variety having its own Literacy tradition and uses,eq,Ionic for history, Doric for choral, \$lyric works,and attic for tragedy.”

Haaluma kan ibsu afaaniifi looga adda baasanii beekuun walxaxa ta’ee osuu jiruu namoonni hinbaranne salphaatti addaa kan itti gargaaraman fakkaatu. Garuu hayyoonniifi namoonni baratan ammas ta’e afaan Giriik duriitiin walqabsiisanii yommuu ilaalan adda baasanii ibsuun rakkisaafi kan itti fufu ta’uu isaa mul’isa.

Kanarraa ka’uudhaan ‘haugen’-1986:25,” yoo ibsu caalmaatti akka addan baasuun isaanii cimu kan taasisu afaan looga aadaafi bulchiinsa garaagaraa gidduu galeeffatee dubbatamuu isaati.” Haata’u malee , haalota gadii sadaniin adda baasamanii ilaalamu akka danda’an kaa’era.Isaanis;

1,Afaan yaada xiinqooqa tokkoofi oli kan ibsuufi loogni garuu yaada tokko qofa ibsuudhaan.

2,Keessumaa haalota hawaasummaafi siyaasa keessatti lamaan isaaniyyu afaan keessatti haala walqixa ta’een gargaaru isaaniini. Kun itti gargaaramtoota afaaniif haala wallaalchisaadha.Gaaffilee afaan ykn looga kan dubbattan jedhan deebisu hindanda’an.

3,Haalota seenduubee hawaasummaa afaaniifi loogaaf daangaa uumuu keesatti ga’e cimaa taphata. Fkn.afaanota addunyaa garaagaraa fudhannee yoo ilaalle; Hindiifi Hurduu Indiyaa keessatti,sarbiyaafi koorishiyaa yugosilaaviyaa keesatti,Faantiifi tiwii lixa Afrikaa keessatti, kachiwafi Ayimara Deeruu keeatti fi kkf ta’u. Isaan kana keessattiifi afaan ykn looga akka ta’e adda baasuun baayyee ulfaataadha jechuudha.

Gochaa -1

Gaaffilee armaan gadii kan olitti baratteratti hundaa'uun barrcessuufi ibsuun deebisi.

1, Maqaaleen namoonni moggaasan maaliif afaan ykn looga ta'uun isaanii namootaaf haara ta'uu danda'u? _____

2, Ati afaan ta'e tokko afaani ykn looga jettee attamiin murteessuu dandeessa?

3, Afaaniifi looga addaa baasuuf haalli ciminaan rakkisaa taasisu maalidha?

4, Karaalee afaaniifi looga addan baasuuf gargaaru dandaa'u jedhaman tarreessi.

1.6. Ulaagaa loogummaa

Waa'ee looga qo'achuudhaaf calqaba haala ittin unkoota afaanii walfakkaato lama looga ykn afaani jennee murteessuun danda'amu irratti murteessuu barbaachisa. Garaagarummaan afaaniifi looga jiddu jiru salphaatti ifa ta'e kan mul'atu miti. Kana jechuun murteessuuf rakkisaa ta'uu nidanda'a jeechaadha. Haata'u malee garuu yoo xiqqaate haalota sadan yeroo baayyee wal morman gadiirratti hundaa'uun nidanda'ama.

1, Ulaagaan inni calqaba ilaalcha xiinqooqaatiin ta'ee innis wal hubachuu danda'uu dubbattoota lamaanii. Innis Dubbattoonni lamaan unka afaanii lamaan dubbatan sun walhubachuu ni danda'uu? Yoo wal hubachuu hindanda'an ta'e yoo xiqqaate akka yaada hayyoota afaaniitti afaanota garaagaraa lama jedhamu. Fakkeenyaaf Afaanota addunyaa keessaa Afaan jarman, Holaana(Dachii) fi Ingilizii fikanneen Itoophiyaa keessaa, Afaan Oromoo, Amaaraa, Tigireefi kanbiroo ta'uu nimaalu. Dubbattoonni lama afaanota kanneen keessa lama osoo walitti dubbatanii walhubachuu hindanda'an. Garuu yeroo tokkoo tokko (yeroo muraasa) wal hubachuu danda'u jedhama.

Akka addunyatti yoo xiqqaatee afaanoota 500(dhibba shan) ta'an adda addaa kan akka afaan Ingiliziifi jarmanii ykn Afaan Oromoo fi Amariiffaa ni jiru jedhame yaadama. Kanneen akka afaanota garaagaraatti fudhatamu jechuudha. Yoo garaagarummaan afaanota lamaan rakkoo walii galtee salphaa qofa kan uumu ta'e afaanota kanneen akkana looga(dialect) jechuu nidanda'ama. Kanaaf, akka fakkeenyaatti fudhachuun kan danda'amu Afaan Ingilizii biyyoota garaagaraa Briteeyin(British), Austiraaliyaa (Australian), Amarikaa (American) English fi Indiyaa(English of India) hundi isaanii loogaalee Afaan Ingiliziiti.

Gara biyya keenyaatti fiduuf yoo yaalle immoo loogaalee Afaan Oromoo naannolee Oromiyaa garaa garaa, Fakkeenyaaf, Macca, tuulamaafi Gujii ykn Booranaa, Shawaa, Harar, Wallaggaa, Arsii fi kanbiroon keessatti loogaaleen argaman akka kan afaanota garaagaraa walii galteerratti rakkoo cimaa hinuumani. Kanaafis garaagarummaa afaanii loogaati malee kan afaanii akka hintaane nuuf mirkaneessa.

2. Ulaagaan Lammaffaan Aadaadha. Inni kunyaada dubbattootni afaan dubbatan sanaaf qaban jechuudha. Hawaasni afaanicha akka safuu afaan isaaniitti kanfudhatan ykn ilaalan akka waaltwaatti immoo hinwaaltofneetti yookiin akka lachuu(hinwaaltufnes waaltwaatti)? Yaada

jedhu qabu jedhama. Kanaaf, fakkeenya fudhachuun kan danda'amu afaan Ingilizii naannoo(biyyoota) adda adda Amarikaati. Innis dubbattoonni gara kibba Amarikaa isa hinwaaltofne akka gargaaramanitti amananii yaadu. Afaan Ingilizii kibbaa kun akka afaan Itoophyaatti ykn garaagarummaa loogaa qofa qabaniitti fudhachuu jechuudha. Askeessattis dubbattoonni afaan Amaaraa warra Itoophiyaa irraa kanneen afaan Oromoo immoo warra Itoophiyaa keessa jalaa ta'uun beekamuu nidanda'u jechaadha.

Gama biraatiin immoo afaanonni (loogni) afaan tokkoo dubbattoonni sirritti ittin waliif galuu osooma danda'anii fedhii siyaasa guutuuf qofa yeroon akka afaan garaagaraatti fudhatamuu danda'an nijira. Fkn. Afaan warra saboota serbiyya(Serbian)fi kirooshiyaa(crotian) biyya yugosilaviyaa durii fudhachuun nidanda'ama. Haala xiinqooqaan yoo ilaalame afaanonni kun lamaan afaan Ingilizii Teksaasii(Texas) fi Niiwuyoorok(Newyork) keessatti dubbataman caalaa walitti dhufeenya qabu ture. Garuu, afaanonni kun lamaan dhimma siyaasaaf jecha afaan sarbiifi afaan kirooshiyaa jedhamuun adda baafamuun addan fageenyi isaanii akka dabaluu taasifamaa tureera. Haaluma kanaan kan afaan Oromoos yoo ilaalle tokkummaan Oromoo yoo barbaadame loogaaleen naannicha tokko akka ta'an taasisuutu barbaachisaadha. Yoo ta'u baate garuu naannoolee Oromiyaa loogaan adda adda kukutamani akka afaan adda addaa garagarummaan isaa akka hinjabaanne taasisu fakkaata jechaadha. Kanaaf,yoomiyyu taanaan akka afaan naannootti fudhatama(hubatama). Namoonni tokko tokko loogaafi haala dubbii(accent) akka tokkotti hubatu. Garu, haalli dubbii xiindhamsaga(phonological aspect) loogni akka sadarkaa sagalee qofaatti murteessu ta'a. Haata'u malee,loogni garuu sadarkaa jechaa fi seerlugaattis garaagarummaa afaanii niuuma. Kana malees,loogni kan afaan tokkoo ykn afaanota garaagaraa ta'uu nidanda'a.

3, Ulaagaan inni xumuraafi sadaffaan sadarkaa afaanichi siyaasa biyyicha keessatti qabudha. Kana keessatti abban hangoo biyyichaa looga afaan tokkoo akka kan afaan tokkotti immoo afaan garaagaraatti ilaalu barbaada? Haala kanaan afaanonni walitti dhufeenya ooma hinqabaanne akka loogaatti, loogaaleen afaan tokkoo immoo akka afaan garaagaraatti haala bu'a siyaasaarratti hundaa'uun kan hubatamu danda'anidha. Fakkeenyaaf, yeroo mootummaa Raashiyaatti afaanonni warra yuukiriyeeniifi Raashiyaa akka loogaatti fudhatamani dubbattoonni Ruusiyaa immoo Raashiyaa guddoo ta'uun beekamu. Kana gare biyya keenyaatti yoo fiduuf yaalla Afaan Ammaaraafi Afaan Oromoo akka afaan Oromoo naannoolee Oromiyaa garaagarummaan looga

jiraachuun afaan garaagaraa jechisiisu akka hindandenyeeff adeemsi afaanichaa waaltessun afaan tokkoofi saba tokko taasisuu cimani hojjechuuf abshaalummaan itti fufuun dirqama hayyoota Oromoo hundaati jechuun nidanda'ama. Kanaaf, ibsi baayyeen gaarii ittin looga hiiku dandeenyu loogaaleen lama kan ittin dubbattoonni lama wal hubachuu danda'aniifi sadarkaa ogbarruu walgitaarra jiran looga afaan tokkoo jenna. Loogaaleen dubbattoonni ittin wal hubachuu hindandeenye garuu looga osoo hinta'iin afaanota garaagaraa lama jedhamu. Lamaan isaaniyyu haala kanaan sirritti hubatamu kan danda'an yoo dhiibban siyaasaa hinjiraanne qofaadha.

Gochaa-2

Gaaffilee armaan gadii garee miseensa 2-4 qabuun mariadhaati deebisaa.

1, Ulaagaalee loogummaa ta'uu kan danda'aman tarreessa

2, Ulaagaalee jiran sadan keessa dhiibbaa siyaasa jiruun kan jijjiramu danda'u isa kami?

3, Loogalee kan afaan tokkooti ykn garaagaraati jedhani ibsuuf siyaasi Itoophiyaa dhiibba uumu niqaba jettaa? Eeyyee yoo jette fakkeenya waliin ibsi.

1.7. Waliigaltee gamlamee (Mutual Intelligibility)

Waliigaltee gamlamee jalatti yeroo heddu waanti ulfaata ta'ee mul'ate looga (Dialects)fi afaan (languages) addan baasuudha. Innis kan ulfaateef ulaaga ifaa ta'ee Afaaniifi looga adda baasuun murteessuuf rakkisa ta'uu isaa ta'ee innis kan ta'eef afaan jechuun tuutaa loogaalee gamlamaan hinhubatamnee (" a language is a collection of mutually Intelligible dialects"). Kun kan mul'isu loogni tuuta xiqqa (sub parts of a language) ta'ee kan ittin afaan tokko afaan kan biro irra ittin adda ba'udha jedha.(soft ware Dialeetology)p.3, Haata'u malee haala kanaan adda basuunis quufsa hinta'u. sababni isaas afaanonni garaa garaa dubbattoota gamlachuun hubatamu danda'an jiraachuu isaanidha.

Rakkoon ulaagaa waliigaltee gamlamee immoo Afaanuma tokko ta'anii dubbattonni loogaan adda waan ta'aniif gamlamaanii wal hubachuu dadhabuudha.Fakkeenyaaf,looga afaan Oromoo yoo ilaalle dubbataan naannoo shawaa ykn wallaggaa tokko looga booranaa(Gujii) hedduu isaa hubachuu dhabuu nidanda'u.

Waliigalteen gamlamee gama dubbattoota lamaan walqixa ta'uu dhiisuu nidanda'a. Kanas kan jedhamu danda'u gareen tokko garee kanbiraa caalaatti hubachuu nidanda'a jedhameeti. Fakkeenyaaf, biyya keenya keessatti ummanni Oromoo Hanga ummanni Amaaraa Afaan Oromoo hubachuu danda'u caalaatti baay'inaan Afaan Amaara hubachuu nidanda'a. Uummata Tigireefi Amaaraa walbira qabnee yoo ilaaluuf yaalle garuu akka walii galaatti ummata Amaaraa caalaatu Afaan Oromoo hubachuu danda'a kunis kanta'uu danda'ee carraa Afaanicha shaakaluuf argachuun waldarbuufi walitti dhiyeenya teessuma lafaatiin kan ka'e waliin jiraachuudhan kan argamedha.

Gama biraatiinis gam lamaan wal hubaachuun (mutual Intelligibility)iin kan argamuu danda'u carraa dhaggeeffattoonni afaan biroof qaban (Listeners degree of exposure to the other language), sadarkaa barumsaa (degree of education)fi baruuf fedhii qabaachuu (their willingness to understand)iin isaan ijoodha.

Akka qorannoon Afrikaa keessatti geggeeffame tokko mul'isuutti yoo sabni 'A' tokko afaan saba biro 'B' baruuf gaaffi dhiyeessu, sabni 'B'n immoo afaan saba 'A' baruu akka hinbarbaanne mul'isa. Kunis kan ta'uu dandaa'eef sabni 'A' garee bal'aafi umna qabu waan ta'eef, gareen

(sabni Bn)immoo faalla isaa waan ta'eef garee 'A' kanaan liqimfamuu jibuudhaan mormii dhiyeessa jechuudha.

1.8. Afaan,Loogaa fi loqoda (haala dubbii)

Afaan qaama xiinqooqa qofaa isaa dhaabbatu miti. Haalawwan xiinqooqaa (Linguistic features) garagaraa ofkeessa kan qabudha. Fakkeenyaaf, afaanota addunya keessa,Afaan Noor wayii, Swidini, Daan fi Jarman walumatti afaan tokkodha jedhamu. Sababni isaas sababoota siyaasaa, teessuma lafaa, seenaa, hawaasummaafi aadaadha. Kanas, (software) Dialetology:4) irratti akka kaawwametti,

“ A ‘Language’ is not a particularly linguistic notion at all. Linguistic features obviously come into it, but it is clear that we consider Norwegian, Swedish, Danish, and German to be single languages for reasons that are as much political, geographical, historical, sociological and cultural as linguistic. It is of course relevant that all three scandinavian languages have distinct, codified, standardized forms with their own or the graphic, grammar books, and Literature: that they correspond to three separate nation states: and that their speakers consider that they speak different languages.”

Afaanota olii keessa sadii afaanota adda addaa, waaltawoo, mallattoo barreeffamaa, kitaabilee seerlugaafi ogbarruu kan isaanii kan qabanidha. Haala afaanota oliirra kan hubatamu afaanonni kunneen afaan tokko ta'anii osoo jiranii sababoota garaagaraatiin akka afaanota adda addaatti dubbattoota isaaniitiin hubatamaa jiru.

Kanaaf jecha afaan jedhu kanaaf hiikni kennamuuf tooftaadhan malee hiika tokko citee kaawwameef sababoota garaa garaatiin kan ka'e kennuun rakkisaadha jechuudha. Akkasumas, afaan jechoota garaagaraa yaadota waamamani of keessatti kan hammatudha. Afaan tokko Afaan jedhame kan beekamu isaaniin of keessatti qabateeti. Isaan keessaas fakkeenyaaf looga (Dialect) fi loqoda haala dubbii(accent) of keessaa qaba. Loqoda (haala dubbii) yoo jedhamu gosa afaanii keessti garagarummaa sagaleefi dham jechaa (phonetical and phonologically) afaan tokkoo fi kan biro jiddutti mul'atudha. Looga jechuun immoo garaagarummaa afaanii afaan keessatti karaa seerluga keessatti jechaan(hiikaan) akkasuma) dhamjechaan uumamudha.

Yaada hoogaafi loqoda(haala dubbii) olitti ilaalle kana gara haala afaan Oromoon walbira qabnee yoo ilaalle, Loogafi loqoda jechuun garaagarummaa afaanicha keessatti sababoota teessuma lafaan, hawaasummaafi aadaan garaagarummaan sadarkaa sagalee, jechaa, seerlugaa fi himaatti hiikamu jechuu nidandeenya. Kanaan kan jedhamu barbaadame looga jechuun garaagarummaa afaanii afaanicha kam irrattiyyu mul'atu jechuudha. Gama biraatiin immoo loqoda (haala dubbii) kana immoo haala kanaan dura barreeffama hayyoota afaanii tokko tokko keessatti mul'atuutti loogaan akkuma tokko ta'aniitti jira. Garuu, akka saayinsiin afaanii jedhutti gadi fageenyaan ilaaluuf yoo yaalame, Loqodni(haalli dubbiin) kan 'pronunciation' ykn sagalleessuu jedhamuufi oliifi gadi ba'insaafi bu'insa sagalee dubbattoota \dubbataa afaan tokko ykn garaagaraa keessatti argaman jechuun nidanda'ama. Kanarra akkuma hubatamu daanda'amutti loqodaa fi loogni adda addummaas tokkummaas niqabaatu. Lamaan isaaniyyu afaan tokko keessattis afaan garaagaraa keessattis niargamu. Amala afaan kamuu keessatti nimul'atu. Garaa garummaa isaanii jechuun kan danda'amu sadarkaa caasaa afaanii ittin mul'ataniif baay'ina dubbataa hammataniin ta'uu nidanda'a. Innis loqodni sadarkaa sagaleessuu (pronunciation) ta'ee olkaasuufi gadi buusuu sagaleen kan mul'atu dubbataa dhuunfaan ykn gareen mul'achuu kan danda'udha. Loogni garuu sadarkaa sagaleessuudha kaasee-himaatti kan hammattu ta'e yeroo kamuu garee dubbattoota hawaasaan kan mul'atudha.

Fkn sagaleessuu: sagalee olkaasuu gadi buusuu

: Qal'isuu, furdisuu, wacuu, asaassuu

: dheeressuufi gabaabsuu dubbataa dhuunfaa afaan naannoo, saalaa fi umurii kamuu keessatti garaa garummaa mul'achuu danda'udha. Loognii garaagarummaa gama kamiinuu afaan tokko ykn garaagaraa keessatti mul'atu kan namoota dhuunfaa, garee oliifi sanaa olii keessattillee mul'achuu danda'udha.

Fkn. Afaan: Afaan Oromoo, Amaaraa, sidaamaafi Gede'o.

Looga: Afaan Oromoo keessatti maccaa, tuulamaa, Ituu, fi kkf.

Loqoda: Haala dubbii nama dhuunfaafi gareewwaan afaan kamiyyu.

Kanarraas ka'uudhaan Loogni(Dialect) fi loqodni(accent) yeroo baayyee osoo walirra hincitiin kan waliin jiraataniifi uumamanidha jechuun nidanda'ama.

1.9. Afaan Pijiniifi Kiriyooolii (Pidgins & Creols)

Afaanoota addunyaa kanarratti beekaman keessaa kanneen bal'inaan hin beekamneefi yeroo muraasa tutuqamaniifi lammiwwan xixiqqaa addunyaa ittin waliigalan Afaan Pijiniifi kiriyooolii jedhamu. Afaanonni kun akkuma afaanota addunyaa kanbiroo durii calqabanii durii calqabanii kanjiran yoo ta'ellee waa'een isaanii bal'inaan kan beekame miti. Akka afaan guutuu tokkotti kan beekaman miti. Kan isaan qoratamu calqabanis yeroo dhihoo keessadha. Kanaafis sababni isaa akka afaan bu'aa hinqabneefi saba xiqqaatti waan fudhatamaniifidha. Kana malees, akka afaanota biruu haala xiinqooqaan qoratamuuf mija'ina ta'e akka hinqabaanneetti fudhatama turan. Fakkeenyaaf, ibsituu (articles), walhormaata seerlugaa(grammatical inflection) hinqaban.

Hayyuun 'Hymas (1971:3) wardhaagh 1986:55' keessatti afaanonni kunneen qorattoota xiinqooqaan kan hirranfatamanii turan ta'uu yommuu ibsu haala gadiitiin kaa'eera.

'- - - Before 1930s pidgins and creoles were largely ignored by linguists, who regards them as marginal languages as best. (Some Linguists were even advised to keep away from studying them. lest they jeopardize their careers!) Hymas points out that pidgins creols are marginal, in the circumstances of their origin, and in the attitudes towards them on the part of those who speak one of the languages from which they drive. They are also marginal interms of knowledge about them even though these languages are of central importance to our understanding of language , central too in the lives of some millions of people. Because of their origins , however , their association with poorer and darker members of a society, and through perpetuation of misleading stereotypes ... more interest , even where posetives has considered them merely curiosities. He adds that much interest and information , scholarly as well as public , has been prejedical. **Theor progons** have been explained , not by historical and social forces , but by inherent ignorance and inferiority. “

Yaada hayyuu olii kanarraa waanti hubatamu danda'us, baroota 1930 dura afaan pijiniifi kiriyooolii hayyoota xiinqooqaan kan dagatame ykn qoa'achuun akka hinbarbaachisnetti ilaalamu kan ture ta'uu isaati. Afaanonni kanneen kan dagataman ilaalcha dubbattoonni isaanii ofiifi afaanota isaaniif qaban irraa kan maddedha. Afaanonni kanneen amma fedhe namoota miliyoonaan lakkaawwaman waliif kan galchu yoo ta'eyyu sanyii yookiin seenduubee isaaniitti

waan hingammanneef ilaalcha gaarii hinqabaniif ture jedha. Haayyoonnis kanumarraan kan ka'e qorachuuf fedhii hinqaban ture.

Haata'u malee baroota dhihoo keessa ilaalchonni olii kun jijjiiramanii xiyyeeffannoon kennameefii hayyoonni xiinqooqa afaanota kana qorachuuf fedhii uummataniiru. Akkuma afaanota guutuu kan biroo dirree xiinqooqa hawaasummaa (Socio Linguistics) jalatti qoratamuu eegalani. Erga qorannoon isaanii eegalee asitti dubbattoonni afaanota kanaas afaanichi afaan badaa (tuffatamaa) akka hintaane hubachaafi itti fayyadamoo ta'aa dhufani. Kana malees, afaanonni kunneen akkuma afaanota biroo seenaa, caasaa bu'aafi carraa beekamtii argachuu kan qaban ta'uun isaaniis beekamaafi dabalaa dhufe. (War. 1992)

Afaan pijiniifi kiriyoolii kan uumaman fedhii namoonni afaan garaa garaa dubbatan tooftaa ittiin walii galtee uumuuf jedhameen kan ka'eenidha. Tooftaan akkanaa kun immoo 'Lingu firanca' jedhama. Maxxansi dhimma barnoota afaanii irratti Paaris kessatti bara 1953 'UNESCO'oon maxxanfame (War.1992 50) irratti akka jedhutti , " Linguaa Firaankaa jechuun afaan dubbattoonni hedduun ittin walii galuuf amaleeffatan afaan dhaloota isaanii garaa gara ta'anidha " jedha.

('Samarin' 1968:661, War 1992 ; 56) keessatti afaanonni kun afur kan ta'anti jiru jedha. Isaanis-

- a. Afaan daldalaa (fakkeenyaaf Afaan hawusaa Lixa Afirikaafi Swahilii Baha Afirika keessatti)
- b. Afaan walqunnamtii (a contact language) Fkn. Kooyine, Giriik baradurii (Greece koine in ancient world)
- c. Afaan adduynaa (Afaan Ingilizii addunyaa guutuu keessatti) ta'ee innis akka afaan calqabaa, lammaffaafi alaatti addunyaa irratti kan baratamudha.
- d. Afaan bu'aa addaa (auxiliary language) Afaan ingilizii bu'uraa (basic English for special purpose) ykn '(experanoor basic English) ta'uu danda'u.

Akka hayyuun afaanii War1986.: 50 irratti ibsametti; Afaan pijinii jechuun afaan dubbataa dhalataa hinqabne yookiin afaan walii galtee garuu afaan tokkoffaa dubbataa kamiille(dubbattoota isaa kamiillee) kan hintaane jechuudha. Afaan pijinii kun bu'aa afheddummaan babal'ate keessatti namoonni afaan garaa garaa irraa dhufan afaan ittin waliif galuu danda'an filachuun yookiin qopheeffachuun ittin walii galuu jechuudha. Yeroo tokko

tokko gosa afaanii afaan guutuu ta'e tokko irratti jijjiirama salphaa uumuudhaan namoonni fedhii addaa qaban haala ittin walii galuu danda'aniin qophaa'a jechuudha. Afaan kun yommuu qophaa'utti jijjiiramni salphaan seerluga, jechootaafi dhamjechoota garaa garaa irratti nitaasifamu. Akkasumas jedchoonni nannoo (local words) garaa garaa itti nidabalamu. (Holm 1988 : 4-5) Wardhaugh 1986 : 60 keessatti akka wabeeffamuun jedhetti jecha afaan pijinii yommuu hiiku:- “ A reduced language that results from extended contact between groups of people with no language incommon ; it evolves when they need some means of verbal communication , perhaps for trade , but no group learns the native language of any other group for social reason that may include lack of trust or of close contact. “ Yaada olii kana hubadchiisuuf afaan salphatee (reduced) ta'ee kan walqunnamtii (waliigaltee) namoota afaan garaagaraa qabaniin uumamu, kan isaan waliigalteef barbaadani mijeeffatan keessumaa dhimma daldalaatiif ta'ee eenyullee afaan dhaloota isaa kamillee kan hinbaranneefi barsiifamudha. Kunis kan hintaaneef walii galtee keessatti caalaatti wal amanuufi caalaatti walitti siqeenyaafidha.

Adeemsa afaan Pijinii (walmakaa) kan qopheessuuf yoo xiqqaate afaanonni sadii keessatti hirmaachuu qabu. Sadan keessa tokko kan baay'inaan huwwisu (dominant) ta'a. Kana ta'uu yoo baate afaanota lama qofa yoo ta'e wal'aansoon ol'aantummaaf taasifamu ifaafi cimaa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf , akka afaanonni addunyaa gurguddoon lama afaan Ingiliziifi Faransaayii naannoo baroota 1966 A. L.A keessa turan jedhama. Haala kanaan afaan tokko isa tokko yoo huwwise ykn caalee argame hawaasa isa caalamee keessatti yeroo dheeraaf ilaalchi gad aantummaa (Socially inferiority) uumuu nidanda'a.

Garuu yoo afaanonni kunneen sadiifi sanaa ol ta'an dubbattoonni afaan lamaafi sanaa ol ta'an ol'aantummaa afaan tokko jala waan galaniif gadaantummaan kan tokko qofa waan hintaaneef hawaasni hawaasichaas walii galtee uumuu kan qabu isa ol'aantummaa qabus hinqabneenis waan ta'uuf gidduu saaniitti qabsoon ol'aantummaafi gadaantummaan cimaan hinmul'atu. Walmormuu caalaa tooftaa ittin salphaatti waliif galuu danda'an uuma adeemu. Walii galtee kanas uumuudhaaf haala ittin afaan ol'aantummaa qabu tokko sana salphisani ittin waliif galuu danda'an irratti waliif galu. Tooftaan kunis afaan ol'aantummaa qabu tokko gama adda addaatiin salphisani (Simplification) akka dubbattoonni afaanotaa garaa garaa sun ittin waliif galuu danda'anitti qopheessuu jechuudha. Adeemsa kana hubachuuf afaan ingilizii akka addunyaatti walii galamuufi akka biyya keenyaatti Afaan amaaharaafi akka naannoo Oromiyaatti Afaan

Oromoo dubbattoonni afaanichaa naannoo garaagaraafi afaanota garaa garaa ittin waliif galuuf qophaa’anii barsiifaman fudhachuun ilaaluun nidanda’ama. Afaanota kanneen keessatti afaan salphatee qophaa’u kun afaan waaltawaa afaanota ol’aantummaa qaban sanaan walitti dhufeenyi inni qabu cimaa miti. Garaagarummaan jiraachuu nidanda’a jechuudha.

Faallaa pijiniitiin afaan kiriyoollii immoo hiikamuu kan danda’u, afaan pijinii afaan dubbattoota dhalootaa haaraa jechuudha. Inni akka (Warddhaugh, 1986 : 59) keessatti hiiketti , “ In contrast to a pidgin, a creole often defined as a pidgin that has become the first language in almost every sense. A creole has a native speakers “ yaada kanarraa kan hubatamu afaan kiriyoollii jechuun afaanuma pijinii afaan dhalootaa yookiin afaan calqabaa dhaloota haaraa dubbattoota afaan pidjini jedha. Afaan kun akkuma afaan dhaloota kamiyyuu miira hunda ibsuutiin guutu kan ta’eefi dubbattoota dhalootaa (calqabaa) kan qabudha jedha. Haala kanaan kan afaan pijinii irraa adda isa taasisu wantoonni gurguddoon lamatu jiru jechuudha. Isaanis , afaan calqabaa ta’ee dubbattoota dhalootaa qabaachuu isaafi akkuma afaan kamiyyuu miira (yaada) dubbattoota isaa ibsuu danda’uu isaati. Akkuma dubbattoota afaan pijinii warri kan kiriyoollis afaan isaan dubbatan sun afaan waaltawaa kan biroo naannoo (biyyaa) isaanii keessa waliin walqixa akka hintaanetti (gadiitti) ilaaluun nijira. Gama kanaan dubbattoonni afaan lamaanuu walfakkaatu jechuudha. Fakkeenyaaf , dubbattoota kiriyoollii miliyoona 10-17 keessa miliyoonni kan ta’an afaan isaaniitiif ilaalchi qaban kan gad aantummaati. Afaan isaanii afaan waaltawoo afaanota Faransaayyifi Ingiliziin walbira qabanii ilaaluun afaan isaanii akka kan gadii ta’eetti fudhatu.

Akka dhugaa jiruutti garuu adeemsa qabatamaa afaan pijiniifi kiriyoollii yoo ilaalle karaalee bu’aa qabeessa ta’an hedduudhaan walfakkeessu ykn garaagarummaa bal’aa qabu.

1.10. Gosoota Loogaalee Afaan Oromoo

Seensa

Afaan Oromoo afaan kush baha naannawaa gammoojjii kan dubbattoota calqabaa (native speakers) yookiin dhalootaa miliyoonotaan lakkaawwaman biyya Itoophiyaafi biyyoota ollaa kanneen akka Keeniyaa fi Somaliyaa keessatti qabudha. Yeroo garaagaraatti yaaliin afaanicha looga (dialects) Yookiin sanyii (genetic) garaagaraatti qooduu haala sagaleefi hiiks jechootaa irratti hundaa’uun taasifamaa tureera.

Afaan Oromoo afaanota gurguddoo Itoophiyaa, Afrikaa biyyoota kanneen akka keeniyaafi Somaliyaa keessatti dubbataman keessaa isa tokkodha. Akka lakkoofsa uummata biyya Itoophiyaa bara 2007tti biyyatti keessatti Oromoon afaansaa akka afaansaa calqabaatti dubbatu dhibbantaa %33 uummata biyyatti akka ta'e ifa ta'eera. Qorannoolee kan turaniifi kan yeroo dhihoo baayyeenis qoqqoodinsa loogaalee garaagaraa kaa'aniiru. Isaan keessaas Beender, Mulugeetaafi Stiinsan kan jedhaman daangaa teessuma lafaa (geographical location) irratti hundaa'uun loogaalee Oromoo Maccaa, Tuulamaa, Walloo, Raayyaa, Arsii, Gujjiifi Booranaa jechuun qoodanii kaa'u. Qoqqoodinsi isaanii kun ammo loogaalee Oromoo kanneen Itoophiyaan alatti keessattu Keeniyaa keessatti Garba, Ajuuraa, Orma, Munyo, Garreefi Waata kan hammate miti. Hayyuun biraa Lioret (Lioret) jedhamu immoo bal'isee qooduun Loogaalee Oromoo Bahaafi Lixaa jechuun kaa'eera. (Fedha Nagaasaa 2015)

Kana malees, barreessitoonni kanbiroon kan biroon immoo loogaalee afaanichaa garee garaagaraan qoodanii kaa'anii jiru. Isaan keessaas Waaqoo namni jedhamu loogaalee Oromoo gareewwan gurguddoo shan biyya keessatti qoodee ibseera. Isaanis, Baha (Harariifi Baalee), Kaaba (Raayyaafi Walloo), Kibba (Arsii, Gujjiifi Booranaa), Giddu galeessa (Karayyuu, Salaalee), Maccaa (Jimmaa, wallaggaafi Iluu abbaa Booraa) ta'u. Akkasumas Kabbadaa hayyuun jedhamu gareewwan gurguddoo afur (four major clusters)tti qoodeera. Isaanis, Kaaba Lixaa (Tulema, Mecha, Baha (Harar Arsii, Baalee, Walloo,Raayyaa) , Gidduu galeessa (Arsii, Ziwayi,), Gujii, Booranaa, Minyoo, Orma)fi Kibba (Waata jechuunn kaa'a. Kana malees, ammas Kabbadaa waggaa sagal booda ammo Walloo, Raayyaa, Tuulama, Macha, Arsii, Haragee, Gujii, Booranaa, Kibba Itoophiyaa keessaafi Kaaba Keeniyaa keessatti ammo Keenyan, Orma, Gabra, Munyofi Waataa jechuun yeroo lammaffaaf qoodee kaa'eera.

Gama qoqqoodinsa sanyiitiin (genetic)tiinis Kabbadaaamti akka kaa'etti ragaalee sagalee, dhamjechaafi jechootarratti hundaa'uun loogalee Oromoo gareewwan sanyii kudhanirratti qoodee kaa'ee jira. Isaanis, Lixa, Bhaha, Giddu galeessa, Kibba Baha Kaabaa, Waata, Kaaba Baha Lixaa, Kaaba, Walloofi Raayyaa ta'u. Akka ibsa isaatti kurnan kunneen keessa afuran isaanii loogaalee yeroo ammaaf bakka gadhiisuudhaan badanii jiru. Isaanis: Lixa, Baha, Giddu galeessa, Kibba Baha Kaabaa, Waata, Kaaba Baha Lixaa, Kaaba, Walloofi Raayyaa fa'i. Akka ibsa isaatti kurnaan kanneen keessa afuran isaanii loogaalee yeroo ammaaf bakka gadhiisuun badanii jiru. Isaanis lixa kan turan yeroo kana Maccaafi Tuulamaan dubbatamu, giddu galeessa

kan turan Arsii, Gujji, Booranaafi Orma keeniyaaf, Ormaan Kibba Keeniyaa Waataafi Kanneen lixa turan immoo baddaa Arsii hanga Jijjigaan dubbatamaa jiru. Dhumarratti Walloofi Raayyaan loogaalee sanyii tokkoo ta'anii garuu yeroo ammaa Afaanota Amaaraafi Tigireen naanna'anii huwwifamuun soda baduu danda'u jedhu (risk of endangerment) keessa jiru jedhamee yaadamaa jira. (Fedhaa Naggasaa: 2015)

Akka wiiliyaam (2005: 220), irratti ibsetti afaan tokko keessatti adda addaammaan gama adda addaatiin afaan tokko keessatti nimul'ata. Adda addummaan kunis saalaan, umriin, sadarkaa barnootaatiin, bakkaan, yeroon, bu'ura godhatee mul'achuu danda'a. Adda addummaan afaan tokka keessatti gama adda addaatiin mul'atu kunis looga (dialect) jedhama. Kanaaf loogni adda addummaa afaan tokko keessatti gama caasaa himaatiin, gama caasaa jechaatiin, gama sagaleetiin, akkasumas gama hiika jechootaatiin mul'atu ta'a.

Afaan tokko keessatti adda addummaan bakka dubbattoon keessa jiraatan bu'ureefatee mul'achuu danda'a. adda addummaan ykn loogni naannoo hawaasni afaan tokko dubbatu bu'ureeffate looga naannoo (regional dialect) JEDHAMA. Kana malees hawaasumma naannoo walfakkaatu fi afaan tokko dubbatu jiddutti adda addummaan mul'achuun isaa waan hin oolle. Kana jechuun gawaasuma tokko keessatti caasaaleen hawaasaa adda addaa itti fayyadama afaanii irratti adda addummaa kan agarsiisan ta'a. fknf namoonni ogummaa adda addaa irratti boba'an, namoonni barataniif isaa hinbaratin, namoonni saalaan adda adda ta'an, akkasumas daa'maniif ga'eesitni afaan itti fayyadaman adda addummaa agarsiisa. Adda addummaan hawaasa keessatti gama kanaan mul'atu immoo looga Hawaasaa (sociolect) jedhama.

Akka walii galaatti ka'usi Loogaa adda addummaa bakkaatiif jijjiramummaa afaanii yoo ta'an, sababooni kun afaan kamiyyuu keessatti kan argamaniidha.

Qoodiinsa loogota afaan oromoo ilaalchisee hanga yeroo ammaatti qo'annoo irratti waliigalameef sadarkaa biirootti (Officially) kan raga'e hinjiru. Haa tahu malee sadarkaa dhuunffaatti qo'attonni tokko tokko loogota Afaan orommo bakka adda addaatti qoodanii jiru. Qo'annoowwan kun hundi kan bu'ureeffatan qoodiinsa naannoo irratti. Kanaaf gama looga hawaasaatiin qo'annoowwan waltti fufiinsaa afaan kanaratti gaggeessuun barbaachisaa akka tahe hayyoonni heddu irratti waliigalu. Qoodiinsa loogota afaan oromoo namoota yaada

dhiheessan keessaa Beendariifi Muluugeetaan (1976 : 1-2) loogota Afaan Oromoo naannoo loogotaa SADEETITTI QOODU. Isaanis

1. Macca
2. Tuulama
3. Arsii 4. Gujii
4. Booranaa
5. Walloo
6. Raayyaa fi
7. Harar.

Qoodiinsi inni lammaffaan immoo Gragg (1982 : 12-13) kan qoodame yoo tahu akka qoodiinsa kanaatti afaan oromoo Toophiyaa keessatti dubbatamu noonnoo loogotaa Afurti qoodama. Isaanis:

1. Looga dhihaa (Wallaggaa, Jimmaa, Iluu'baaboor)
2. Looga Jiddu galeessaa(Shawaa),
3. Looga Bahaa(Harargee) fi
4. Looga kibbaa (Arsii Baalee, Gujii fi Boorana)

qoodiinsa kana keessatti Walloofi Raayya keesaa hafanii jiru.

Afaan Oromoo Keeniyaa keessatti dubbatamu immoo hayyuun Heine (1981:15) naannoo loogotaa 2tti akka qoodmu ibsee jira. Isaanis:

1ffaa Afaan Oromoo jiddu galeessatiif

2ffaa Afaan Oromoo xaanaa akka tahan addeessa.

Hojjiin inni biraa qoodiinsa loogota Afaan oromoo irratti hojjatame, LIORET (1994: 6) yoo tahu akka hojii kanaatti Afaan oromoo Looga Dhihaatiif Looga Bahaatti qoodama. Akka qoodiinsa kannatti looga dhihaa keessatti Raayyaa, Baatee, Maccaafi Tuulamni kan argaman yoo tahu, looga bahaa keessatti immoo Harar, Arsii, Booranaa, Gabraa, Ormaafi Waattaan ramadanii jiru.

Gama biraatiin Kabadaa (2005) loogonni Afaan Oromoo shan akka tahan yaada dhiheessa. Akka yaada isaatti afaan oromoo naannoo loogotaa

- 1) GABRAA, ORMAA, ARSII, BOORANAA(KEENIYAAF TOOPHIYAA KEESSATTI KANDUBBATAMU)
- 2) TUULAMAAFI MACCA
- 3) RAAYYA
- 4) HARARGEE FI
- 5) BAATEE akka qoodamu ibsa,

Bantii (2008) immoo afaan oromoo Toophiyaa keessatti dubbatamu naannoo loogotaa 6tti qoodee jira. Isaanis

1. Afaan oromoo kaabaa (Baateefi RRaayya)
2. Afaan Oromoo Dhihaa (Macca),
3. Afaan Oromoo Baddaa Shawaa(Tuulama)
4. Afaan Oromoo Bahaa (Harargee)
5. Afaan Oromoo Jiddu galeessaa(Arsii Gujii) fi
6. Afaan Oromoo Kibbaa(Boorona)

Jechoonni filataman kunniin ergaa barbaadamee akka dabarsan haala caasaa afaanichaa haayyamuun qindeessuun barbaachisaadha. Haata'u malee, akkaata caasaan afaanichaa haayyamu hordofanii qindeessuu qofti gahaa hinta'u. Kanaafuu, jechoota ergaa barbaadame sana dabarsuu, baadhachuu, hammachuufi bakka bu'uuf ga'uumsa qaban filachuun murteessadha.

Yaada sammuu keenya keessatti uumame jechoota filatamootti gargaaramnee dubbisaa ykn dhaggeeffataa biraan gahuu yoo baanne qunnamtii (communication)uumuun gonkumaa hindanda'amu. Rakkoo kanaafi kkf.... salphisuudhaaf ammoo beekumsi jechootaa barbaachisaadha. Beekumsa jechootaa yommuu jedhamu ammoo jechoota hedduu kophaa kophaattii beeku qofa osoo hintaane, maalummaa, amalaafi faayidaa jechootaa adda baafachuu, qindoominasaanii hubachuufi kkf ilaallata. Kanaafuu, jechoonni furtuu bu'uura ergaan ittiin darbu jechuun nidanda'ma.

Furtuwwan bu'uuraa kanneen caalaaatti yoo itti dhiyaannu, beekaa akka deemnuufi sirnaan akka itti fayyadamnu amalootasaanii hubachuun barbaachisaadha.

1.11. Looga [Dialect] (ali)

Namoonni afaan tokkoo dubbatan sababa addaan fageenya naannoo jireenyaarraa kan ka'e guyyuu walqunnamuu hindanda'ani. Kanaafuu, jechoonni naannoo tokkkotti itti gargaaraman naannoo biraatti beekkamuu dhabuu, hiika biraa qabaachuufi ergaa qaani dabarsuu danda'u. Jechoonni akkanaa naannoo murtaawaa qofatti waan gargaaraniifi uwwisa tajaajilaa dhiphaa waan qabaniif namoota 28ay'ee waliigalchuufi sabqunnamtiif oolurratti of eeggannoo barbaadu.

Fkf.

| Lakk. | Looga | Hiika |
|--------------|--------------|--------------|
| 1 | qachaa | ganda |
| 2 | dila | Baay'ee |
| 3 | siggaa | qorra |
| 4 | manshee | albee |
| 5 | qucee | gateettii |
| 6 | lacanaa | laafaa |
| 7 | ceeggoo | tuffii |

1.11.1. Jechoota Araadotaafi Garee [Slang]

Jechoonni araadotaatti kanneen fayyadaman 29ay'inaan dargaggoota magaalaa, hattoota, woyyaalota, daandiirra bultootaafi kkf. Gareen hawaasaa kunniin jechoota kanniinitti kan fayyadamaniif icciitii eeggachuuf, hammayyaafi abshaala fakkaachuudhaafi.

Fknf.

| Lakk. | Jecha Araadaa | Hiika |
|-------|---------------|--|
| 1 | neepaa | Qarshii dhabuu |
| 2 | sheebaa | Jaarsa |
| 3 | jalasee | Hiriyyaa |
| 4 | deech | Qarshii abbaa kudhan |
| 5 | fonqaa | Jaalala cimaa |
| 6 | chiik | Hiriyyaa dubaraa |
| 7 | qaaxiraa | Mirqaananii hirriba malee buluu |
| 8 | kassatuu | Sa'aa jaalalleewwan lamaan itti waliin bashannanan |
| 9 | xabbasuu | Dubara argachuu |

1.11.2. Jechoota Ogummaa [Jargon] Technical Terms

Namni hundi akaakuu ogummaa gosa tokko qofatti hinbobba'u. Hundinuu akkaataa fedhii, dandeettii, sadarkaa barnootaafi, muuxannoo qabuutiin ogummaa addaddaatti bobba'a. Ogummaan itti bobba'an jechoota ogummaa sanaan walqabatanitti akka fayyadaman kan taasisu yommuu ta'u, jechoonni kunniin namoota ogummaa biraa irrattii bobba'aniin hinbeekkamu ta'a.

Fknf

- a) Kolloo → Meeshaa ogeessa Shammaanee
- b) Istaaffee → Meeshaa ogeessa human ibsaa
- c) Woraantoo → Jecha ogeessa seeraa
- d) Shiimiyaasii → Meeshaa konkolaataa

1.11.3. Jechoota Ceeraa/Safuu [Taboo]

Jechoota oolmaa guyyuutiif namoonni itti hingargaaramne keessaa tokko jechoota ceeraati. Jechoonni ceeraa bakka tajaajila adda babayyiitiif hin oolan. Aadaan, amantiin, barsiifanni hawaasaa jechoota akkanaatti akka gargaaraman hinhayyamu. Jechoonni kunniin maqaa qaamota saalaafi raawwiin namootaa, bineensotaafi bineeldotaatiin walqabatan hammata.

Haata'u malee, jechoonni naannoo tokkotti qaanii ta'an naannoo birootti ammoo rakkoo tokko malee tajaajila guyyuutiif ooluu danda'u.

Fkf.

| Lakk. | Jecha | Hiika tajaajilamuutti | Naannoo | Hiika Ceeraatti | Naannoo |
|-------|---------|-----------------------------------|---------|-------------------------|---------|
| 1 | Xeerii | Marrimaan qallaa | | Qaama saalaa dhalaa | |
| 2 | Qaranaa | Qara ykn biilaa garbuu | | Qaama saalaa (Clitoris) | |
| 3 | geeba | waancaa | | Qaama saalaa harree | |
| 4 | tusee | Biqiltoo xixinnoo, maqaa namaa | | Qaama saalaa | |

1.12. Looga Naannoo(Regional Dialects/Geographical Dialects)

Garaagarummaan afaanii naannoon mul'atu caalmaatti karaallee dubbii afaaniitiinidha. Haaluma afaan tokko naannoo bal'aa irratti dubbatamuufi naannoolee sanatti waggoota dheeraaf kandubbatame yoota'e garaagarummaan afaanii (loogaa) mul'achuun dirqamadha. Kanarra kan hubatamu afaan tokko naannoo bal'aa garaagaraatti dubbatamuufi kan yeroo dheeraaf ture ta'uun isaa garaagarummaan looga akka uumamu taasisa jechaadha.

Garaa garummaan loogaalee kanaas kan mul'atan caasaatee afaanichaa garaagaraa keessattidha. Isaanis; sagaleessuu(pronunciation), filannoofi unkalee jechootaan (choices and forms of words), fi hima(syntax)keessatti ta'u. Afaanuma tokkoon dubbatamaa naannoodha naannootti

akkuma deemteen afaan garaa garaa argatta jechaadha. Garaagarummaan loogaa(afaanii) haala kanaan argaman immoo looga naannoo afaanii jedhama jechuudha.

Hayyonni afaanii jecha looga jedhu kan garaagarummaa afaanii naannoon uumamu kana gargaaramuu kan jalqaban naannoo jaarraa 20ffaa akka addunyaatti jedhama.Afaan tokko keessatti loogni adda addaa jiraachuu nidanda’u. Kanaaf, loogaaleen kunneen akkamitti gosaan ykn teessuma lafaan adda baasuun akka danda’amu nijira. Looga teessumaa jechuun faca’insa looga afaan tokkoo ta’anii kan walfakkaatan teessumaan (kaartaan) mul’isu danda’u jechuudha. Fakkeenyaaf, haala kanaan hayyuuleen teessuma lafaa (geographers) haala kanaaf deebii (haala) miyeessuuf yaalaniiru. Kanas, Afaan Ingilizii kessatti loogaalee argaman haala teessumaan qooduuf yaalaniiru. Yeroo tokko tokko daangaan isaan ittin loogaalee afaan tokko kessa jiran teessumaan addaan baasuuf gargaaraman daangessituu (Isoglosses) jedhamuun beekamu. Bakki nuti ittin loogaalee afaan tokkoo teessumaan daangaa taasifnee itti fudhannu daangaa loogaa (a dialect boundary) jedhamuun beekama. Haata’u malee, hayyootaaf haala kanaan looga afaan tokko keessa jiran isa tokko isa biroorraa teessumaan addaan baasuun daangeessuun salphaamatti kan rawwatamu miti. Sababni isaas ,loogaafi haala dubbii (accent) addaan baasuun ulfaata waan ta’eefidha. Innis kan beekamu qabu haalli dubbii looguma naannoo tokko keessatti adda adda ta’ee argamuu nidanda’a.

Haala oliitiin akka addunyaatti afaan Ingilizii yoo fudhanne loogaaleen isaa afaan Ingilizii Amarikaa,Austraaliyaa, Biriiteeyiin fi kanbiroo jechuun nidand--- (Kan Hafe barraa’u qaba)

Isaan kuneen loogaalee garaagaraa Afaan tokkoo ta’aanii isaan hunda keessatti immoo haala dubbi adda addaa arganna jechuudha.

Haala kan afaan Ingilizii olii gara afaan oromooti fidne yooilaalle loogaalee afaan Oromoo naannoo (teessuma lafaan) yoo ilaalle looga kibba lixa oromiyaa, giddu galafi Baha Oromiyaa jennee qooduu nidandeenya. Kallattiiwwan kun sadan Godinaalee Oromiyaa mara kan qabatan ta’ee tokkon tokkon isaanii haalawwan dubbii (sagaleessuu) ykn ‘accent’ kan jennu of keessa qabu jechuudha.’’ Fakkenyaaf,wallaggaa kibba lixaakeessa yoo fudhanne haalli dubbii Naannoo Baha fi Lixaa garaagarummaa sagaleessu niqabaata.Baha keessa kan Arsiifi Harar ilaalun ni danda’ama.’’

1.13. Looga Hawaasaa (Social Dialects)

Yaadrimeen looga jedhamu akkuma teessuma lafaan (naannoon) ibsamu danda'etti garaagarummaa dubbii garee (kutaa) hawaasaanis ibsamuu nidanda'a. Kanas hayyuun 'Wardhaugh 1986:46) yoo ibsu,

'' The Dialect can also be used to describe differences in speech associated with various social groups or classes. An immediate problem is that of defining social group or social class, of giving the proper weight to the various factors that can be used to determine social-position. Factors such as occupation, place of residence, education, 'new' versus 'old', money, income, racial or ethnic origin, cultural back ground, religion and so on. Such factors as these do appear to be related fairly directly to how people speak.''

Yaada hayyuu olii kanarraa kan hubatamu qabu, gareewwan ykn kutaalee hawaasa naannoo kamuu keessatti garaagarummaan loogaa akkuma kan naannoo kan argamu ta'uu isaati. Waanti rakkoo ta'u malu kutannoo garee hawaasaa kan jennu ta'ee isaanis; hojiidhaan (ogummaan), bakka jireenyaan, sadarkaa barumsaan, haaraa ykn moofaa ta'uun, qarshiin, galii, gosaafi sabaan, aadaan, amantiifi kanbiroon ta'uu isaaniiti. Isaan kaneen keessa loogaaleen bal'inaan mul'atan kan kutaalee hawaasaa, amantiifi sabaan ta'anii akkuma loogni naannoo teessuma lafaarratti hundaa'u kan hawaasummaa kunis gareewwan hawaasaafi kutaalee sadan olii irratti kan hundaa'u dha.

Gochaa-3

1, Maalummaafi garaagarummaa looga naannoofi looga hawaasummaa ibsii barreessi,

2, Garaa garummaan loogaalee naannoo haalota akkam akkamiitiin mul'atu ?

3, Daangaan hayyuuleen xiinqooqa hawaasummaa (Afaanii) loogaalee naannoo ittin adda qooduu danda'an maal jedhama?

4, Fakkeenya loogaalee naannoo Afaan Oromoo kessatti mul'atan tarreess

5, Loogaalee kutaalee hawaasaa kan jedhaman fakkeenya waliin tarreessi

1.14. Afaaniifi garee hawaasaa (Language and Social Class)

Xiinloogni hawaasumma ga'ee isaa ba'uudhaaf afaanota eddattoowwan garee hawaasaa adda addaa bakka bu'an qo'achuudha. Haala kanaan kutaalee hawaasaa keessatti gareewwan adda addaa keessaa dhiiraafi dhalaa , dargaggeessa ga'eessa irraa addaan baasuun salphaa yommuu ta'u hawaas dinagdee (Socio-economic) gareewwan kanneen afaaniin addan baasuun beekuun garuu hanga tokko rakkisaadha. Kun yeroo baayyee akka hayyoonni xiinqooqa hawaasummaa (Socio linguistics) gargaaramanitti kan danda'amu kanneen akka hojii (occupation) , sadarkaa barnootaa , galii(incomes), manaafi mana jireenyaa, haala jireenya isaanii (life styles) , isaanuma gaafachuun kan beekamu ta'uu isaati. Kanaan booda safartuuwwan hawaasummaa (Sociological Scales) afuran yookiin shanan keessaa tokko keessatti ramaduun kaa'uun nidanda'ama. (Warner 1960 , Hollings head 1958 , Hojirup 1983, Milory and Milory 1992). Haala kanaan fakkeenyaaf gareewwan hawaas dinagdee kaa'uudhaaf hojjetoota olii (upper working class) jennee haala deebii isaan kennaniin ramaduun kaa'uu nidandeenya. Yeroo baayyee haala kanaan sadarkaa kennuudhaaf sadarkaa hojii isaaniitiif bakka guddaati kennamaaf. Akkasuman yeroo tokko tokko galiinis hanga tokko ni ilaalama. Sabani galiin garee hawaasa sadarkaalee oliin kaa'uuf bakka guddaa hinqabaanneefis yeroo baayyee galiin namni tokko argatuuf saadarkaan hawaasummaa (social Status) isaa kallattin walitti dhufeenya (Corrolation) dhabuu waan danda'aniifidha.

Garaagarummaan looga hawaasummaa olii kunneen kan ibsaman (qualitative) caalaatti kan lakkaawwaman (quantitatively) mul'atanidha. Haaluma kanaan garaagarummaan sadarkaa haala hawaasummaa isaanis haala gabateen (giraph) sadarkaa isaanii mul'isuun ta'a. Garaagarummaa loogaa hawaasummaa maal akka ta'e " Labove ,1972, 1979 'niin nieera. Garaagarummaan kunneen sadarkaa sagaleessuufi jechaan kan mul'atan ta'uu nimalu. Haala kana keessattis sadarkeessuun (stratification) fihaalessuun (stylistic) iin addaan baasuun waliin kan mul'ataniifi yeroo hunda lamaan isaaniyyu hawaas dinagdee gareewwamii kan dabalataniifi mul'isanidha. Kana malees , dhaloottarraa dhaloottatti darbaa deemuudhaan akka looga naannoo naannootti (gareewwan) sanaa ittin adda baasuufis nigargaara.

Haalli olii kun Afaan Oromoo keessatti bal'inaan kan mul'atan keessaa fakkeenyaaf tokko ykn lama fudhannee ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenyaaf , jecha poolisii jedhu yoo fudhanne namoonni baratan poolisii jechuun sagaleessu danda'u. namoonni hinbaratiin yookiin baadiyyaa

jiraatan immoo “ boolisii “ jechuu nidanda’u. Haala sagaleessuu isaanii kanarraa ka’uun garee hawaasa kamitti qooduu (ramaduu) akka qabnu hubachuun nama hinrakkisu. Akkasumas , sadarkaafi naannoo jireenya isaanii tilmaamuun nidanda’ama jechuudha.

Armaan olitti garaa garummaa hawaasummaa kutaalee hawaasaa irratti xiyyeeffachuun mul’atatan ilaalleerra. Isaanis walitti dhufeenya cimaa ta’e akka qaban qo’annoon xiinqooqa hawaasummaa hedduun isaa nimul’isa. Haala kanaan haalonni garaagaummaa olii kana sirritti mul’isan gurguddoon afuran garaagarummaa sabummaa (ethnicity variation) , umurii , saala ykn koorniyaa (sex or gender) fi, walitti dhufeenya hawaasummaa (Social network) jedhamu.

1.14.1. Sabummaa (ethnicity)

Gareen gosa yookiin dubbataan tokko keessa dhufe afaan inni gargaaramu irratti dhiibbaa bu’aa qabeessa ta’e qaba. Haala kanaaf, qorannoo hayyoonni adduunyaa xiinqooqaa hawaasummaa walitti dhufeenya afaanota Afaan Ingilizii Afariikaanotaa Amariikaafi Afaan Ingilizii warra Awurooppaa Amariikaanotaa gidduu jiru taasisanidha. Qorannoon sunis akka koorsii seensa xiinqooqa hawaasummaa gargaaruun beekameera.(Holmes 1992 , Wardhaugh 1992). Qorannoo kana keessatti waa’een afaaniifi sabummaa qabxii marii isa ijoodha. Fakkeenyaaf, dubbattoonni meeksikoo biyya Amariikaa sagalee qooqa dhabeessa ta’e ‘s’ sagalee qooqa qabeessa ta’e ‘ Z ‘ caalmaatti yommuu gargaaraman mul’atu. Jecha “soo”, “Zoo” jechoota kanniin keessa “Zoo” jechuu caalaa “soo” jechuun gargaaramu. Kunis kan ta’uu maliif yoo jedhame dhiibbaa afaan biraa (alaa) fi maatiin afaan isaanii dhiisuun kan biraa gargaaramuun uumamuu ta’uu kan danda’udha. Kana malees, garaa garummaan akkanaa kun sababoota uumamu danda’aniif niqabu. Isaanis, qoqqoodinsa sanyii (Segregation) godaansafi eenyummaa ibsachuuf ta’uu nimalu.

1.14.2. Age (Umurii)

Garaagarummaan afaanii umuriin uumamu namni tokko umuriin dabalun, jijjiiramuufi guddina mul’isuu nidanda’a. Daballi umurii (age grading) keessatti haalonni mul’atan walitti dhufeenyi kallattii isaan qaban sadarkaa guddinaa yookiin hawaasummaa, kanneen akka jechoota gaalee jecha lama qabanii daa’ima baatii 18 yookiin waggaa lamaa jechoota akka maammii, daad,fi faazeeriifi kkf. ta’uu nidanda’u. Haata’u malee , haalonni afaanonni umurii guddinaa garaa garaa keessatti itti tajaajilan uumamumaan umurii murtaa’e irratti ofuma isaanii nidhiisu. Jijjiiramni

afaanii umuriin namoota irratti dhufu akka safuu hawaasa sanaattis nifudhatama. Garaagarummaan umurii kun waa'ee jijjiirama qo'achuufis nigargaara. Garuu yeroo tokko tokko umuriidhaan ta'uufi guddinaan ta'uu isaa addan baasuun rakkisaa ta'a.

1.15. .Adda addummaa Korniyaafi Haala Itti fayyadama Afaanii

1.15.1. Afaaniifi Korniyaa (Language and Gender)

Barnootni kutaa kanaa hariiroo afaaniifi koorniyaa irratti xiyyeeffata. Kunis, haala itti hawaasni tokko akkaataa dubbii dhiirotaafi dubartootaa itti murteessuufi dhiibbaa walitti dhufeenya isaanii irratti qabu sihubachiisa.

Xumura mata duree kanaa irratti :

- Hariiroo hawaasaa, korniyaafi afaanii nihubatta;
- Haala hawaasni itti walitti dhufeenya afaaniifi koorniyaa uumu niqalbeeffatta;
- Garaagarummaa akkaataa dubbii dubartootaafi dhiiraa addaan baafatta.

Shaakala Duraa

Itti fayyadamni afaanii dhiirotaafi dubartootaa garaagarummaa qaba jettee amantaa ? Adda addummaa qaba yoo jette akkamitti ?

Dubartoonniifi dubbiin isaanii ulaagaa dhiirotaan safaraman waan akka hanqina qabuufi dogonggora taasifamee ilaalamaa tureera. Haala kanaan bifoote afaan dubartoota jedhamanii yaadaman dhiirota warra sadarkaa gadii aanaa qabaniin yeroo faayidaa irra oolan argamu. Kanaaf afaan dubartootaa afaan afaan humna dhabeessa (Language of powerlessness) jechuun nidanda'ama. Walitti dhufeenya dhiira waliin qaban keessatti bakka gadi aanaa waan isaaniif

kennameef, akkaataa dubbii dhiiraa irraa adda ta'eefi gad oof qabuu isaanii calaqqisiisu fayyadamu. Afaanoni kanneen akka Afaan Ingilizii kan dhiirotaan kalaqame (man made language) fi ammallee to'annoo dhiirotaa jala jiran jiru. Haala kana keessatti dubartoonni afaan gad aantummaa isaanii calaqqisiisu akka dubbatan nidirqisiifamu. Kanaaf, bilisummaan dubartootaa bilisummaa afaaniis nibarbaada. Gaaffiin afaaniifi koorniyaa, gaaffilee bu'uraa lamaaf deebii kennuu qaba. Dubartoonni akkamitti dubbatu kan jedhuufi waa'ee dubartootaa maaltu dubbatama ? kan jedhudha.

Kutaan amma ilaala jirru kun kan xiyyeeffatu waliitti dhufeenya afaaniifi koorniyaa malee saala miti. Sababni isaas haala itti ilmoon namaa dhiraafi dhalaa jedhamanii bakka lamatti (aadaafi hawaasa irratti bu'ureeffatamee) qoodaman xiinxaluun kaayyoo barnoota kutaa kanaati. Murteessitoonni baayoolojii (biological detemants) inni garaagarummaa saalaa uuman xiyyeeffanna keenya miti. Garaagarummaan saalaafi koorniyaa jidduu jiru dhiibbaa dhaloota (uumamaa)fi naannoo (environment) irra dhufu addaan baafachuuf nugargaara.

Waluma galatti, koorniyaan ilaalcha hawaasni dhiiraafi dhalaaf qabu dha. Fakkeenyaaf qoqqoodinsa hojii keessattii dubartoonni mana keessatti daangessuun ilaalcha hawaasa waliin kan wal qabateedha. Haala kanaatiin afaanota adda addaa keessatti fakkeenyaaf afaan Ingilizii keessatti jechoonni hojii dubartootaa mul'isan kan jechoota dhiiraa bu'ureeffatanidha. Fakkeenyaaf, “ manageress “ jechi jedhu jecha “ manager “ jedhurraa kan dhufedha.

1.16. Afaan Nam-uumee (Man-made Language)

Wantoota ilmaan namootaa addunyaa ofii isaanii itti ijaaruuf itti fayyadaman keessa tokko afaanidha. Deebii isaa immoo, afaan mataan isaa nam-tolcheedha. Haata'u malee, namoonni dubartootaaf falman (feminists) afaan ilaalcha isaanii akka bakka bu'uuf itti fufee akka jiraatu gochuufi afaan faayidaa dhiirotaaf jecha dhiirotaan uumame jedhu. Kanaaf, addunyaa kana keessatti dubartoonni akka hir'uufi dadhabaatti ibsamu jedhu.

Jechoonni dubartoonni ittin ibsaman hiika faallaa (negative) ta'e ofkeessatti qabu. Loogni aadaa afaan tokko tokkoo keessaa nimul'ata. Fakkeenyaaf, walitti dhufeenya dhiiraafi dubartii (man versu human) keessatti dhiira akka dubartii ibsuun namni sun dadhabaa jedhamaa jibbamaa akka ta'e dubartii akka dhiiraatti immoo akka jabinaafi ciminaatti ilaalama. Jechootni walitti hidhaman kanneen akka “ haadhaa “ fi “ abbaa “ hiika adda addaa qabu. Yoo “haadhummaan”

kunuunsuu waliin walqabatu “abbummaan” immoo ga’ee baayolajii abbaan mucaa akka dhalatu godhe waliin walqabate jira. Hadhummaan ilmaan ofiin alatti kanneen biroof ta’uu yoo danda’u abbummaan hiika akkasii hinqabu.

Aadaa adda addaa keessaa hubannoon adda addaa jiraatanillee aadaa hedduu keessatti hiikti jechoota dhiiraafi dhalaa haala wal fakkaatu keessa jiran itti ibsaman fakkeenyaaf jechoota Afaan Ingilizii keessa muraasa yoo ilaalle (lord/lady, sir/madam, master/mistress, king/queen) ergaa isaan dabarsan adda addadha. Sababni isaa ammoo jechoonni “man”fi “woman” bakka walqixa ta’e waan hinqabneef jechoonni jecha “woman” jedhutti hidhaman gad aantummaa calaqqisiisu.

Karaa kambiraatiinis yeroo baayyee guuboo jechootaa kan qopheessaniifi hiika jechootaa kan kennan dhiirota waan ta’aniif jechoota gaggaarii (positive) ta’an dhiiraaf kanneen gaarii hintaane (negative) ta’an ammoo dubartiif ramadu. Darbee darbee yarummaa dhiiraa kan agarsiisan yoo jiraatan illee baayinni jechootaa haala walfakkaatu ibsan kan dubartootaa kan dhiiraa caalaa heddumatu. Ilaalcha addunyaa gadfagoo ta’e kan nama hundumaa (dubartootas dabalatee) akka dhiiraatti ibsuu afaanota hedduu keessatti mul’ata. Kana jechuunis, dubartoonnis ibsa akkasii keessatti akka dhiiraatti ibsamu. Moggaasni maqaalee hawaasa keessatti fakkeenyaaf, “Obboo” (sir) “Aadde”(madan) jedhan, walduraa duubaan jalqaba dhiira itti aanee dhalaa kaa’aman kun bakka dhiirifi dhalaa hawaasa keessatti qaban olaanaafi gadi aanaa ta’uu isaa mul’isa.

Biyyoota hedduu keessatti daa’imni tokko maqaa abbaatiin malee kan haadhaatiin hinbeekamtu. Dubartoonnis ta’an dhiironni maqaa maqaa abbaa isaanii dhaalu. Kana malees, biyyoota tokko tokkotti dubartiin heerumte maqaa abbaa manaa isheetiin waamamti. Kun ammo yeroo dhiirri maqaa dhaabbataa akka qabaatu yommuu taasisu dubartiin hamma heerumtuutti maqaa abbaatiin erga heerumtee booda ammoo abba manaatiin akka waamamtu taasisa. Haata’u malee, maqaam qaama bu’uraa eenyummaa keenyaati.

Dhiiraafi dubartiin yeroo wal waaman (afaanota hedduu keessatti) jechoota wal-caalmaa bakka isaanii mul’isuun fayyadamu. Afaanota hedduu keessatti jechi maqdhaal “ana” ykn “I” jedhu dhiiraafi dhalaa gargar ta’uu qofa osoo hinta’iin, hiika isaan qabaniifi ergaa isaan dabarsan gadaantummaa dubartootaafi ol’aantummaa kan calaqqisiisudha. Karaa biraatiinis, dubartoonni

biyyoota hedduu keessatti maqaa ofii isaaniitiin osoo hinta'iin 'intala' abaluu yookiin 'haadha manaa ' abaluu jedhamuun ibsamu.

Wantoonni nama hintaane yookiin saala dhugaa hinqabaanne afaan adda addaa keessatti akka dhiiraa yookiin dhalaatti waamamu. Yookiin immoo jecha saala hinmul'isneen ibsamu. Fakkeenyaaf, konkolaataan afaan Faransaayii fi Ingilizii keessatti akka dhalaatti Afaan Jarmanii keessatti ammo akka dhiiraatti ibsama. Afaan Ingilizii keessatti bakka jechoonni korniyaa agarsiisan jiranittillee kan dhiiraa sun dhalaas yeroo bakka bu'u niargama. Fakkeenyaaf, 'dog'/'bitch' fi 'man' fi 'woman' ilaaluun nidand'ama. As keessatti, 'dog' fi 'man' yeroo 'bitch' fi 'woman' waliin walbira qabamanii ilaalaman dhiira yeroo qofaa dhiyaatan immoo lamaanuu bakka bu'u. Jechoonni kanneen akka 'mankind' , 'manpower' fi 'man-made' fakkeenya gaarii ta'uu danda'u. Himoonni bu'ura kanratti ijaaraman dogongora yeroo ta'anis nimul'atu. Fakkeenyaaf, 'man, being is a mammal, breast feeds his young' kan jedhu dogonggora yaadaa uumama namaa waliin walfaallessu qaba.

Kitaabolee nama ibsuuf akka walii galaatti 'inni' (he) jedhamanii barreeffaman keessatti dubartoonni nidagatamu. Yaalii namoonni kitaaba akkasii dubbisanii booda waan dubbisan sana fakkiin akka ibsan gaafataman keessatti dhiira qofa kaasanii dhiyeessaniiru. Firiin akkasii kun caasaan afaanii adeemsa yaadaa irratti dhiibbaa qaba. Dubartoonni itti fayyadama afaanii gara cinaatti dhiibamanii /dagatamaniiru yookiin akka namaatti hinlakkaa'amne yookiin akka dhiiraatti ilaalamaniiru. Kunis dhiibbaa xiinsammuu (psychological cost) dubartootarra geessiseera. Yaada namootaa keessatti waaqayyoon dhiira taasisuunis nijira. Fakkeenyaaf, himni waaqayyo nama (man) akka bifa isaatti uume jedhu keessatti Waaqayyo dhiira akka ta'eefi ta'eefi jalqabarrattis dhiira akka uume ni ibsa. Yeroo dheeraafis qo'annoon addaa hubachuuf taasifamu keessatti xiyyeeffannaan dhiiraaf qofa kennamaa tureera. Sababni kanaas, aadaan kalaqa dhiirotaa ta'uu nimul'isa.

1.17. Afaan, Loogaafi Jireenya Hawaasummaa

Afaaniifi hawaasa jidduu walitti dhufeenya garaagaraatu jiru. Inni tokkoffaafi calqabaa caasaan hawaasichaa (socio structure), haala yookiin caasaa afaanichaa (linguistic structure or behavior) murteessuu isaati. Yaada kana dhugoomsuuf yaadonni deeggarsa taasisanis nijiru. Isaanis, raawwilee umurii irratti hundaa'an (age grading phenomenon) ta'anidha. Kanneenis ijoolleen, dargaggoon xixiqqoon, dargaggoota gurguddoorraafi namoota gurguddoo (adults) irraa afaaniifi raawwii addaa kan gargaaraman ta'ee : haalli kunis yookiin garaagarummaan afaanii dubbattoonni gargaaraman kun akka qo'annooleen mul'isanitti wantoota hedduu ibsu. Isaan keessaas; naannoo isaanii, hawaasa keessaa dhufan, gosa (saba) keessaa burqaniifi saala isaanii ta'u. Akkasumas, akka qo'annooleen biroo mul'isanitti haalli ittiin dubbii dubbattoota tokko seeraafi heera ittin walii galtee hawaasa isaaniitiin kan murtaa'u ta'uu isaati.

Walitti dhufeenyi hawaasaafi afaanii inni lammaffaan kallattiidaan isa tokkoffaa olii irraa adda kan ta'edha. Innis walitti dhufeenya caasaan xiinqooqaafi amalli isaa yommuu caasaa hawaasichaa murteessan yookiin dhiibbaa irrann ga'an jechuudha. Kunis yaada hayyoota mormii (ilaalcha) afaan dubbattoota isaa caalaan miidhagaadha (sexist) dha jedhaniiti.

Walitti dhufeenyi isaanii inni sadaffaan immoo, gamlachaniinuu dhiibbaan jiraachuu (bidirectional influence) wal irratti qabaachuu isaaniiti. Yaada kanaaf, fakkeenya tokko ta'uu kan danda'u tokko dhiibbaa isaan karaa loogaan (dialectical)dhaan wal irratti qaban ta'uus nidanda'a. Hayyuun (Dirmar 1976 : 238) irratti akka ibsetti, “ Specch behavior and social behavior are in a state of constant interationn that material living conditions are an important factot in the relation .” Yaada kanaarraa, kan hubatamus haalli dubbiiifi amalli (haalli) hawaasummaa haala walitti dhufeenya walfakkaataa qabuufi walitti dhufeenyi sanyummaa ((maternal) isaan qaban waliit dhufeenya isaan qabaniif baayyee bu'aa qabeessa ta'uu isaati.

Haaluma oliitiinis walitti dhufeeni afaaniifi hawaasaa karaa garaa garaa akka ta'e beekuu qabna. Kanaafis, Xiinqooqa hawaasummaa keessatti kan qo'annoo walitti dhufeenyaa (correlational studies) taasisuun baayyee baayyee barbaachisaa akka ta'edha. Akka hayyuun 'Gumperz' hayyuun jedhamu jedhetti xiinqooqa hawaasummaa jechuun walitti dhufeenya caasaa hawaasaafi xiinqooqafi jijjiirama isaan keessatti mul'atu ilaaluudha. Caasaan hawaasummaa safaramuu kan danda'u haalota akka kutaa hawaasichaafi sadarkaa barumsa isaa kunis tilmaamuun kan

danda'amu haala dubbii (verbal behaviour)fi raawwii (performance) inni haalota keessatti qabu walitti fiduun ta'a.

Haata'u malee , akka ' Gamperz 'fi kanneen biroo mul'isanitti qo'annoon walitti dhufeenya kanneen kun qo'annoo xiinqooqaa hawaasummaan taasifamuu kan dadhabsiisan yookiinis kan yeroo hunda akkuma namoonni yaadanitti kan mirkaneessus miti. Haala kanarraas kan jedhamuun danda'amu kan akka haqaatti beekamu walitti dhufeenyi 'relation ship (correlation) " kun kan mul'isu walitti dhufeenya wantoonni lamaan qaban qofaadha malee isaa walii gala miti. Yaada kanas akka isaan jedhanitti ilaaluuf , " However , as Gamperz and others have been quick to indicate, such correlational studies do not exhaust socio linguistic investigation , nor do they always prove to be as inlightning as one had hoped. It is a well known fact that a correlation shows only a relation ship between two variables ; it does not show ultimate causation " jedha.

Yaaduma olii kana mul'isuufis hayyoonni kunneen kan jedhan 'X' fi 'Y'n walitti dhufeenya akka qaban beekuuf (argachuuf) dirqamatti 'X'n'Y' uuma yookiin 'Y'n 'X' uuma kan jedhu argachuun (discover) gochuun dirqama miti jechuudha. Sababni isaas haalli biraa qaama sadaffaa ta'e 'Z'n , 'X' ykn 'Y' uumuuf sirriitti sababa ta'uus waan danda'uufidha. Akkasumas kan ta'uu danda'ulle sababoonni garaagaraa waliin hirmaachuu nidanda'u. (R.wardhaugh 1996: 11) Dimshaasumatti walitti dhufeenyi afaaniifi hawaasaa nuti hubannu sababa (csuaal) dhaabbataa waliif ta'uu dhiisuu nidanda'u jechuudha.

Walitti dhufeenyi isaanii inni afuraffaan caasaa afaaniitiin. Caasaan hawaasaa walitti dhufeenya oomaa hinqaban kamaan isaaniiyyu kan ofdanda'anidha kan jedhudha. Haata'u, malee, walitti dhufeenyi muraasni jiru jehamee osoo yaadameellee walitti dhufeenyi jedhaman sun cimina kan qaban miti. Kanaaf, fakkeenya hayyootni kaa'an garaagarummaa mitxiinqooqaa hawaasummaa xiinqooqaa biro kanneen akka xiinqooqa garaagaraa dhiyaannaawwan mit hawaasummaa garaagaraatiif isa dursaati kan jedhu fa'i.

Gochaa -- 4

Gaaffilee armaan gadii gareedhaan kan armaan olitti hubattan irratti hundaa'uun deebisaa.

1. Walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa olii keessatti kanneen tokkoffaafi lammaffaa irra jiran tokkummaafi garaagarummaa akkamii qabu jettanii yaaddu?

1. Walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa olii meeqa tarreessa.

2. Akka armaan oliitti qo'annoon xiinqooqa hawaasummaa waa'ee afaaniifi hawaasaa keessatti ga'ee attamii qaba ?

3. Hayyuun' Gamperz'fi kanbiroon walitti dhufeeny afaaniifi hawaasaa ilaalchisee yaada maal qabu? Ibsaa.

1.18. Afaaniifi Eenyummaa Saba tokkoo (Language and ethnic identity)

Hawaasni afheddummi keessa jiru keessatti afaan walii galteen kan ka'een walitti bu'insi maaliif uumama jettee yaadda? Deebii kanaaf ta'uu kan danda'u walii galteef wal hubachuu dhabuu osoo hinta'iin rakkoon isaa gaaffii mallattummaa afaanichi qabu irrattidha. Kana jechuun afaan dubbatamu tokko mallattoo eenyummaa waan ta'uuf kan eenyuu haata'uu irratti walii galuu diduun (walitti bu'insi) uumamuu danda'a jechaadha.

Mee haala gaaffii oliifi deebii kennamee kan mata duree kana jalatti bal'inaan kan ilaallu ta'a. Namni tokko kan ittin waan hunda caalaatti ittin addatti ba'ee beekamuu danda'u afaan isaa (isheetiin)dha. Sababni isaas afaan dhalootaan kan ittin namni tokko hawaasummaa keessatti garee hawaasichaa garaa garaa keessatti ittin hirmaatuufi ittin beekamu waan ta'eefidha. Kanaaf, afaan ati dubbattu tokko mallattoo isa gaariifi eenyummaankee sirritti ittiin beekamuufi mul'achuu danda'udha jechuudha. Akkasumas , afaan ati hawaasakee keessatti gargaaramtu garee hawaasa isa kam akka taates nimul'isa. Eenyummaan namtokkoo caalmaatti afaaniin haa mul'atu malee haalonni hawaasummaa biro ittin mul'atanis nijiru. Isaanis , nyaataa , uffannnaafi amantii ta'uu nidanda'u. Garuu afaan hunda isaanii caalaatti bakka ol'aanaa qaba. Sababni isaas , yaadni dhala namaa marti qindaa'ee ittin kan ibsamu waan ta'eefidha. Akkasumas walitti dhufeenyi hawaasummaas kan ittin ibsamu ta'uu isaatiinidha.

Yeroo tokko tokko hawaasa afhedduu ta'e keessatti afaan irratti walitti bu'insi yeroo uumamu nimul'ata. Kunis kan ta'uu danda'uuf afaan tokko walii galtee hawaasaaf kan filatamuu danda'u (kan ibsamu) danda'u haala raawwii siyaasaafi dinagdeen waan walqabatuufidha. Kana jechuun hawaasni afaan isaa akka afaan walii galtee naannoo , biyyaa ykn addunyaatti filatamee tokko akka kanneen biroo irraa haalota garaagaraan fooyya'oo ta'aniitti waan yaadamuufidha. Fakkeenyaaf, biyya keenya keessatti afaan tokko afaan walii galtee federaalaa , afaan daldalaafi barnootaa kan ta'e yoo ta'e hawaasni afaan sanaa hawaasa kanneen biroo caalaatti ilaalcha ol'aanaafi carraa hawaasummaa ykn akka biyyaatti aadaa, seenaafi afaan isaanillee kanneen biroo caalaatti guddifachuufi daddabarfachuu niargatu jechaadha. Kanarraan kan ka'es ga'een afaan gama eenyummaa sabaa agarsiisuutiin uumuun qabu kun walitti bu'insa uumamuufis sababa jedhamuu nidanda'a.

Hawaasni saba garaagaraa yeroo baayyee afaan isaanii eenyummaan isaanii sirritti kan mul'atu ta'uu isaa ibsu. Fakkeenyaaf. addunyaa kana irratti sabni Firiisii (Firisians) kan jedhaman kaaba biyya Naazaarlaandiitti kan argamanis haaluma kanaan afaan isaanii hubachaa dabalaanis maqaan saba isaanii ittin beekaman (ibsaman) akka taa'e ibsu. Hawaasni sabichaa baayyeenis afaan isaanii ibsuufi dabarsuudha jedhanii amanu. Kun isaan qofaaf osoo hinta'iin saba kamiifuu kan addunyaa kanarra jiraatan maraaf dhugummaa kan qabudha. Kanarraa adda ta'uu kan danda'u yoo sabni afaan tokko of wallaaleefi acuuccaa saba biraa jala kan jiru ta'e qofaadha.

Sabni tokko kan ofhinbeene yokiin to'annaa ol'aantummaa saba biraa jala kan jiru yoo ta'e afaan walii galteef qofa malee tajaajila kan biraa cimaa ta'e oomaa akka hinqabneetti barsiifamuu ykn hubachiifamuu nidanda'a. Haalli kunis kan barsiifamuuf akka sabni tokko tajaajila afaan isaa hinhubanne , gadi buusee ilaaluufi kanaanis sabichi eenyummaa isaa akka hinbarre taasisuuf kan taasifamudha.

Akkuma walii galaatti sabni addunyaa kanarra jiraatu eenyummaan isaa sirritti ibsamu danda'u yoo afaanichatti gargaaramee afaan isaa carraa kunuunsuu argateefi kan afaan isaatti boonu ta'e qofaadha. Haata'u malee, haalli kun yeroo tokko tokko biyyoota afheddummaan babala'tu keessatti hojiirra yommu oolutti rakkoolee xixiqqoo ta'an uumuu midanda'a. Isaan keessaas , fakkeenyaaf , afaan dubbattoota bal'aa qabu kan hintaane haala walqixa ta'een hojiirra oolchuuf to'annaa bulchiinsa biyyootaaf rakkisaa ta'uu isaafi jiraattonni naannoo garaagaraa jiraatan afaan biro qaban dirqamanii baruufi dhiisuu keessatti rakkoon isaan qunnamuu danda'uu ta'u. Waan hundaafuu rakkoolee gurguddoo kana cinaatti haalli afaan sabaafi sablammii biyya kamu keessa jiran kamiyyu kunuunfamuufi kabajamuu qabuufi dhiibbaan afaan tokkoon isa kan biraarra haala hingenyeen geggeessuun qulqullina bulchiinsa gaariifi sadarkaa guddina biyyootaan kan murtaa'u ta'uu danda'a malee hojiirra oolchuunn nidanda'ama jechuudha.

Gilgaala--5

Gaaffilee armaan gadii hubannaa armaan olitti argattan irratti hundaa'uun garee miseensa 3 ykn 4 qabuun mari'adhaati dareef dhiyeessa.

1. Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti yoo jedhamu maal jechuudha ?

2. Afheddummaa biyyootaafi eenyummaa saboota attamitti ibsita ? Waliin eegamuu nidanda'uu ?

3. Biyyi keenya gama afheddummaafi eenyummaa saboota eeguun fakkeenyummaa gaarii addunyaa keenya kanaaf ta'uu nidandeessi ? Yoo miti jette maaliif ?

4. Biyyoota afheddummaan babal'atutti afaan akka eenyummaa saboota maraa eeguutti walqixa kunuunsuun nidand'amaa ? Yoo eeyyee jette attamitti ?

5. Afheddummiifi haalli bulchiinsa biyya keenyaa gama eenyummaafi afaan sabootaa kunuunsuutiin ga'aadha jetta ? Yoo miti ta'e maaltuu attamitti fooyya'uu qaba jetta ?

1.19. Aflamee, afheddeefi afaanota makuufi ergifannaa afaanotaa

1.18.1 Aflamee (Bilingualism)

Aflammummaan dubbataan afaan ta'e tokkoo akkaataaleefi sadarkaalee afaanicha to'achuun (beekuun) horachuun dandeettiifi beekumsa barbaachisaa ta'e akkuma horatetti afaan lammaffaa keessattis haaluma walfakkaatuun gargaaramuu isaati jedhama. Salphaamatti afalamee jechuun nama beekumsa ga'aafi bu'aa qabeessa ta'ee afaan lammaffaatiin qabu jechuudha. Kana jechuun afaan lammaffaan isaatiin akkuma afaan tokkoffaa isaa waantota hedduu walii galtee adda addaaf gargaaramuu danda'uu isaati jechuunis nidanda'ama. Aflamee keessatti dandeetti namoota bakka lamatti qoodne ilaaluu nidandeenya. Isaanis afalamee afaan lammaffaa akkuma afaan isaa dhalootaatti akka barbaadetti gara afaan beekuutti hiiku danda'uufi kan aflame ta'anii garuu dandeettii ga'aa afaan lammaffaa hinqabne yoo qabaates walii galteef qofa kan ta'e namoota ta'an ta'uu nidanda'u. Fakkeenyaaf, sablammiwwan garaagaraa akka addunyaattis ta'e biyya keenyaatti aflame ta'anii garuu afaan lammaffaan dandeettii ga'aa hinqabne fudhachuu nidandeenya. Akka biyya keenyaatti sabni Oromoofi Sabaafi sablammoonni kibba Itoophiyaa Afaan Amaaraa akka afaan lammaffaatti kan beekan ta'anii garuu hedduun isaanii dandeettii ga'umsa hiqabne akka qaban haala qabatamaa biyya keenyaaarraa hubachuun nidanda'ama.

Aflammummaa keessatti yaadni ijooon hubatamuu qabu inni kan biroon haala ittin afaanonni lamaan jechuun afaan tokkoffaaniifi lamaffaan ittin barataman (acquired) itti ta'anidha. Afaan tokkoffaa jechuun afaan maatii (dhalootaa) akkasumas kan keessatti calqaba dhalanne ta'ee afaann lammaffaan immoo afaan alidileen baratame afaan lammaffaa ykn afaan biyya alaa kan bifa idileen yookiin alidileetiin baramu ta'a. Akka waliii galaatti namoota aflamee haalonni ittin ibsuu dandeenyu nijiru. Isaanis , dubbataa 'X'n afaan isaa dhalootaa Afaan Oromoo ta'ee Afaan Amaaraa immoo naannoodhaafi manabarumsaatti barateera. Dubbataa 'Y'n immoo Afaan

Oromoo dubbachaa Finfinnee keessatti guddate. Garuu kan inni barachaa guddateefi hanga umurii isaa 15 ta'uutti keessatti guddate Afaan Amaaraa ture. Dubbatoonni akka kanaa dubbattoota aflame jedhamuu nidanda'u jechuudha.

Gochaa-6

Gaaffilee armaan gadii dubbisa bal'aa(extensive Reading) taasisuun deebisi.

1. Aflamummaafi afheddummaan maaliin adda ba'u jettee yaadda ?

2. Makuufi ergifannoo afaanotaa jechuun maal akka ta'efi afaan waliin akkamiin akka walitti dhufan ibsi.

1.20.Afaaniifi Hawaasa /Language and Society/

Barata/ttu , mata duree kana jalatti qo'annoo faayidaa hawaasummaa afaanii irratti xiyyffachuun walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa ilaalla.

Dhuma kutaa kanaa irratti;-

- Walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa hubachuun hariiroo isaanii nidingisiifatta.
- Saayinsii qo'annoo hawaasaafi afaanii sirritti hubachuun dandeetti qo'annoo akkasii gaggeessuu si dandeessisu niqabaatta.
- Garaagarummaa loqodaafi luugaa ni baratta.
- Beekumsaafi dandeettii mataduree kana irraa argatteen Afaan Oromoo irratti qo'annoo adeemsiisuuf niqophoofta.

Shaakala Duraa

1. Hariiroon afaaniifi hawaasni qaban maal sitti fakkata?

2. Waa'ee saayinsii qo'annoo afaaniifi hawaasaa maal beekta ? Kana waan beektu hinqabdu yoo taate maal sitti fakkaata?

Hundeen gaaffii afaanii gaaffii walitti dhufeenya humnaa (power relationship)ti. Gabaabumatti, afaan dhimma hawaasummaati. Hubannoon afaanii yookiin luugaa bu'urarraa dhimma ijaarsa afaanii osoo hinta'iin hawaasummaadha. Seerri qoqqoodinsa afaanotaa gidduu jiru afaanummaa isaa akka tasaa/tti ergaa (arbitrary) yoo ta'u, aadummaafi siyaasummaa isaa garuu faayidaa qabeessa. Haalleen afaanii walitti dhufeenya hawaasummaa, siyaasaa, xiinsammuufi dhimmoota seenaa irraa malee garaa garummaa afaanummaa (linguistical) irraa miti. Adeemsi waaltina dhimmoota/wantoota hawaasummaafi seenaa (socio-cultural factors) kanneen akka barnoota bu'uraa, sabboonummaafi eenyummaa aadaafi sabaa waliin kan walitti hidhamedha. Daagaaginniifi waaltinni afaanii dhiibbaa sabummaafi akka mallatttoo tokkummaa siyaasatti tajaajila. Afaan waalta'e tokko dubbattoota afaanichaa kanneen afaanicha akka madda ka'umsa tokkummaa isaanitti ilaaluun garuu teessuma lafaan wal irraa fagaatanii jiraatan gidduutti miira tokkummaa uumuun tajaajila. Wantoonni siyaasaafi hawaasummaa bifoote afaanii keessaa tokko waaltinaaf filachuuf murteessoodha. Dhimma luugaas jalabatti yookiin uumamaan hawaasummaa irraa malee teessuma lafaa irraa kan madde miti.

1.20.1. Loqoda (accent)fi Looga (dialect)

Qo'attoonni afaanii (linguists) muraasni hiika loqodaa (accent)fi looga(dialect) adda baasu. Loqondi haala ittiin jechootni waamamanidha/sagaleeffaman/ (pronunciation)dha. Loogni tokko garuu loogaalee afaanicha keessatti dubbataman biroo irraa karaa ijaarsa sadarkaalee sadii : sagaleessuu (pronouciation), seerluga (grammar)fi jecha (vocabulary) adda ta'uu nidanda'u. Namoonni loqoda (accents) irratti yaada cimaa qabu. Kunis yeroo hundumaa yaada ofii isaanii osoo hinta'iin kanneen birootu loqoda jedhu qabu. Sirriitti yoo hubanne garuu, osoo loqodni jiraachuu baatee waa'ee garaagarummaa dubbachuu hindandeenyu ture. Sababa ga'aa tokko malee loqodni afaan tokkoo isaan biroo caalaa ulfina yeroo argatu nimul'ata. Ibsi akkasii kunis kanneen siyaasaafi hawaasummaa keessatti humna ol'aantummaa qabaniin kennama.

1.20.2. Bifoota Loogaa

Loogaaleen afaan tokko keessatti argaman kanneen naannummaa (regional dialects), hawaasummaa (social dialects), dhimma(register dialect)fi akkaataa (style dialects) jedhamuun qoodamuu akka danda'an qo'attoonni afaaniifi hawaasaa ni ibsu. Loogni naannummaa eessa akka dhufne fakkeenyaaf, Afaan Oeomoo loogaalee kudhan qaba hayyonna jedhan nijiru. Isaanis; 1ffaa Oromoo Dhihaa-Raayyaa,Walloo,Wallaggaa, 2ffaa Oromiyaa Bahaa Hararfi Arsii 3ffaa Oromiyaa kibbaa Boorana,Garba, Orma,Waata yommuu ta'an kanneen keessa ja'a Itoophiyaa keessa yommuu jiraatan kanneen hafan immoo Itoophiyaan ala Keeniyaa fi Sumaalee keessatti warra dubbatamanidha; loogni hawaasummaa; bakki (position), gita, hawaasummaa keessatti qabnu maal akka ta'e calaqqisiisuu.Yaad-rimeen 'register' jedhu addaatti kan irratti xiyyeeffatu afaan fayyadamtootaan osoo hinta'iin faayidaa isaanii ilaalcha keessa galchuun barbaachisaadha. Kana jechuun, loogni tokko isa biraarraa kaayyoo dhimma xiyyeeffannaa (subject-matter), qabiyyee, ergaafi walitti dhufeenya hirmaattotaa irratti bu'uureeffatee adda ta'a. Fakkeenyaaf, ogeessonna seeraa lama marii ogummaa isaanii keessatti 'register (hubannaa)' seeraa fayyadamu. Qo'attoonni yakkaa afaan addaa ogummaa isaanii dhimma ilaalaa jiran waliin walfakkaatu fayyadamu. Osoo jechoota “ Abbaa keenya isa araara qabeessaafi bantii waaqaa irra jiru fedha isaa akka raawwannuuf humna nuuf kenna” jedhu dubbisnee yookiin dhageenye dhimmichi waa'ee amantaa ta'uunsaa nuuf gala. Haaluma walfakkaatuun osoo jechoota “X”n waggoota dhufan sadiif xabataa ‘y’ bituuf

mallatteessisee/bitte” yoo dhaggeeffannu immoo dhimma (register) ispoortii ta’uun isaa nuuf gala.

Garaagarummaan jechootaa (vocabulary differences) dhimmoota (registers) adda addaa gargar baasuuf hundumaa caalaa faayidaa qaba. Garaagarummaan jechootaa immoo, jechootaa addaa/haaraa yookiin jechootuma beekamaniif hiika addaa kennuun fayyadamuu agarsiisa. Fakkeenyi dhimmoota (registers) inni biraan immoo namoonni gita/kutaa hawaasaa adda addaa keessa jiran jechootaa hiika tokko qaban garuu kanneen namootni sadarkaa ol’aanaa (high level), giddu-galeessa (middle-level)fi gad-aanaa (low-level) fayyadaman adda addaa qabu. Haalli kunis afaanota tokko tokko keessatti fakkeenyaaf, biyya Indoon Eesiyaa keessatti jechoonni sadarkaa irratti hundaa’uun addaan baafamanii nibeekamu. Dubbiin dhimmaa ‘register’ kanneen namoota ol’aanaa jiraniin fayyadaman kan warra gad’aanaa caalatti sirritti /bal’inaan beekama.

Yaadni ‘register’ waliini wal-qabatu ‘style’ (akkaataa yoo ta’u, akkaataa galma hawaasumaa (social context) walitti dhufeenya hirmaattotaa, saalaa, umurii, naannoo jireenyaa (environment)fi mata-duree(topic) irratti hundaa’uun idilee (formal) yookiin al-idilee (informal) ta’uu nidanda’a. Garaagarummaa akkaataa (stylistic differences) adda addummaa jechootaan, seerlugaan, sagaleessuu (pronunciation)nii, beekuun nidanda’a.

1.20.3. Garaagarummaa Akkaataa Dubbii Dubartootaafi Dhiirotaa

Mata duree kana jalatti haala (akkaataa) dubartoonni itti dubbatan hawaasichaan barsiifaman ilaalla.Dubartoonni dubbii irraa akka of qusatan yookiin akka callisan taasifamanii barsiifamu. Kamaaf, walitti dhufeenya haadha manaafi abbaa manaa mariifi walga’ii uummataa keessatti dhiironni qofaan yeroo dubbatan mul’ata. Akka dubbatanis yoo eeyyameef dhimmoota hawaasicha biratti waa’ee hinbaafne jedhaman kanneen akka kunuunsa daa’immaniifi qabannaa manaa irratti dubbatu. Dhiironni garuu dhimmoota ciccimoo kanneen akka siyaasaafi Ispoortii irratti dubbatu. Garaagarummaan kan jiru akkaataa dubbiiifi dhimmoota irratti dubbatan qofa osoo hinta’iin dhaggeeffatamuu irrattis adda addummaan nimul’ata. Maddi ilaalcha kanaa marartoo hawaasaa (social values) isa hojii dhiirri hojjetu akka kan dubartootaa irra caalu ilaaludha. Yaadni dogoggoraa (myth) dubaroonni dhiira caalaa akka baay’ee odeessan sirritti beekamaa ta’us, qo’annoon hedduun mata-duree hedduu irratti hirmaachuufi mirga bilisaan dubbachuu waan qabaniif dhiirri caalaa akka odeessu mirkaneessaniiru.

Haala dhiirriifi dhalaan afaanitti fayyadaman ergaa ofkeessa qaban irrattis garaagarummaan nimul'ata. Dubartoonni afaan kan itti fayyadaman walii galtee uumuufi eeguu kan calaqqisiisu yoo ta'us, ergaa wal dorgommii (Competition) of keessa hinqabu. Garaagarummaan dubartoota gidduu jirus humna (power) irratti kan hundaa'e miti. Dubartoonni bifa dubbii 'nuti' akkas goona' fi kana gochuu dandeenya ' fayyadamuun ergaa deeggarsaa gaafachuufi fedhii garee kan mul'isudha. Dhiironni garuu, garee ol'aantummaafi gadaantummaa qabu keessatti ijaaramu waan ta'eef bakkaaf (position) iif iddoo guddaa kennu. Yeroo dubbatanis ergaa ol'aantummaa, dhaggeeffatoota harkisuufi to'achuu yaada kennuurra (suggestion) ajaja dabarsuufi ulfina qaban mul'isuu irratti xiyyeeffatu.

Kutaa barnootaa keessatti, dhiironni baayyee dubbachuutiin xiyyeeffannaa barsiisaa ga'aa argatu. Manatti maatii keessattis, haaluma walfakkaatuun dubbii daa'imman dhiiraaf xiyyeeffannaa guddaatu kennama. Bakka lamaanittu keessumaayyu naannoo manaatti dubartoonni ija lafoo dhiirri immoo ija jabeeyyii akka ta'aniif jajjabeeffama. Dubbii isaanii keessattis, dubartoonni jechoota kabajaa (respect) filatanii akka dubbatan daa'imummaa isaanii irraa eegalanii barsiifamu. Dhiironni dubbii isaaniitiin walqoruu (challenge) jaallatu. Dubartoonni garuu waltumsuu irratti xiyyeeffatu malee ija jabeenya hindeggerani. Dubartoonni gareewwan isaanii keessatti mata duree tokko irratti sa'aa walakkaa ol mari'atu. Walitti dhufeenyi miiraa (feeling) isaanii walii qooduu irratti xiyyeeffatu malee miiraafi rakkoo dhuunfaa isaanii walitti hindubbatan.

Walqunnamtii dhiiraafi dubartii gidduutti taasifamu ilaalchisee walldhabdeen (miss-communication) itti baay'ata. Walqunnamtii namoota adda addaa gidduutti (Cross-cultural) gidduutti taasifamutti fakkeeffamuu nidanda'a. Amarikaa keessatti sababni wal hiikuu yookiin diigama bultiif inni guddaan tokko hanqina walqunnamtiiti. Haati manaa abbaa manaa ishee haala isheen ittiin oolte gaafachuu dhiisuu isaa komatti. Dubartoonni abbaa manaa isaanii akka hiriya mana barumsaatti dhoksa isaanii hundumaa itti himachuufi dhaggeeffatamuu barbaadu. Gama biraatiin, dhiironni marii gadi fagoo taasisuuf fedhii dhabuu irra darbee walqunnamtii keessatti ol'aantummaa gonfachuu barbaadu. Yeroo dhiirriifi dhalaan waliin dubbatan yeroo baay'ee dhiirri haasawaa dhalaa addaan kutuun akka dabaree ishee hinxumurre taasisa. Kanaaf, dubartoonni baay'ee dubbachuu irraa of qusatu. Kana jechuun , dhiirri mata duree marii irratti

ol'aantummaa qabaachuu nidanda'a. Dhiironni marii keessatti dubbataa ta'uu kan barbaadan yeroo ta'u , dubartoonni immoo dhaggeeffachuufi gatii kennu.

Xumura irrattis, qo'annoo haala fayyadama afaanii dhiiraafi dubartootaa waldorgomsiisuun baay'ee wal-xaxaadha. Sababni immoo, dhiibbaan koorniyaa aadaa tokko isa biraarraa adda waan ta'eef. Dabalataanis, koorniyaan haasa hawaasummaa dubbatoota biroo kanneen akka gita hawaasummaa (social class), umuriifi akkaataa galmaa (context) irratti hundaa'uun dhiibbaa adda addaa uuma. Afaan jibba saalaa (Sexism language) akka jiraatu kan taasisu rakkoo afaanii qofa osoo hinta'iin rakkoo hawaasummaa ta'uu isaati. Kanaaf, furmaanni kamiyyu jijjiirama afaaniifi hawaasaa waluma duuka barbaada.

Gocha_7

Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii jettee yaaddu kenni.

1. Warri dubartootaaf falman (Feminists) afaaniin akkamitti ibsu.

2. Naannookeetti dhiiraan akka dubartiitti yookiin akka dhiiraatti yommuu waaman maal ibsuufi.

3. Kallatti itti fayyadama afaaniitiin dhiibbaa hawaasni dubartoota irraan geessisu maalfa'i ?

Cuunfaa

Afaan ilmi namaa beekumsaafi miira akka ibsatu kan taasisuufi nama bineensota yookiin bineeldota irraa adda baasudha. Saayinsiin afaan hawaasaa qo'atu xiinqooqa hawaasummaa haalota garaagarummaa afaan tokko keessatti argamanii kan qo'atudha jedhamuu nidanda'a. Akkasumas, xiinqooqni saayinsii garaagarummaa afaan tokko keessatti mul'atu (loogni) kan ittiin qo'atamudha jechuunis nidanda'ama.

Tooftaaleen adda addummaa afaanii ittiin qo'atamuu danda'an mala dhahuu, sadarkaalee caasaa afaaniin gargaaramuun, mala afaan hubachuufi ibsuun garaagarummaa afaan tokkoo (loogaa) jiru gargaaramuun ta'u. Afaan Oromoo keessa adda addummaan loogaa sagalee, dhamjechaafi hiikaan ta'uu nidanda'u.

Afaaniifi loogaaf adda baasanii hiika laachuun walxaxaa akka ta'e hayyoonni ni ibsu. Haata'u malee, ulaagaaleen irratti hundaa'amuun adda baasuun danda'amu ni ibsamu. Isaanis, walhubachuu danda'uufi dhiisuu dubbaattootaa, aadaafi sadarkaa afaanichi siyaasa biyyicha keessatti qabu murteessoodha jedhu.

Afaan qaama xiinqooqaa haalawwan xiinqooqaa of keessa qabu malee qofaa isaa kan dhaabbatu miti.

Afaanonni pijiniifi kiriyoolii afaanota bal'inaan hinbeekanneefi lammiiwwan xixiqqaa addunyaa kanaa ittin walii galanidha. Loogaaleen Afaan Oromoo hayyoota garaagaraan bakka adda addaatti qoodamaniiru. Isaan keessaas fakkeenyaaf sanyiidhaan bakka shan, kudhan, saddeetitti, afurfi ja'atti qoodanii jiru.

Sababa addaan fageenya naannootiin afaan tokko keessatti hiikni loogaalee garaa garumma qabaachuu nidanda'a. Fakkeenyaaf jechoota garee(araadotaa), jechoota ogummaa, jechoota safuu, kan jedhaman afaanuma tokko keessatti naannoodha naannootti garaagarummaa hiika akka qaban qabatamaan naannoo jireenya keessaniitti kan argitanidha. Gama biraatiinis, loogaalee kutaa hawaasaa (social class dialects) kan jedhaman, hojiin(ogummaan), bakka jireenyaan, sadarkaa barumsaan, haaraa yookiin moofaa ta'uun, galiidhaan, gosaan, sabaan, aadaan, amantiinfi kan biroon garaagarummaan dubbii nijiraatu.

Garaagarummaan kutaalee hawaasaa kanneen haalonni akka mul'atan taasisan gurguddoon afuran sabummaa (ethnicity), Umurii(age), saalaafi walitti dhufeenya hawaasummaa jedhamu.

Akkasumas afaanonni nam-uumee kan ta'an kanneen akka afaanota dhiiraafi dhalaa(feminist and maleness) mul'isan nijiru. Isaan kunneen kan akka dhiiraafi dhalaa (manvs woman) mul'isan fakkeenyaaf jechoonni kanneen akka 'manager'fi 'manageress' yookiin 'abbaafi haadhaa' 'lord'fi 'lady', 'kingfi queen' kan ta'an jechoota gaarii (positive) ta'anii yookiin badaa (negative) ta'anii yeroo hubataman niqabu. Fakkeenyaaf, saala dhiiraan dhalaa waamuun yookiin kan dhalaan dhiira waamuun akka jechoota badaa (negative) ta'niitti hubatamuu nidanda'u.

Kanneen kana cinaattis bfoonni bifoorni looga afaan tokko keessatti argamuu danda'an kan naannummaa/namummaa(regional dialects), hawaasummaa (social dialects), dhimma (register dialects)fi akkaataa (style dialects) jedhamuun qoodamuu nidanda'u hayyoonni jedhanis nijiru. Haala kanaan Afaan Oromoo loogaalee kudhan akka qabuufi kanbiroonillee akka jiran kanneen eeran nijiru.

Boqonnaa Lama

2. Karoorraafi Imaamata Afaanii

Barata/ttu, mata duree kana jalatti yaadrimeen karoora afaaniifi Imaamata afaanii maal jechuu akka ta'e barachuu eegalta. Dabalataanis ga'ee karoorri afaaniifi Imaamatni afaanii afaan tokkoof qabaachuu danda'an hubachuus nidadeessa.

Xumura mataduree kanaatti :

- Yaadrimeewwan karoora afaaniifi Imaamata afaanii hubachuudhaan hiika mataakeeti itti laachuu dandeessa.
- Ga'ee karoorriifi Imaamatni afaan/afaanota biyya tokkoof qabu nihimta.
- Barbaachisummaan isaanis hangam akka ta'e nitilmaamta.

Shaakala Duraa

3. Barata / ttu mee muuxannooke irraa karoorriifi imaamatni afaanii maal akka ta'an yaadiitti bakka gaditti siif kenname irratti barreessi.

4. Karoorraafi imaamata afaanii keessaa kamtu isa kam caalaa bal'aadha jettee yaadda ?

Afaan kamiyyu adeemsa jijjiiramaa keessa jira. Jijjiiramni kunis gama caasaafi akkaataa itti fayyadama afaanii ilaallata. Namoonni afaan kaayyoo adda addaaf bifa adda addaan dhimma bahu keessatti filannoo taasisuuf karoorri afaanii akka fo'annaa mul'ataa filannoowwan hedduu keessaa fudhatamuutti ilaalama. Filannoon immoo karaan waanti tokko itti hojjetamuun danda'amu hedduu waan qabuuf kanneen keessaa fudhatamuutti ilaalama. Filannoon immoo

karaan wanti tokko itti hojjetamuun danda'amu hedduu waan qabuuuf kanneen keessaa isa warra kaan caalu fudhachuudha.

Imaamata afaanii jechuun murtoo, qajeelfama, dambii ykn ejjennoo dhimma gulantaa, fayyadama, daangaa , tajaajilaafi kabaja afaan/afaanonni qaban irratti ibsa hubannoofi ejjennoo qaama imaamaticha hoganuun kan kennamu, akkasumas, kallattii itti mirgi dubbattootaa afaanota imaamatichi isaan ilaallatu itti mirkanaa'udha.

Akka walii galaatti imaamatni afaanii jechuun siyaasa afaanii jechuudha. Xiyyeeffannoon imaamata afaanii inni guddaan sadarkaa afaanotaa gulantaa biyyoolessaatti agarsiisuu, mirga gartuu afaanii xixiqqaa mirkaneessuu, gulantaalee afaanotaa hojiitti jijjiiruufa'i.

Haaluma kanaan, imaamatni afaanii kaayyoo isaa galmaan ga'uuf ayidooloojii afaanii hordofu bu'ureeffatee hojii afaanotaa jajjabeessuu yookiin dhabamsiisuu deeggaruu yookiin ukkaamsuu sadarkaa ol'aanaa yookiin gadaanaa afaanotaaf kennuun aangoo dubbattoota afaanota sanaa hawaasa jidduutti hundeessuu yookiin molquu ta'uu nidanda'a.

Karoorri afaanii immoo adeemsa walqunnamtii keessatti rakkoolee hawaasa tokko qunnaman furuuf dhamaati yeroo dheeraafi itti fufiinsa qabu itti yaadamee kan hojjetamuufi deeggersa mootummaatiin faayidaa afaanii jijjiiruuf taasifamudha. (Weinstern : 1980). Karoorri afaanii afaan adda addaa tajaajila adda addaaf ramaduu yoo ta'u, murtoo guddaafi qabeenyaa guddaa fudhachuu kan danda'udha.

Waluma galatti maalummaa karoorafi Imaamata afaanii akka armaan oliitti kan ilaalamuu danda'an ta'ee adda addummaafi walitti dhufeenya isaanii immoo gaditti ni ilaalla.

2.1 Yaadrimeewwan Afaan Karoorsuu Lamaan (Two Concepts of Language Planinning)

Karoorri afaanii keessatti yaadrimeewwan gurguddoo lamatu jiru: Isaanis:-

- Dhiyeenya meeshummaa (instrumental approach)fi
- Dhiyeenya hawaasummaafi afaanii (Socio-linguistic approach)ta'u.

Karoorri Afaanii Eenyuufi Akkamitti Hojjetama ?

Barata, haga ammaatti **maalummaa karoorra afaaniifi** ilaalchota falaasamaa (Philosophical approaches) lama ilaalleerra. Kanatti aansuun, karoorra afaanii eenyutu hojjeta; akkamitti hojjetama isa jedhu ilaaluun barbaachisaadha.

Mataduree kana barattee erga xumurtee booda :

- Qaamoleen karoorra afaanii keessatti hirmaatan addaan baafte hubatta;
- Ga’ee qaamolee adda addaa kanneenii ni hubatta;
- Adeemsa karoorra afaanii erga hubattee booda dandeetti itti fayyadamuu ni horatta.

Shaakala Duraa

Barataa/ttuu, barnoota mata duree kanarratti siif dhiyaate osoo hin dubbisiin dura yeroo muraasaaf mari’adhaati gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaali.

1. Karoorra afaanii qopheessuu keessatti qaamolee hirmaachuu qabu jettu tarreessi.

2. Akkaataan karoorri afaanii ittin hojjetamu attamitti ta’a jettee yaadda ?

2.2. Karoorra Afaanii eenyutuu Hojjetaa ?

Deebiin gaaffii “ Eenyyutu afaan karoorra ? “ jedhuuf kennamu nama aja’ibsiisuu nidanda’a. Deebiin isaa nama kamiyyu kan jedhu ta’uu nidand’a. Sababni isaas, qaamoleeniifi namoonni adda addaa karoorraafi waaltina afaanii irratti dhiibbaa qabu. Qaamolee karoorra afaanii qopheessu irratti dhiibbaa geessisuu danda’an keessaa kanneen gurguddoo ta’an armaan gaditti dhiyaataniiru. Karoorri afaanii dhimma afaan (afaanota) bulchiinsa (administrative) filachuufi dagaagsuu waliin waan walqabatuuf sadarkaa sochii mootummaatti raawwatama. Mootummonni murtoowwan afaanii irratti dhiibbaa gurguddoo geessisuu danda’an hedduu

dabarsuu danda’u. Meeshaalee mootummoonni karoora afaanii hojiirra oolchuuf itti fayyadaman keessa inni guddaan sirna barnootaati. Afaan tokko afaan biyyoolessaa ta’ee yoo filame, mootummaan afaanichi akka gosa barnoota tokkootti daa’iman mana barnoota seenan hundumaaf akka kennamu ajajuu nidanda’a. kanarra darbee afaan baruufi barsiisuu gosa barnoota hundumaa gochuullee nidanda’a. Kana malees , daa’imman mana barnootaa keessatti afaan hineeyyamamneef akka hindubbanne dhorkamuu nidanda’u. Afaanota akkasii kana dubbachuun adabbii qaamaa qabaachuus nidanda’a. Adabbiin akkasii jechoota hinfilatamne yookiin luga hineeyyamamnes ni ittisa.

Mootummoonni dandeetti afaan biyyoolessaa ta’ee filatamee qabaachuun ulaagaa hojiif qacaramuus godhe itti fayyadamu ni danda’a. Afaan mootummaan seera baasuuf itti fayyadamuufi afaan seerotni kunneen ittin barreeffaman akkasumas ragaalee mootummaa ittin raabsuun afaan filatame sana guddisuu keessatti ga’ee guddaa qaba. Kana malees , afaan raayyaa waraanaa, barreeffamaa, maxxansaa, midiyaafi tamsaasa karaa mootummaan afaan filatame tokko ittin guddisuu danda’u keessaa kanneen muraasadha.Haata’u malee, murtoowwan mootummoonni afaan irratti dabarsan hundumtti fiixaan ba’umsa qaba jechuu miti.

Dhiibba itti fayyadama yookiin guddina afaanii fiduuf hirmaannaan namoota dhuunfaa, gareewwanii yookiin dhaabbilee barbaachisaadha.Dhaabbileen amantaas karooraafi itti fayyadama afaanii irratti dhiibbaa mataa isaanii niqabaatu. Biyyootni tokko tokko akkadammii afaanii bakka itti beektonni haala itti fayyadama afaanii irratti murtoo kennan qabu.Namoonni dhuunfaa guuboo jechootaa afaanicha qopheessanis itti fayyadama afaan tokkko irratti dhiibbaa ni geessisu. Namoonni barreeffama amantii afaan biraa irraa gara afaanichaatti hiikanis waaltina afaanichaa irratti dhiibbaa cimaa qabu. Ergamoonni amantii sagantaa barumsa bu’uuraa uummataa afaan barreeffamaa hinqabne keessatti gaggeessanis haala itti afaanichi fuula duratti barreeffamuufi looga isa kamtuu hojii irra ooluuf jiru murteessuu nidanda’u. Dhaabbilee mootummaafi mitmootummaa biyyoolessaafi biyya alaa, barreessitootaafi maxxansiistoonnis itti fayyadama afaan tokkoo jajjabeessuu yookiin gufachiisuu nidanda’u.

Ergamoonni karoora afaanii kanneen biroon (kanneen mootummaa hintaane) akka mootummaa karaa itti adeemsicha murteessan hedduu hinqaban. Waldaaleen ogummaa sheekkoo barreessuufi fiilmii hojjechuutiin dhiibbaa gochuu nidanda’u. Tooftaan kun yoo artiistoonni beekamootiin hordofama ta’e fiixaan ba’umsa qaba.

Qaamoleen armaan olitti eeraman kanneen karoorra afaanii irratti dhiibbaa geessisuu kan danda'an yoo ta'an, karooricha qopheessuu keessatti kan hirmaatan garuu armaan gaditti ibsamaniiru. Kaaroorri afaanii jalqabumarraa rakkoolee hawaasummaafi siyaasaa (Socio-political problems) hiikuuf waan ta'eef, qo'attootni xiinqooqa hawaasaa (Sociolinguists) yookiin qo'attoonni siyaasaa (political scientists) barbaachisummaa karoorra afaanii eeruu qabu. Afaan yookiin luugni filatame kun rakkoolee jiran hiiikuu danda'uu isaaniifi dhiisuu isaanii agarsiisuuf qo'attoonni afaanii (linguists) sadarkaa barbaachisummaa karoorichaa eeruu irratti hirmaachuu qabu. Qo'attoonni kun (linguists) haala itti afaan filatame sun waalteffamuu danda'u irratti akkasumas jechoota babal'isuu irratti yaada kennuu yookiin deeggaruu nidanda'u. Barsiisonnis afaanota badaa jiran yookiin afaanota kanaan dura barreeffamaaf hinoollan barreessuun akkasumas ragaalee mootummaa afaanota kanaan qopheessuun hirmaannaa nitaasisu. Akkaadaamiin afaanii biyyoolessaas adeemsa sadarkaalee karoorra afaanii hedduu keessatti shoorra ba'uu nidanda'u.

Gochaa _1

Gaaffilee gadii haala hubannoo armaan olitti argatteen deebisi.

1. Afaan karoorsuu irratti eenyufaatu hirmaachuu qaba jettee yaadda ? Maaliif ?

2. Mootummoonni garaagaraa karoora afaanii dhimmoota akkam akkamiif gargaaramuu danda'u ?

3. Afaan karoorsuu keessatti shoorri barsiisaafi akkaadamii afaanii maal ta'uu qaba jettee yaadda ?

2.3. Karoorri Afaanii Akkamitti Hojjetama ?

Gaaffiin karoorri afaanii akkamitti hojjetama ? jedhu sadarkaalee karooraafi raawwii adeemsa karoora isa guddaadha. Rubin (1971) sadarkaalee adeemsa karoora afaanii afur addaan baaseera.

1.Ragaalee qabatamoo argachuu (Fact-findings) : murtoon karoora afaanii kamiyyu dabarsuun dura odeeffannoo seenduubee (back-ground) gahaa qabaachuun barbaachisaadha.

2. Karoorsuu (Planning) : asitti murtoon ni kennama ; karoorsitoonni galmaafi tarsimoo bu'ureessuu akkasumas bu'aan isaa maal akka ta'uu danda'u tilmaamuu.

3. Raawwii (Implimentation) : murtoowwan karoorichaa hojiirra ooluu.

4. Yaada kennuu (Feed-back) : sadarkaa kanatti karoorsitoonni karoorichi hammam akka hojiirra oole ilaaluu.

Gochaa _2

Gaaffilee asiin gaditti dhiyaataniif deebii sirrii kenni.

1. Gahee qaamoleen adda addaa karoora afaanii hojjechuu keessatti qaban addeessi.

2. Adeemsa karoora afaanii tartiiba isaanii eeguun ibsi.

2.4.Akaakuwwan karoora afaanii (Types of language planning)

Dhuma mata duree kanaarratti :-

- Karoora afaanii isaan kamtu karoora sadarkaa jalatti akka kaa'aman nihimta.
- Karoora afaanii kamtu karoora korpasii akka ta'e nihimta.
- Gochaalee karoora korpasii keessatti raawwatamu qaban muraasa maqaa dhoofta.
- Afaan tokko karoora sadarkaa keessatti bakka akka qabaatuuf wantoota baayy'ee barbaachisan keessa maqaa dhoofta.
- Walitti dhufeenya karoora sadakaafi korpasii adda baastee nihimta.

Gochaa_3

I. Gaaffilee asiin gadii kana deebisuu yaali.

1. Sadarkaa afaanii karoorsuu jechuun maal jechuu akka ta'e tilmaamakee kaa'i.

2. Karoorri korpasii maal akka ta'e tilmaamakee asii gaditti barreessi.

Karoorri afaanii akkaataa beektonni garaagaraa jedhanitti akaakuwwan hedduu kan qaban ta'anillee isaan gurguddoon ta'an kanneen armaan gadii lamaan ta'u.

1.karoora sadarkaa afaanii (status planning)

2. Karoora korpasii (corpus planning)

2.4. 1. Karoora Sadarkaa Afaanii (Status Planning)

Karoorri sadarkaa yeroo tokko tokko karoora hawaasummaa yookaan karoora alaa jedhamee beekama. Kaayyoon gosa karoora kanaa inni bu'uraa afaanota biyya tokko keessatti argaman tajaajila adda addaa bakka adda addaatti akka qabaatan ta'anii kan qophaa'an akka ta'aniifidha.

Karoorri kun tajaajila afaan tokkoo yookiin bifa afaanichaa akkasumas mirga kanneen afaanicha dubbatanii nijjiiira. Fakkeenyaaf, yoo uummanni tokko tasa afaan isaaniin daa’iman isaanii afaan isaanii akka hinbarsiifne dhorkaman afaanichi sun sadarkaan isaa yookiin bakki isaa gadi bu’a. Gama biraatiin immoo yeroo mootummaan afaan duraan hojiif hinoolle tokko akka afaan hojii ta’u taasise, afaanichi beekamtii argate sun sadarkaan isaa nifooyya’a. Kanaaf sadarkaan afaan tokkoo olka’uu yookiin gadi bu’uu nidanda’a. Yeroo baayyee Jijjiiramni sadarkaa afaanii suuta raawwatama ; yeroo tokko tokko immoo mormiin isa qunnama; miira cimaas uummata keessatti uuma. Jijjiiramni afaanii xiqqooni illee miira adda addaa saboota hedduu irratti , tajaajila kennuuf filatamuu, caalee mul’achuu sadarkaa afaanichaaf sababa isa duraati. Qaamoleen hawaasaa filatamanii isaanis; mootummaa, mana maree bakka bu’oota uummattoota, mana murtii, caasaa bulchiinsa mootummaa, barnoota, daldala , sabqummamtii fa’i.

Afaan karoorri keessatti sadarkaa afaanotaa murteessuuf dhimmoonni yookiin ulaagaaleen dursa guutamuu qaban nijiru. Ulaagaalee barbaachisan keessa bakki guddaan kan kennamuuf sadarkaa waaltina afaan sanaati. Waaltina afaan tokkoo wajjin haala walqabateenis dhimmoota xiyyeeffannaa argachuu qaban keessaas qabxiiwwan armaan gadii baayyee murteessoodha.

- Afaanichi sadarkaa barreeffamaaf ooluu dand’uu.
- Seera barreessuu waalta’e qabaachuu.
- Seerluga wabeeffamuu danda’u qabaachuu.
- Galmees jechoota afaanichaan qophaa’e qabaachuu.
- Afaanichaan barreeffamee kan dubbifamuuf oole ga’a ta’uu.
- Qajeelfamoonni leenjii barsiisotaaf gargaaran ga’aa ta’uu fa’i.

Keessumaa afaan waalta’eefi waalteffamaa jiru keessatti jechoonni ga’aa ta’an jiraachuuniifi yeroodha gara yerootti jechoonni haaraan sababa guddina qaroominaan uumaman gara afaanichaatti dabalamaa deemuun murteessaadha.

Haata’u malee, jechoonni haaraan gara afaan kanaatti dabalamaa deeman kun haala to’annaa qabuun ta’uu akka malu beektonni nigorsu. Sababiin isaas, yaad rimeen meeshaa / wanta uumame tokko bakka bu’u dubbattoota afaanichaa hunda biratti haala walfakkaatuun beekamee waaltinni afaanichaa eegamuu waan qabuufi.

2.4.2. Karoora Korpasii (Corpus Planning)

Gosti karoora afaanii kun isa 2ffaafi yeroo tokko tokko karoora xiinqooqaa yookaan karoora keessaa jedhame beekama. Sababni inni karoora keessa jedhameefis, karoorichi sadarkaa afaanichi gama tajaajilarra ooluu qabuun osoo hinxiinxaliin dandeettii afaanicha gabbisuuf qofa ijaarsa keessa afaanichaarratti kan bu'ureeffatu waan ta'eefidha. Gochaalee karoora korpasii keessatti raawwatamuu qaban keessa kanneen gadii ta'uu nidanda'u.

- Seera qubeessuu kan walii galaa afaanichaaf qopheessanii hojiirra oolchuu.
- Seera caasaa afaanichaa erga qo'atanii adda baasanii booda murteessuu yookiin jijjiiruu.
- Jechoota afaanichaa gabbisuufi hammayyeessuu.
- Galmee jechoota afaanicha qofaan (monolingual dictionary) barreessuun qopheessuu.
- Qubee (Script) afaanichi osoo ittin barreeffamee filatamaa ta'u qopheessanii dhiheessudha.
- Akkaata barreeffama afaan tokkoo jijjiiruu yookaan fooyyessuu.
- Walsimsiisuu uunkaalee (forms) qubeewwan yookaan jechootafi loqodoota afaan tokkoo
- Sagaleessuu jechoota murteessuu.
- Jechootaafi tarminooloojii afaanii bal'isuu.
- Hojiiwwan garaagaraa gara afaanichaatti jijjiiranii barreessuu.

Akka waliigalaatti odeeffannoowwan asiin oliitti kennaman irraa waanti hubachuu dandeenyu, afaan tokko karoora sadarkaa keessatti bakka ol'aanaa qabaatee (argatee) akka karoorfamu wantoota barbaadaman keessa afaan karoorri korpasii hojjetame ta'ee shiyaachuu isaati. Kanaafuu, walitti dhufeenyi karoora sadarkaafi karoora korpasii afaan tokko haala kanaan mul'achuu danda'a jechaadha.

2.4.3. Karoora Akkuuzishinii (Acquisition Planning)

Karoora olii lamaan dabalatee karoorri afaanii beektota biratti beekamaa ta'e karoora afaan akka baratamu gochuu (acquisition planning)ti. Xiyyeeffannaan karoora akkuuzishinii inni guddaan hawaasni gartuun afaanii tokko afaan afaan dhaloota isaa hintaane tokko akka baratuuf faayidaalee garaagaraa beekumsa afaanichaatti qabsiisuun

akka inni baratu taasisuudha. Garutuun hawaasaa afaanii sunis faayidaa afaanicha beekuu wajjin walqabatee sana argachuuf jecha afaanicha barata jechaadha.

Gochaa _4

Gaaffilee armaan gaditti siif kennaman yaada olitti hubatteerratti hundaa'uun ibsuun deebisi.

1. Karoora sadarkaa afaanii keessatti, baay'inni qaama hawaasa afaan karoora sadarkaa filatamee akkamitti caalee mul'achuu sadarkaa afaanichaaf sababa ta'a?

2. Karoorri sadarkaa maaliif karoora alaa yookaan karoora hawaasummaa jedhamee akka waamamu sababa ga'aa jettee amantu kaa'i.

3. Karoorri korpasii maaliif karoora keessaa yookaan karoora xiinqooqaa jedhamee akka waamamu sababa jettee amantu kaa'i.

4. Walitti dhufeenyi karoora sadarkaafi karoora korpasii akkamitti ibsamuu akka danda'u waan hubatte ibsi.

2.5. .Barbaachisummaa Karoora Afaanii

Imaamniifi karoorri afaanii kan dhufu fedhii hawaasummaafi siyaasaa deebisuuf. Fakkeenyaaf, bakka gartuun waldorgomaa jiran keessatti karoorri afaanii barbaachisaadha. Haaluma kanaan, karoorri afaanii kaayyoolee armaan gadii akka qabu qo’attoonni afaanii eeraniiru.

1. Qulqullina afaanii eeguug (Language Purification):-Afaan qulqulleessuuf dhiibbaa afaanota ormaa irraa ittisuufi afaanuma tokko keessatti garaagarummaan akka hinbabal’anne taasisuuf.
2. Daddamaqina afaanii (Language revival) :- Afaan yeroo tokko hawaasa isaa tajaajilaa turee booda hawaasicha tajaajiluu hindandeenye tokko deebisanii afaan walii galtee yookiin walqunnamtii taasisuuf.
3. Haaromsa Afaanii (Lnguage Reform) :- Itti yaadamae dhimmoota afaanii murtaa’oo fakkeenyaaf, sirna barreeffamaa, qubee yookiin caasaarratti faayidaa afaanichaa fooyyeessuuf jijjiirama taasisuuf.
4. Waaltina Afaanii (Language Standardization) :- Afaan yookiin loqoda afaanichaa uummata afaanicha dubbatan hundumaa biratti fudhatama qabu uumuuf.
5. Tamsaasina Afaanii (Language Spread) :- Yaalii afaan biroo dadhabsiisuuf lakkoofsa namoota afaan ta’e tokko dubbatan akka dabaluu taasisuudha.
6. Jechoota ammayyeessuu (Lexical modernization):- Jechoota uumuu yookiin afaan biroo irra kan ofiitti madaqsuuf.
7. Jechoota walfakkeessuuf (Terminology Unification):- Loqodoota afaan tokkoo keessatti garaagarummaa fayyadaman terminoloojii hambisuuf deessaumattuu jechoota teekinikaa warra ta’an tokko taasisuuf.
8. Akkaata fayyadama afaanii salphisuu (Stylistic simplification) :- Itti fayyadama jechootaa , caasaafu akkaataa dubbii salphaa taasisuuf.
9. Walqunnamtii afaanotaa (Interlanguage communincation) :- Miseensota uummattoota afaan adda addaa dubbatan gidduutti walii galtee afaanii salphisuuf.
10. Afaan eeganii tursuu (Language maintenance) :- Dhiibbaa adda addaa bakka (position) afaanichaa gad qabuuf sababa ta’aa jiran keessatti afaanicha afaan dhalootaa lammiilee ta’ee akka itti fufu eeguufi.

11. Koodii deeggartoota afaanii waaltessuu (Auxiliary-code standardization):-
deeggartota afaaniin kanneen akka mallattoolee namoota dhageettii dhabanii , maqaa bakkaafi kkf waaltessu.

2.6. Dhimmoota Karoora Afaanii Daangessan (Factors Affecting Language Planning)

Kutaa kana keessatti dhimmoota adeemsa karoora afaanii daangessuu danda'an muraasa ilaalla. Dhimmoonni akkasii hedduu ta'uu nidanda'u. Kanneen keessa kutaa kana keessatti kan dhiyaatan lama osoo hindubbisiin dura shaakalli siif dhiyaate deebisuuf yaali.

Barat/ttu, dhimmoota gargaraa adeemsa karoora afaanii daangessuu danda'an jettu bakka siif kenname kana irratti tarreessi.

Haaluma olitti jedhameen karoora afaanii daangessuu dhimmoota danda'an keessa lamaan kanneen gaditti ibsamanidha.

1. Qaaccessa Baasiifi Bu'aa (Cost-benefit Analysis)

Dhimmoota karoora afaanii daangessan keessaa inni tokko baasiifi bu'aa ilaalcha keessa galchuu (a cost benefit analysis) waliin walqabata. Akka qajeelfama baasiifi bu'aatti, karoorri gaariin bu'aa hawaasni argatuufi baasii inni baasu wal-simsiisuudha. Thorburn (1971) qaacceessa baasiifi bu'aa karoora afaanii keessatti yoo ibsu, "Yaalii karoora afaanii keessatti garaagarummaa dhiibbaalee sirritti beekaman lama baasii qo'annoo dinagdee (economics) irraa kan fudhatame yoo ta'ellee, karoora afaanii keessatti maallaqa waliin walitti dhufeenya hinqabu. Sababni isaas, Xiyyeeffannoon qaaccessa bu'aafi baasii dhimmoota hawaasummaa karoora afaanii waliin wal kan qabatanidha." jedha.

2. Rakkoolee Ragaalee Qabatamoo Dhabuu

Karooraa afaanii keessatti rakkooleen odeeffannoo yookiin ragaalee sirrii ta'an argachuun waliin kan walqabatan jiru. Murtoo karooraa afaanii dabarsuufi immoo ragaalee qabatamaa ta'an argachuun barbaachisaadha. Waldhabdeen/qaawwi yaada murtoo karooraa dabarsuuf raga gaariin barbaachisaadha jedhuufi bifoorni odeeffannoo argaman hanga kanatti amansiisaa ta'uu dhiisuun haalleen ragaaleen kun itti sassaabaman waliin wal qabata. Fakkeenyaaf, namoota odeeffannoo lakkoofsa uummataa (census) walitti qaban eenyutuu? afaan isa kam? Yoom? Eessatti? kaayyoo maaliif itti fayyadama? jedhu addaan baasanii baruun isaan rakkisa. Dhimmichi diibistoonni gaaffilee gaafatamaniif deebii sirrii dhabuu irraan kan ka'e walxaxaa ta'ee mul'ata. Akka gaaffileen kun itti gaafatamanis deebii kennamuu danda'u irratti dhiibbaa fidu. Afaan dhalootaakee maali? Afaan ati jalqaba irratti baratte maali? Afaanota isaan kam dubbatta? Afaan 'X' yookiin 'Y' dubbachuu dandeessaa? Gaaffileen kuniifi deebileen isaanii fedhii siyaasaa ofkeessatti qabaachuu danda'u. Haala yeroo ragaan sun sassaabamuu irratti hundaa'uun namoonni gaaffilee gaafatamaniif deebii sirrii kennuu dhiisuu nidanda'u. Fakkeenyaaf, haala irratti hundaa'uun afaan dubbachuu hindandeenye akka danda'aniitti kan danda'an immoo akka hindandeenyeetti ragaa kennuu nidanda'u. Kanaaf, ragaalee lakkoofsa uummataa irraa argaman of eeggannootiin qaaccessuun barbaachisaadha.

Gochaa _ 5

Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii jettee yaaddu kenni.

1. Akkaataa qaacceessi bu'aafi baasi adeemsa karoora afaanii ittin daangessuu danda'u fakkeenya kan ofiikee fudhachuudhaan ibsi.

2. Haala dhibiinsi ragoollee qabatamoo itti karoora afaanii daangessu erga ibsitee booda yaada furmaataa ta'uu danda'a jettu yaadii eeri.

2.7.Ga'ee Afaanii , Xiin yaadaafi Bulchiinsa (Language Practice , Ideology & Management)

- 2.7.1. **Ga'ee Afaanii :-** Hundeen gaaffii afaanii gaaffii walitti dhufeenya humnaa (power relationship)ti.Gabaabumatti , afaan dhimma hawaasummaati. Hubannoon afaanii bu'urumarraa dhimma ijaarsa afaanii osoo hinta'iin hawaasummaadha. Seerri qoqqoodinsa afaanota giddu jiru afaanummaa isaa akka tasaatti (arbitrary) ta'ee walitti dhufeenyi hawaasummaa , siyaasaa , xiinsammuufi dhimmoota seenaa irraa malee garaagarummaa afaanummaa irraa miti. Adeemsi waaltinaa dhimmoota (wantoota) hawaasummaafi seenaa (Socio-cultural factors) kanneen akka barnoota bu'uraa , sabboonummaafi eenyummaa , aadaafi sabaa waliin kan walitti hidhamedha. Dagaaginniifi waaltinni afaanii dhiibbaa sabummaafi akka mallattoo tokkummaa siyaasaatti tajaajila. Afaan waalta'e tokko dubbattoota afaanichaa kanneen akka madda ka'umsa tokkummaa isaanitti ilaaluun garuu teessuma lafaan walirraa faagatanii jiraatan gidduutti miira tokkummaa uumuun

tajaajila wantonni siyaasaafi hawaasummaa bifoote afaanii keessa tokko waaltinaaf filachuuf murteessaadha. Dhimmi luugaas uumamaan haawaasummaa irraa malee teessuma lafaarraa miti.

2.7.2. **Xiin yaadaafi Bulchiinsa Afaanii**

Yaadrimeen xiinyaadaa (theory of ideology) afaanii dhimma karoora afaanii keessatti akka galmaatti qabatamee karoorichi raawwatamuudha. Kanarraas, ayidooloojiin afaanii gama adda addaan ibsamu danda'ullee gama dubbattoota afaanichaan kan ibsamutu karoora afaanii keessatti nugargaara.

Haaluma kanaanis, ayidoolojii afaanii jechuun amantii dubbattoonni afaanichaa waa'ee afaan isaaniirratti akka ragaatti dhiessan ta'ee, gama hawaasummaan faayidaa isaan afaan isaanii wajjin walqabsiisanii akka ayidooloojiitti fudhatama. Karaa biraas, waan afaan tokko ta'e akkasi jedhanii himuufi amanurra darbanii waan afaanichi fuulduratti ta'uu qabu murteessuudha. Kanaaf, afaan sadarkaa irra jirurraa kanbiraatti haala saganteessameen naanneessuuf, karoorri afaanii saayinsaawaa ta'e, yoo ta'u karooricha raawwachuufi immoo inni bu'uuraa ayidooloojii afaanicharratti jirudha.

Karoorri afaanii ayidoolojii afaanii kan geeddarumsa ykn fooyy'insa afaaniif sababa ta'uu danda'u afurirraa ka'uu akka danda'u namichi 'Cobarrubias 1983 : 65-66 ' ibseera. Isaanis, Danoomina afaanii, Luucceessa afaanii, Aantummaa afaaniifi Addunyummaa afaanii jedhamu.

A. Danoomina Afaanii (Linguistic Pluralism):- Ayidooloojiin danoomina afaanii kan amanu, wal wajjin jiraachuu gartuu afaan adda addaafi mirgi isaan afaan isaanii kunuunsuufi dhimmuuf qaban loojii tokko malee kabajamee akka mul'atu kan taasisudha.

Kunis kan hojiirra ooluu danda'u karaalee hedduu ta'ee isaan beekamoon :-

- ✚ Imaamata eenyumtu afaan fedhe bakka fedhetti haasa'uu danda'uu qabaachuu'
- ✚ Imaamata afaan naannoo haasa'amutti argachuu qaba jedhu.
- ✚ Imaamata isaan olii walitti qabatudha.

Imaamatni danoomina afaanii kun wal wajjin jiraachuu afaanota hedduu karaa deemokiraatawaa ta'een haafudhatuyyu malee dadhabinas niqaba. Innis afaan inni tokko afaan kan biroorra carraa

bal'achuu argachuu isaatiin lammiwwaan afaan sanaa tagaajila garaagaraa argachuuf jecha afaan isaanii dhiisuun kan ormaa liqimfamuu uumuu ni danda'a.

B. Luuceessaafi biyyoolesummaa (Linguistic Assimilation & Nationalism)

Akka hayyuun “ Cobarrubias 1983: 6364 “ jedhamu ibsetti , naashinaalizimiin afaanonni biyya tokko keessatti argaman hundumtuu gara afaan tokko qofaa ta'uutti luucca'anii dubbattoonni afaan garaagaraa biyyitti argamanis gara afaan isa ol'aantummaa qabu dubbachuutti akka naanna'an kan taasisudha. Ayidooloojiin kun afanumti ol'aantummaa argate sun kabaja mara fudhatee kophaa isaa ba'ee mul'achuun afaan biyyatti tokkichatti akka ilaalamu taasisa. Ayidooloojiin kun biyya tokko keessatti kan itti fufu yoo ta'e gartuun afaanota xixeqqaa kan biroon mirgi afaan isaanii jiraachuu haacuucamu kan danda'u kan biroon immoo siruma isaa afaan isaanii mirga jiraachuu dhabuun baduu nimalu.

Fakkeenyaaf , biyya keenyatti hayilesillaaseen bara isaatti imaamata afaanii kana hordofaa waan tureef afaan amaaraa afaan waan hundaa afaan tokkicha biyyattii akka ta'u labsii seeraan mirkaneessee tureera.

C. Aantumma afaanii (Vernacularization) :- Inni kun amantaa afaan bakka ykn biyya dhalate keessatti sadarkaa ammayyummaa akka qabatuufi afaann hojii biyyichaa ta'ee akka tajaajilu qaba jedhurra maddudha.

Haala qabatamaa biyya keenyaatiin gartuun afaanii kamiyyu mirga dhalootaa isaaniin hojii bulchiinsaa , baarachuu , daldaluu , haqa falmachuufi walitti dhufeenya hawaasummaa hunda qabachuu akka danda'an heerri biyyatti qabatamaan mul'isee jira.

D. Addunyummaa afaanii (Linguistic Internationalism) :- Adduunyummaan afaanii ayidooloojii afaan afaan dhaloota hintaane garuu bal'inaan dubbatamu tokko biyya tokko keessitti akka afaan hojii biyya sanaatti fudhatamee itti gargaaramuun gama aadaa , hawaasummaa , dinagdeefi siyaasa biyyoota biroo wajjin salphaatti walbaruufi qaroomina saayinsiifi teekinooloojii waljijjiiruutiin faayidaa gudda kenna. Kana malees , biyya afaan heddu keessatti dubbatamutti afaan bal'inaan dubbatamu kun gama rakkina walii galtee hiikuufi waldorgommii afaanota dhalata biyyaa jidduutti jiru hambisuun faayidaa gudda kenna. Afaan addunyaa kanatti gargaaramuun hamayyummaa biyyoota addunyaa garaagaraa hirmaachuufis nigargaara.

Haalota oliirra ka'uun dhimmi fedhii hawaasummaafi dinagdee biyya tokkoo fedhii eenyummaa gartuun afaanii biyyi tokko barbaadu wajjin hagam akka walmormuu danda'u hubachuun nidanda'ama.

Cuunfaa

Afaan kamiyyu gama caasaafi akkaataa fayyadama isaatiin adeemsa jijjiiramaa keessa jira. Namoonni afaan kaayyoo adda addaaf bifa adda addaan dhimma waan itti ba'aniif filannoo keessatti filannoo taasisuuf karoorri afaanii fo'anna mul'ataa filannoo hedduu keessaa taasisuuf barbaachisaadha. Innis isa warra kaan caalu fudhachuudhaan raawwatama.

Akkasumas, imaamata afaanii jechuun immoo murtoo, qajeelfama, danbii yookiin ejjennoo dhimma gulantaa, fayyadama, daangaa, tajaajilaafi kabaja afaan/afaanonni qaban irratti ejjennoo qaama imaamaticha hogganuu kan kennamuufi kallattii ittiin mirgi dubbattoota afaanota imaamatichi ilaallatuu itti mirkanaa'udha. Gabaabumatti, imaamanni afaanii siyaasa afaanii jechuudha. Karoorri afaanii immoo afaan adda addaa tajaajila adda addaaf ramaduu ta'ee murtoo guddaafi qabeenyaa guddaa fudhachuu kan danda'u deeggeersa mootummaan faayidaa afaanii jijjiiruuf taasisudha.

Karoora afaanii keessatti namni kamiyyu hirmaachuu kan danda'uufi akkaataan ittiin hojjetamu ilaalchisee akka hayyuun ('Robin' 1971) sadarkaa adeemsa karoora afaanii afur akka qabu kaa'eera. Isaanis:-

1. Ragaa qabatamaa argachuu
2. Karoorsuu
3. Raawwachuu (raawwii)
4. Yaada kennuu ta'u.

Akaakuwwan karoora afaanii gurguddoo sadii jiraatanillee kanneen gurguddoofi beekamoo ta'n lamatu jiru. Isaanis:-

1. Karoora sadarkaa afaanii (status planning)
2. Karoora Korpasii (Corpus planning) jedhamu.

Kan akka karoora sadaffaatti kaawwameeru immoo karoora akkuziishinii (acquisition planning) jedhamuun beekama.

Barbaachisummaa (kaayyoo) karoora afaanii kanneen ta'an kanneen gadii ta'uu nidanda'u.

- Qulqullina afaanii eeguu
- Dadamaqina afaaniif
- Haaromsa afaaniif
- Waaltina afaaniif
- Tamsaasina afaaniif
- Jechoota ammayyeessuuf
- Jechoota walfakkeessuuf
- Akkaata fayyadama afaanii salphisuuf
- Walqunnamtii afaanotaaf
- Afaan, eeganii tursiisuuf
- Koodii deeggartoota afaanii waaltessuuf

Dhimmoonni karoora afaanii daangessuu danda'an jedhamanii yaadaman : Qaacceessa baasiifi bu'aafi Rakkoolee ragaalee qabatamoo isaan muraasadha.

Karoorri afaanii ayidooloojii (ilaalcha) afaanii kan geeddarumsa yookiin fooya'insa afaanii sababa ta'uu danda'an afur irraa ka'uu akka danda'an hayyuun 'Cobbarubia: 1983;65-66) ibseera.Isaanis:- a.Danoomina afaanii

b. Luuccessaafi biyyoolessummaa (Linguistic assimilation and nationalism)

c. Antummaa afaanii

d.Addunyummaa afaanii ta'anii isaan kanneen keessatti ayidoolojiin garaagaraa nijiraatu.

Boqonnaa Sadii

3. Imaamata Afaaniifi Gosoota Isaanii

Shaakala hubannoon duraa -1

- a. Imaamata afaanii jechuun maal jechuudha ?

- b. Imamatni afaanii waa'ee afaaniirratti maal maal hojjeta jettanii yaadda ?

- c. Waa'ee imaamata afaanii Itoophiyaa yeroo bulchitoota ishee adda addaatti tureefi kan ammaa maal beekta?

Imaamata afaanii jechuun murtoo, qajeelfama , danbii ykn ejjennoo dhimma gulantaa fayyadama , daangaa tajaajilaafi kabaja afaan / afaanonni qaban irratti ibsa hubannoofi ejjennoo qaama imaamaticha hogganuun kan kennamu , akkasumas kallatti itti mirgi dubbattoota afaanota imaamatichi isaan ilaallatu itti mirkanaa'udha.

Akka walii galaatti , imaamata afaanii jechuun siyaasa afaanii jichuudha. Xiyyeeffannaan imaamata afaanii inni guddaan sadarkaa afaanotaa gulantaa biyyoolessaatti agarsiisuu , mirga gartuu afaanii xixiqqaa mirkaneessuu , gulantaalee afaanotaa hojiitti jijjiiruu fa'i.

Haaluma kanaan , imaamanni afaanii kaayyoo isaa galmaan ga'uuf ayidooloojii afaanii hordofu bu'ureeffatee hojii afaanotaa jajjabeessuu ykn dhabamsiisuu , deeggaruu ykn ukkamsuu , sadarkaa ol'aanaa ykn gadaanaa afaanotaaf kennuun aangoo dubbattoota sanaa hawaasa jidduutti hundeessuu ykn molquu ta'uu nidanda'a.

3. 1 Gosoota Imaamata Afaanii

Biyyoonni adda addaa dhimmoota adda addaa bu'ura taasifachuun imaamata afaanii sadarkaa biyyooleessaatti qabaachuu danda'an gama adda addaan ilaaluun qoqqooduun nidanda'ama. Biyyoonni garaa garaa keessumaa biyyoonni bittaa kolonii warra dhihaa jala turan gos imaamata afaanii kan afaan biyya isaanii hojiirra oolchuu ykn kan warra bittoota isaanii duraanii qabaachuu nidanda'u . Haala kanaan imaamata gosa lameen gadii qabachiim nidanda'a,a.

3.1.1. Imaamata Endogiloosikii (Endoglosic Policy)

Imaatni kun biyyi tokko immamata afaan ishii keessatti afaan dhaloota lammiiwwan ishee keessaa filattee afaan hojii (official language) kan ittin taasistudha. Imaamata kanaaf biyyi fakkeenya taatu biyya giinii taatee bara 1958 keessa afaanota dhalata biyyitti saddet afaan hojii biyyittii ta'anii akka tajaajilan labsiteetti. Akka muuxannoo biyyoota adda addaatti , imaamatni kun fiixaan bahuufi bu'aa qabeessa ta'uu kan danda'u akka afaan dhalootaatti dubbattoonni afaan hojii filatamoo sun gama siyaasaan , dinagdeefi gulantaa aangoo qabaniin murteessoo yoo ta'anidha.

3.1. 2 Imaamata Eksogiloosikii (Exsoglosic Policy)

Imaamanni afaanii akkanaa biyya tokko keessatti kan hordofamu yommuu biyyi sun afaanota biyya alaa keessuma kan koloneeffattoota isaanii afaan hojii biyya isaanii taasisanii fudhachuudhaan hojii mootummaa caasaa garaa garaa , barnoota , waajjiroota , haqaafi hojiiwwan daldalaa ittin gaggeeffatanidha.

Biyyoonni adda addaa imaamata afaanii biyya isaanii ifaa ifaatti mul'isuuf dhiisuu nidanda'u.

Sababa kanaafis , imaamata afaanii ifa ta'eefi kallattii ilaalchaa biyyi sun afaanirratti qabdu ibsuu caalaa callisani dhimmoota afaanii wajjin walqabatan geggeessuu filatu. Kanaafis , imaamatni afaanii imaamata dhokataa (covert language policy) fi imaamata afaanii mul'ataa (Overt Language Policy) jedhamuun lamatti qoodamu.

3.1.3 Imaamata Dhokaataa (Covert Language policy)

Imaamata afaanii dhokataa jechuun yommuu biyyi tokko afaaniifi dhimma afaanii ilaalchisee dokimantii seeraafi koodii bulchiinsaa kamiyyu keessatti osoo hinmul'isiin bira darbuudha. Imaamata akkasii keessatti wabiin mirga afaanota biyyittii keessatti argamanii

kan mirkanaa'u imaammattoota garaagaraa biroorraa , dambiilee heera biyyittiifi miira seeraa akka walii galaatti fudhachuun akka ta'e himama. Akka walii galaatti , imaamanni kun kan ittin beekamu imaamata hinmul'anne (implicit) , ifaan lafa hinteessifne (unstated) , kan miira walii galaa (Common-law) , akkaata jireenyaan ka mul'atu (defacto) , kan barameeffi (tradition) , kan amleeffame (customary) , ta'uu isaaniiti.

Imaamanni afaanii dhokataa gargaaramuun biyya tokkoo kan ta'un yoo qaamni imaamata sana hordofu imaamaticha yoo ifa taasise wantoonni badan hedduun jiraachuu waan danda'aniif ykn immoo qaamni aangoorra jiru yeroo dheeraa booda ayidoolojii afaanii hordofama jiru jijjiiruuf karoora yoo qabaatedha.

3.1.4. Imaamaata mul'ataa (Overt Language Policy)

Imaamatni mul'ataan mirga gartuun afaanii kamiyyu biyya keessa jiraataa jiran keessatti afaan isaanii bakka fedhanitti gargaaramuuf qaban ifaa ifatti lafa kaa'uudha. Inni kun waliin jiraachuu gartuuwanii biyya tokkoof wabii amanamaadha. Sababni isaas , afaan tokko biyya tokko keessatti haasa'amuufi hanga kamitti tajaajila kennuu akka danda'u ifatti haguuggi malee (explicitly) , tokko tokkoon (specifically) fi barreeffama seeraa qabaachuun isaa waan mirkanaa'uufidha. Haata'u malee , biyyi tokko dirqamatti imaammattoota olii lamaan keessa tokko qabaachuu qabdi kan jedhu hinjiru. Garuu bu'aa isaaniirratti hundaa'uun lachuu walmakuun qabaachuu nidandeessi.

3.2. Gosoota Haala Afaanota Afrikaa

Akka beekaan' Chimhundu 1998 ' jedhamu kaa'eetti , biyyoota Afrikaa keessatti haalli itti argama afaaniifi imaamanni isaanii adda adda. Gosoonni isaaniis kanneen gadii ta'uu nidanda'u.

1 Biyyoota afaan dhalata Afrikaa ta'e tokko qofa dubbattoota hedduu haasa'amu qaban. Isaan kunis haala lamaan ilaalamuu nisanda'u.

A. Biyyoota Afaan Dhalata Afrikaa tokko qofa warra akka afaan hojii biyyittiitti qaban.

Fakkeenyaaf , Somaliyaa : (Afaan Somaalee) , Lesoto (Afaan Leesotoo) , Ruwaandaa (Afaan kinyaa-ruwaandaa) , Burindii (Afaan Kirundii) , Botswanaa (Seetiswaanaa) fa'i.

B. Biyyoota afaan dhalata Afrikaa ta'e tokko qofa innis afaan dubbattoota hedduun dubbatamu ' Lingua Franca ' qaban . Fakkeenya , Tanzaniyaafi keeniyaa (Kiswahiilii) ,

Rippabiliika Giddu galeessa Afrikaa (sngoo) , Maalii (Bambaraa) , Seenegaalii (Woolf) , Sudaan (Afaan Arabaa) fa'i.

2 Biyyota Afaanonni gurguddoo ta'an hedduun keessatti waldorgoman.

Fakkeenya :

- Biyya Naayijeeriyaa keessatti afaanota hawusaa , Yaruubaafi Igboo.
- Biyya Seraaliyoon keessatti afaanota Tamnofo mandee
- Biyya Itoophiyaatti Afaan Oromoofi Amaaraa.

3 Biyyoota ol'aantummaan afaan tokkoo ykn waldorgommiin afaanii keessatti hinjirre.

Fakkeenya :

- Kaameeruun biyya kibba biyyitti afaanota Bulwulfi Iwaandaa kaaba isheen afaan fulaanii bal'ina walqixaan kan dubbatamu ta'ee , Biyyoonni akka Ayiveerii koostii , Moozambikiifi Kootdiivaarii asuma keessatti haammatamu. Akkuma asiin Olitti ilaalle qabaatuuf gumaacha kansaa taasiseera.

3.3. Gosoota Imaammata Afaanota Afrikaa

Haala afaanota dhalata Afrikaa ta'an Bu'ura godhateen imaammanni afaanota Afrikaa qoqqodilee armaan gadii argachuu nidanda'u.

1. Biyyoota ta'e jedhanii imaamata afaan tokko guddisuu hordofan : Isaanis akkaata lamaan ilaalamuu nidanda'u.

A. Akka imaamata eksogiloosikiitti kan hordofan :

- Biyyoota Afaan Faransaayii dubbatan biyya Faransaayiin ala.
- Biyyoota Afaan Poortugaal dubbatan (Moozambiik , Angoolaa , Giinii Biisaawuufi Biyya Laayibeeriyaa (Afaan Ingilizii) .

B. Akka imaammata Indoogiloosikiitti warra hordofan

- - Isaanis Tanzaaniyaa (Kiswaayilii) , Somaaliyaa (sumaaalee) , Rippabiliika Giddu Galeessa Afrikaa (Sangoo)

2 Biyyoota imaammata eksogiloosikii qaban garuu imaamata indoogiloosikii hordofuu jalqaban.

Fakkeenya : Keeniyaa , Yuugandaa , Maalawwii , Burundii , Ruwaandaa , Bootsiiwaanaa , Siwaazilaandiifi kan biroos nijiru.

3 Biyyoota imaammata eksogiloosikii qaban garuu afaanota dabalataa Afrikaa guddifachaa jiran. Fakkeenya : Naayijeeriyaa , Giiniifi Zaayeer fa'i.

4. Biyyoota Imaammata Eksoogiloosikii hordofaa garuu Afaanota dhalata Afrikaa ta'an.

Fakkeenya : Mana barumsa jalqabaaf , hojii mana murtiifi sabqunnamtiilee garaa garaaf kan gargaaraman : Zambiyaa , Zimbaabiwee , Seraaliyiiniifi kanbiroollee ni ta'u.

3.4. Imaammata Afaanii Itoophiyaa

Biyyi Itoophaa biyya afanonni hedduulen naanno 70-80 ta'an kessatti dubbataman (multilingual country) dha. Afaanonni kaneenis gartuu maatii afaanii gurguddo afuritti qoodamu. Isaanis, kushitikii, sematikii, oomotikii fi nayilotikii jedhamun bekamuu. Isaan kannen kessaa bay'een isaanii hawaasa akka afaan dhalootaatti waliigalteef itti gargaramuurra darbe tajaajila kamiifuu oolaa hin turre, hin jiranis. Afaanonni kannen akka dagatamaniifi bay'een isaanii immoo akka ukkamsamanif kan taasisa turan kessaa gahee guddaa taphachaa kan ture imammata afaani, bulchitooni biyyatti baroota adda addaa hordofaa turanidha. Kanaafuu, imammanni biyyitti kan yeroo darbee fi amma maal akka fakkatu haala gadiitiin ni ilaalla. Haala imaammata Itoophiyaa maal akka fakkatu beekuuf baroota bulchitoonni biyyittii geggessaa turan kessa turaniin adda adda baasnee qoqqoduun haa ilaallu.

3.4.1 Imaammata afaanii Itoophiyaa mootii Hayilesillaasee duraa.

Itoophiyaan seenaan umuri dheera haa qabaattu makaa, seenaan barreeffamaan qabdu baay'ee dhiyoodha. Kanaafuu, imaamata afaanii heeraafi labsii mootummaan ba'ee barreeffame ta'ee mooti Hayilesillaasee dura hin turre. Garuu dokumantiin "Fitta Neegest" jedhamu akka geggessaa dhimma siyaasaafi Aamantaa yeroo yeroo sanaa ta'ee 'ee tajaajila ture. Heerri jirachuu akka qabdu beekaamaadha.

Mootummoota yommuu sanaa kessa Tewodiroos isa tokko ta'ee biyyoota olla saanii iddoo tokkoti bituuf fedhii qaban kessa tokko ykn isa calqaba waan tureef fedhii isaa galmaan ga'uufis imaamata afaan filaatani guddisuu (promotive language policy) qabatee afaan amaaraa afaan hojii mootumma isaa taasise. Isaa dura afaan afaan hojii afaan Gi'iiiz ture. Haa taa'u malee yaadni Teewodiroos biyyitti tokko gochuuf kaayyeffate fiixan hin baaneef.

Mootiin inni Tewodrositti aane dhufe Yohannis IV Yoota’u innis nama dhalata biyya Tigiree ta’ee otuu jiruu karaa Tewodros dura wixineerra deemuun afaan afaan Amaaraa afaan hojii Mootummaa isaa taasise itti fufe.

Mootiin inni sadaffaa afaan Amaaraa faan hojii taasisuun itti fufe Mootii Minilik II ture. Akka seenaatti inni kun wixinee Teewodroos kaa’e kan galmaan ga’edha jedhama. Minilik ummata har’a Itoophiyaa jedhamuun beekamu mara gara kibba, dhihaafi baha walitti fiduun bittaa isagalchee bitaa ture. Ummanni bittaa isaa jala gale kunis, afaaniifi aadaa isaa dhiisee afaan Amaaraan qofa tajaajila lammuummaa kamuu akaa argatu taasise. Imaamanni afaan Amaaraa qofa guddisu kungaruu labsiin osoo hinta’iin imaamata afaanii dhokataa ture.

3.4.2 Imaamata afaanii bara mootummaa Hayile Sillaasee

Hayile sillaaseen mootota warra isa duraarraa adda kan isa taasisu seenaa addaa imaamata afaanii irratti qaba. Sababni isaa heera isaa keessatti imaamata afaanii ifaan kaa’ee ture. Fedhii uummata sanyiifi afaaniin gargar ta’e kana walitti bituuf fiixaan baafachuuf “ Itoophiyummaa “ Imaamata jedhu baasuun hojiirra oolche. Itoophiyoomma afaan tokko, aadaa tokkoofi amataa tokko yaani jedhu biyyitti keessatti akka dhufu fedha.

Yeroo Hayile Sillaasee keessatti Xaaliyaaniin waggoota shaniif Itoophiyaa bituun ishee niyaadatama. Waggoota shanan kana keessatti afaanonni lammiilee hundaa afaan hojiifi barnoota akkasumas kan mana hojii ta’anii turani. Keessumattu , yeroo sanatti xaaliyaaniin sabaafi sablammiilee Itoophiyaa ; Afaan Oromoo , Afaan Tigiree , Afaan amaaraa isaatti , Afaan Hararii naannoo isaattifi Afaan Oromoo naannoo harari keessatti , Afaan Kafichoo , Afaan Sidaamaafi Sumaalee afaanota barnoota ta’anii turan. Akkasumas manneen barnoota amantoota isilaamaatti afaan Arabaa gargaaramaa turaniiru. (Pankhrust , 1969)

Imaamanni Xaaliyaanii yerosi sun afaan dhalootaan barsiisu biyyittiif bu’ur gudda kan kaa’edha. Booda Hayile Sillaaseen haangootti yommuu deebi’u ammas imaamata isaa ifa kan afaan amaaraa afaan hojii , afaan barnootaafi kanbiroos isa tokkicha kan biyyittiif hojjetu kan jedhu ture.

Kanarraan ka'ees hojiiwwan afaanota biroon hojjetaman kan Mishineerootaa dabalatee akka dhaabbatu taasise. Imaamanni kun waliigalatti sirritti hojiirra oolaa kan ture naannoo bulchiinsaa, barnootaafi murtiitti ture.

3.4.3 Imaamata Afaanii bara mootummaa Dargii

Dargiin akka calqaba aangootti dhufetti mirga afaaniifi aadaa ofiiitti gargaaramuufi guddisuu sabootaafi sablammootaa biyyitti labsee ture. Kan inni hordofaa ture ilaalcha sooshaalizimii hordofuu waan ta'eef afaanonni sablammootaa walqixa guddachuu qabu jedhu qabate ka'e. Haaluma kanaan afaan amaaraa dabalatee , afaanota kudha shan filate barnoota ga'eessotaan (Litracy Campaign) duula jedhamu hundeesse. Afaanonni kudha shanan kun lammilee biyyatti keessaa % 90 (parsantii sagaltama) ta'aniin dubbatamaa kan turanidha.

Isaanis : Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa , Walaayittaa , Sumaalee , Hadiyyaa , Kambaataa , Tigiree , Sidaamaa , Geede'oo , Afaar , kafaa , Sahoo , Kunaamaafi Silxee turan. Rakkoon imaamatichaa garuu barnootni afaanota kana hundaan kennamaa kan ture qubee saabaatiin turuu isaati. Qubeen kun immoo qubeewwan laatinii qofaa osoo hintaane kan seemillee guutummaa guutuutti ibsuuf mijataa miti jedhama.

Rakkoon inni biroon barsiisonni naannoo hundatti barsiisan baayyinaan dubbattoota afaan amaaraa turuu isaaniti. Haalli kunis akka barattoonni gara afaan amaaraatti of luuccessan taasisaa tureera. Boodas uummatumayyu gara afaanichaatti luuccessu itti cime. Haaluma oliitiin sirni dargiis afaan sabaafi sablammiiwwanii jedhee haakaa'u malee , hojiitti kan hiika ture Afaan Amaaraa qofti afaan hojii , barnootaafi manneen murtii ta'ee akka itti fufu kan jedhu ture.

3.4.4 Imaamata Afaanii Itoophiyaab yeroo ammaa

Bara 1994, mootummaa amma aangoorra jiruun heerri mootummaa bahee labsame seenaa biyyitti gama imaamata afaaniitiin baroota dheeraaf ture kan jijjiiredha. Heerichis keeyyata isaa '5' keessatti akka jedhutti :

1. All Ethiopian languages shall enjoy equal state of recognition. (Afaanonni biyyitti hundi fuul duratti beekamtti walqixa ni argatu)
2. Amharic shall be the working language of the Federal Government. (Afaan Amaaraa Afaan hojii mootummaa federaala ni ta'a)

3. Members of the Federation may determine their respective languages. (Miseensonni Federeeshinii afaa isaanii irratti murteessuu nidanda'u)

Haala kanaan jijjiiramni cimaan mootummaa ammaan mul'atu afaanota sabaafi sabalammi dhimmoota hojii waajjiraalee mootummaaf, caasaalee bulchiinsaaf mana murtiifi barnootaaf oolchuu isaatinidha. Haaluma kanaan , mootummoonni naannoo biyyitti afaanota hojii naannoo isaanii filachuun dhimmoota adda addaaf qoqqooduun hojiirra oolchaniiru. Fkn. Afaan Oromoo naannoo Oromiyaa , Afaan amaaraa naannoo amaaraafi Finfinnee, Afaan Tigiree kan Tigiraayi , Afaan adaree kan naannoo hararii, Affaar naannoo Affaar , Afaan Sumaaleefi afaanonni hedduun mootummaa naannoo kibbaa sadarkaa aanaafi godinaatti afaan hojiifi barnootaa ta'uuf filatamuun hojiirra oolaniiru.

3.5 Garaagayummaa Afaan Karoorsuufi Afaan Waaltessuu (Language standardization and Planning)

Qo'attoota gidduutti fayyadama waaltina afaaniifi karoora afaaniirratti garaagarummaann nimul'ata. Kanneen akka tokkootti ykn garaagaraatti ilaalan nijiru. Fkn, ' Karam 1974 ' waaltina afaanii akka qaama karoora afaanitti kaa'eera. Qaamolee karoora sadii yoo ibsu waaltessuun isa tokkodha. Kanneen hafan lamaan barreessuu (graphization)fi ammayyeessuu (modernization)dha. Akka ' Tauzi 1974tti immoo adeemsi afaan ykn loqoda filachuufi itti yaadamni afaan guddisuun karoora afaanii ykn waaltina afaanii jedhamee waamamuu nidanda'a.

'Ansre 1974' waaltinni afaanii afaan tokkicha (Intra Language) keessatti kan raawwatamu ykn afaanota (Inter languages) ta'uu nidanda'a. Akka ibsa kanaatti , karoorri afaanii rakkolee afaan tokko keessa jiran ykn kanneen afaanota adda addaa gidduu jiru irratti hojjetaa. Waaltinni afaanii gaaruu , afaan tokko qofarratti xiyyeeffata. Akka ibsa kanaatti karoorri afaanii waaltina afaanii ibsuu nidanda'a.

Afaan tookkorratti yoo xiyyeeffannu waaltinaafi karoorri afaanii hiika waliif ta'uu nidanda'u. Haala afaanota adda addaa keesstti garuu waaltinni qaamolee karoora afaanii keessaa isa tokkodha. Waan kana ta'eef , karoorri afaanii waaltina afaanii caalaa bal'aadha.

Gocha -1

Gaaffilee armaan gadiif deebii madaalamaa kenni

1. Garaagarummaa afaan waaltessuufi afaan karoorsuu jiddu jiru baasi ibsi.

2. Dhimmi afaan waaltessuu qaama afaan karoorsuu ta'uu isaa hubannoo qabdu addeessi.

Cuunfaa

Hiikni imaamata afaanii akkuma boqonnaa olii keessatti ibsamuuf yaalametti murtoo, qajeelfama, danbii yookiin ejjennoo dhimma gulantaa faayidaa fayyadama, daangaa tajaajilaafi kabaja afaan(afaanonni) qaban irratti ibssa hubannoofi ejjennoo qaama imaamaticha hogganuu kan kennu akkasumas kallattii itti mirgi dubbattoota afaanota imaamatichi isaan ilaallatu itti mirkana'udha.

Karaa biraatiin imaamatni afaanii siyaasa afaaniti. Kaayyoon isaas ayidoolojii afaanii hordodu bu'ureeffatee hojii afaanotaa jajjabeessuu yookiin dhabamsiisuu, deeggaruu yookiin ukkaamsuu, sadarkaa ol'aanaa yookiin gad aanaa afaanotaaf kennuun haangoo dubbattoota sanaa hawaasa jidduutti hundeessuu yookiin molquu ta'uu nidanda'a.

Gosootni imaamata afaanii biyya biyyatti adda ta'uu kandanda'an ta'anii kan biyyoota bittaa kolonii warraa dhihaa jala turanii gosa kan afaan biyya isaanii yookiin kan warra bittoota isaanii duraanii qabaachuun imaamata lama qabaachuu nidanda'u. Isaanis:

1. Imaamata Indoogiloosikii
2. Imaamata Eksogiloosikii jedhamuun beekamu

Biyy Itoophiyaa afaanonni naannoo 70-80 ta'an kan keessatti dubbataman yookiin afheddummaan kan keessatti babal'atedha. Haaluma kanaan, Imaamatni Itoophiyaa maal akka fakkaatu beekuuf baroota bulchitooonni ishee adda addaa bulcha turan kanneen armaan gadii haala imaamata afaanii isaanii beekuun barbaachisaadha jechaa isaanis :

- ✍ Imaamata afaanii Itoophiyaa mootii Hayile Sillaasee duraa (Imaamata eeraan barraa'e qophaa'e kan hinqbneefi Imaamata afaan tokko filatanii guddisuu) qaba .
- ✍ Imaamata afaanii Itoophiyaa bara mootummaa Hayilesillaasee (Imaamata eeraan kaawwame kan calqabaa kan qabuufi Imaamata ifaa afaaniifi sanyiin huna waliin bituu jedhuufi afaan amaaraa qofaa bakka kan kennedha)
- ✍ Imaamata afaanii bara mootummaa dargii (Ilaalcha sooshaliizimii kan qabuufi Afaan amaaraa qofaan gargaaramaa kan turedha.)

✍ Imamata afaanii mootummaa yeroo hammaa (Afaannonni biyyatti hundi beekamtii walqixa argachuun Afaan Amaaraa afaam hojii Fedraalaa ta'ee Afaannonni biroon afaan hojii naannoofi sanaa gaditti kan jedhudha.)

BOQONNAA Afur

3. WAALTINA AFAANII









Seensa.





Kutaawwan darban keessatti ibsaafi shaakaloota adda addaa siifkennaman irraa Xiinloogaafi Karoora afaanii irratti hubbannoo gahaa akka argatte abdadha. Boqonnaa kana keessattis akkuma boqonnaawwan darbanii beekumsa kaayyoo koorsii kanaa galmaan gahuuf si barbaachisu akka argattuuf ibsoonni adda addaa shaakaloota adda addaa wajjiin siifdhihaatanii jiru. Jalqabarratti kaayyoon boqonnaa kanaa siifdhihaatee jira. Itti aansee beekumsa kanaan dura qabxiiwwan boqonnaa kana keessatti ka'an irratti qabdu akka madaaltuuf gaaffiiwwan madaallii siifdhihaatanii jiru. Kanaaf gara ibsoota boqonnaa kan keessatti kennamaniitti osoo hince'in dura kaayyoowaniif gaaffiiwwan ofmadaallii hojjachuun kee hubbannoo kee caalmatti cimsa waan ta'eef gaaffiiwwan kana xiyyeeffanaadhaan hojjadhu.

Boqonnaan kun yaadrimee Waaltina Afaaniitiif qabxiiwwan yaadrimee kanaan walittidhufeenya qaban irratti hubbannoo akka argattuuf qaphaa'ee. Jalqaba irratti maalummaan waaltin afaanii irratti ibsii siifdhihaatee jira. Itti aansuudhaan faaydaa waaltina afaanii, karaalee afaan ittiwaalta'uun, akkasumas afaan waalta'aa fi afaan hinwaalta'in jidduu adda addummaa jiru irratti ibsi siifkennamee jira. Dhuma irratti boqonnaa kana irraa hubannoo argatte ittiin madaaluu akka dandeettu gaaffiiwwan madaallii siifdhihaatanii jiru.

Kaayyoowwan Boqonnaa Kanaa.

Dhuma boqonnaa kanaatti

-  Maalummaa waaltina afaanii jecha mataa keetiitiin ibsuu dandeetta.
-  Faaydaa waaltina afaanii dandeetta.
-  Karaalee afaan ittinwaalta'uun irratti hubannoo argatta.
-  Miidhaa waalta'uu dhabuun afaanii dubbattoota afaan tokkoo irratti qabaachuu danda'u ibsuu dandeetta.
-  Garaagarummaa afaan waalta'aatiif afaan hinwaalta'in jidduu jiru ibsuu dandeetta.
-  Adeemsota waaltina afaani walduraa duubaan tarreesitta.
-  Akkaataa loogni waaltinaa ittiinfilatamu irratti beekumsa argatta.
-  Looga waaltinaa filachuu keessatti rakoollee muddachuu danda'an addaan baafatta.

-  Qaamolee waaltina afaanii keessatti qooda fudhatan addaan baafatta.
-  Waaltina Afaan Oromoo keessatti rakkoowwan gama adda addaatiin muldhatan addaan baafatta.
-  Adeemsota waaltina afaanii keessatti haala Afaan Oromoo ittiinwaalta'aa jiru irratti hubannoo waliigalaa argatta.
-  Ga'ee dhaabbattoonni adda addaa waaltina afaanii keessatti qaban ibsuu dandeetta.

Bartaa/ttu koorsii kanaa mee gara dubbissa boqqonnaa kanaatti osoo hin seeniniin dura gaaffiiwwan armaan gadii deebisuuf yaali.

1. Waaltina afaanii jechuun maali?

2. Afaan waalta'e afaan hinwaaltofneen maaltu adda isa taasisa?

Mee amma immoo deebii kee kutaa kana dubbisii mirkaneeffadhu.

4.1 Yaadrimee Waaltina Afaanii

Tajaajilli afaanii inni dursaan qunnamtiin namoota jiddutti akka jiraatu ykn akka uumamu taasisuudha. Karaan walqunnamtiin kun ittiin gaggeeffamuun inni durasaan karaa dandeetiiwwan afaanii afran (four language skills) jechuunis dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu dhimma bahuudhaan. Dhageeffachuufi dubbachuun afaan dubbiitiin (spoken language) hidhatu qabu. Dandeetiiwwan afaanii lamaan kun kan hawaasni akkuma naannoo isaatti ittiin tajaajilamu waan ta'ee loogaan hidhatu qabu. Loogni adda addummaa hawaasa afaan tokkotti fayyadamuun

walii galu jiduutti muldhatuudha. Dubbisuufi barreessuun garuu afaan barreeffamaa (written language) ilaallatu. Waa'een afaan barreeffamaa yoo ka'u waa'een waaltinaa biraa hinhafu. Kanaaf waaltini afaanii yeroo baay'ee kan ilaallatu afaan barreeffamaati. Kana yoo jennu garuu waaltinni afaan dubbiitiin hidhata wayiituu hin qabu jechuu miti. Afaan haawaasni afaan tokko dubbatu osoo itti hinyaadin afaan isaa haala walfakkaatuun itti tajaajilamuudhaan afaan sun waalta'aa akka ta'u taasisuu danda'a.

Afaan tokko keessatti adda addummaan jiraachuun amala afaaniitiin hidhata qaba. Adda addummaan afaan tokko keessa jiraachuun immoo nammoonni afaan tokko dubbatan haala adda addaatiin afaan sanatti akka tajaajilaman karaa bana. Gama biraatiin immoo qunnamtiin milkaa'aan (effective communication) itti fayyadama afaanii walfakkaataa ta'e barbaada.

Adda addummaan afaan tokko keessatti muldhatu kan xiqqaatu yoo dubbattoonni afaan sanitti fayyadaman afaan sanatti haala walfakkatuun tajaajilamuu danda'aniidha. Kun immoo milkaa'uu kan danda'u afaan sun yoo waalta'eedha. Kanaaf waaltinni afaanii gocha afaan tokko irratti taasifamu ta'ee; afaan sana keessatti adda addummaan jiru akka xiqqatu taasisuudhaan dubbatoota afaanichaa giddutti qunnamtiin milkaa'aan akka jiraatu taasisuudha

Qo'annoo hawaasummaafi afaanii (Sociolinguistics) keessatti karoorri afaanii kan akka qo'annoo haaraatti eegalame baroota 1960tti ture (Crystal 1987). Akka ibsa 'stewart' 1968tti waaltinni bifa idileefi alidilee (formal or informal)tti qoodamuu nidanda'a. Waaltinni idilee (formal standardization) adeemsa afaan tokko itti yaadamee waalteffamu kan ibsu yoo ta'u , waaltinni alidilee (informal standardization) immoo haala osoo itti hinyaadamiin hawaasni afaan tokko dubbatu waaltessaa deemuu agarsiisa.

4.2 Maalummaa waaltina Afaanii (Definition of Standardization)

Tajaajilli afaanii inni duraa walqunnamtii saffisiisuudha. Walqunnamtiin seeraan fiixaan ba'uuf afaan tokko bifa walfakkaatuun itti fayyadamuun barbaachiisaadha. Sababa jijjiiramaafi walfakkeenya afaaniitiin walii galtee jidduttu waldhabdeen jiraachuu nidanda'a. Afaan bifaan walfakkaatu gargaaramuun garuu walqunnamtii gaarii nitaasisa.

Kanaaf , garaagarummaan afaan tokko keessa jiru to'atamuu qaba. Kanaaf , waaltinni itti fayyadama afaanii walfakkaatu uumuuf jijjiirama afaaniifi garaagarummaa afaanii hir'isa. Waaltinni adeemsa ittin loogawwan afaan adda addaa keessaa inni tokko akka caaluutti ykn

loogaalee jiran makuun afaan waalta'e tokko ummata afaanicha dubbatan hunduma biratti fudhatama akka argatu taasifamu ykn koodii kennuu (Codification) agarsiisa. (Ferguson 1968) Waaltinni akka adeemsa (process)tti ilaalamus niqaba. Sabaabni isaas, afaan kanneen du'aniin ala yeroo hudumaa jijjiirama keessa jiraachuufi garaagarummaa qabaachuu isaaniitiinidha.

Akkasumas, waaltinni afaanii maaltu afaan keessatti dabalammuu akka hinqabne irratti walii galuudha. Hayyuun ' Haugen 1966' afaan tokko waaltessuu keessatti loogaalee jiran keessa tokko waalta'aa taasisuuf sadarkaalee muraasa keessa darbuun dirqama jedha. Isaanis : filachuu (Selection) ykn loogaalee keessa tokko filachuu , mogaasuu (Codification) : ykn seerlugaafi galmee jechootaa qopheessuufi babal'isuu, (Elaboration) : ykn afaan waalta'e san ogbarruu , mana murtii , barnoota , bulchiinsaafi daldala keessatti fayyadamuudha. Itti dabaluunis , 'Codification ' fu ' elaboration'iin yoo uummatichi filannoo loogaa yaadaan irratti walii galuufi jaallatanii akka fudhatan taasifame malee fiixaan barumsa amansiisaa hinqabu.Kanaaf , filannoo (norm selection) adeemsa waaltessuu keessatti murteessuudha.

Waaltessuun adeemsi isaa gareewwan uummataa bal'aa waan hammatuuf tokkummaa isaanii mul'isuun faayidaa niqaba. Akkasumas , walitti isaan fida jechuudha. Gama biraatiinis adda ba'insa uummatichi kan biroorra qabu nimul'isa. Kanaaf , adee,so osa eenyummaallee calaqqisiisuun nitajaajila. Kanas kan taasisu :

- Namummaa (regional)
- Hawaasummaa (social)
- Sabummaa (ethnic)fi
- Amantaa (religious) isaan gurguddoo mul'isuun ta'a.

Kanneen afaan waalta'e sana hojjiirra oolchaniifi hin oolchine adda baasuufis ; waaltinni afaanii namoota sirriitti itti fayyadamaniif kabaja qaban nidabala. Kanneen looga ykn bifa hinwaalteffamneen dubbachuu itti fufan immoo akka ceepha'aman nitaasisa. Kanaaf , akka kaayyoo amala afaanichaa seera dubbii adda ta'e fayyadamaniiti ni ilaalama.

Yeroo baay'ee afaan waalta'e sanatu tajaajila barreeffamaaf oola; mana barumsaafi dhalattoota biyya alaa tajaajila barnootaaf fayyada: Irra caalaatti namoota barataniin nidubbatama; tamsaasa sabqunnamtiifi kan biroof niola. Haata'u malee , garaagarummaan bifa waalta'aa ta'uufi dhiisuun yaadrimeewwan idilee (formal)fi al-idilee (informal) ta'uu waliin wal hinqabatu ykn

yaada yaada yaada gaariifi yaraa jedhu ofkeessa hinqabu. Kana jechuun afaan waalta'e tokko bifoote idilees alidilees ofkeessa qaba.

Waalinni afaanii bifoote loogaalee naannoo (local)fi dubbattota isaanii irratti dhiibbaa cima nigeessisa. Fudhattamummaa isaanii hir'isaa adeema. Osoo hinjaallatiin bifa ykn looga isa waalta'e filatame sanatti ofmadaqsaa adeemu; kanaafuu, dubbattoota kanneen looga naannoo isaanii akka hinbadne eegaa itti fayyadama isaa kan biyyoolessaa (isa waalta'e) fudhachuu barbaadan irratti rakkoo niuuma.

Yeroo tokko tokko mootummaan is to'achuuf ykn jajjabeessuuf waaltina afaanii keessatti nihirmaata. Fakkeenya: Akkadaamii afaanii (Language Acadamy) hundeessuun isa tokkodha. Altokko tokko waalinni siyaasaan walqabatee nitaasifama. Kunis kan taasifamuuf :

- Sabbonummaa lammiilee cimsuuf
- Eemnyummaa lammiilee tokkicha horachuuf
- Jireenya siyaasaa namootaa jajjabeessuuf
- Qulqullina afaanichaa eeguuf (afaanicha ammayyeessuuf) ta'uu nidanda'a

Biyyoota tokko tokko keessatti adeemsi waaltina afaanii mormiin isa mudachuu nidanda'a. Kunis kan ta'uu danda'u sababa ilaalcha nannummaa (regional resistance) dha. Kana malees , looga naannoolee fudhachuu keessatti isa waaltinaaf filatamee akka afaan dur irraa eegalee tureetti barsiisuufi guddisuu kanneen afaan immoo tuffachuun mul'achuun rakkoo kan biroodha.

Adeemsi waaltina afaanii ifaatti garaagarummaa afaanii ykn loqodaa dhabamsiisuuf ykn hir'isuuf taasifamudha. Haata'u malee , garaagarummaan afaanii uumamuun kan jiraatuufi jijjiirama afaaniif sababa nita'a. Kanaaf , garaagarummaan afaan tokko keessa jiraachuun dirqamas barbaachisaadhas, Haala kanaan , waalinni afaanii afaanota matuma isaanii irraatti yoo ta'u baate immoo namoota kanneen adeemsa waaltessuu keessatti hirmaatann irratti dhiphina nifida. Sababa kanaaf, akkadaamiin afaanii biyyoota hedduu waaltessuu irratti rakkoon isaan mudatee waan taasisan (hojjetan) isaan rakkisee jira.

Gochaa 2

Gaaffilee armaan gadii hubannoo armaan olitti argatterratti hundaa'uun ibsi deebisi.

- 4 Afaan waaltessuu jechuun maal jechuu akka ta'e ibsa barbaachisaa ta'e kenni.

- 5 Babaachisummaan waaltina afaanii hangam sitti fakkaata ? Bal'inaan ibsi deebisi.

Waaltina afaaniif hiika olitti baratteen dabalataas yaadni barreessaa kanbiroo haala itti fufu kanaan waan kawwameeruuf karaa lamaaniinuu hubachuun isa kam irratti akka xiyyffachuu qabdu dareetti yommuu tutooriyaalii fuulaa fuula barsiisaan kee kan siqabsiisu ta'uus hubachaa dubbisi. Afaan ilma namaa uumama isaatiin jijjiiramaadha. Jijjiiramaa ta'uun afaanii immoo afaan tokko keessatti adda addummaan gama adda addaatiin akka jiraatuuf sababa ta'a. Adda addummaan afaan tokko keessatti gama adda addaatiin jiru looga akka jedhamu ibsoota kutaawwan darban keessatti kennaman irraa hubatee jirta.

Faaydaan afaanii inni hangafaa qunnamtii (communication) dubbattoota afaan tokkoo jiddutti akka uumamu taasisuudha. Qunnamtiin milkaa'aan immoo ittifayyadama afaanii walfakkaataa ta'e barbaada. Kana jechuun dubbattoota afaan tokkoo jiddutti qunnamtiin milkaa'aan jiraachuu kan danda'u afaan dubbattoonni ittifayyadaman kan walfakkaatu yoo ta'edha. Gama biraatiin afaan ilma namaa immoo jijjiiramaadha. Jijjiiramaa ta'uun afaanii immoo afaan tokko keessatti adda addummaan afaan tokko keessatti akka uumamu taasisuudhaan qunnamtiin dubbattoota looga addaa dubbatan jidduu jiru akka xiqaa taasisuu danda'a.

Afaan ilma namaa jijjiirammaa ta'uun isaatiif ; qunnamtii milkaa'aan ittifayyadama afaanii walfakkaataa barbaaduun isaa dhugaalee walfaallessan fakkatu. Dhugaalee lamaan kana walsimsiisuuf jijjiirma afaanii tohachuun yookaan adda addummaa afaan tokko keessatti

mul'atu xiqqeessuf gochi **Afaan Waaltessuun** barbaachisaa akka ta'e hayyoonni Xiinqooqaa irratti waliigalu.

Gochi afaan waaltessuu gutumaan guttutti jijjiirama afaanii kan dhabamsiisu osoo hintaane jijjiiramni afaanii akka xiqqaatu taasisuudhaan adda addummaan afaan tokko keessatti mul'atan akka xiqqaatan taasisuudhaan dubbattoonni yookaan ittifayyadamtoonni afaan tokkoo afaan walfakkaatu akka fayyadaman taasisa. Kanaaf waaltinni afaanii gocha afaan tokko keessatti jijjiiramaafi adda addummaa jiru xiqqeessuudhaan Qunnamtiin Milkaa'aan akka jiraatu taasisu. Yaada kana ilaalchisee Milroy (1999: 27) “standardization hinders linguistic change, but it doesn't prevent it totally. In other words, standardization reduces language change and variation by proposing a standard form and creates uniformity of language use.” Jechuun ibsa.

Hayyoonni Xiinqooqaa maalummaafi adeemsa waaltina afaanii ilaalchisee ibsoota adda addaa kennu. Akka hayyoonni heddu irratti waliigalanitti Waaltini Afaanii adeemsa loogni tokko barbaachisummaa faaydaa caalmaa ta'e argachuudhaan sirni barreeffama qophaa'eefi sirna seerlugaatiif barreeffama afaan tokkoo keessatti faaydaa irra ooluudhaan dubbattoota afaan tokkoo hunda biratti fudhatama qabu argamsiisuudhaan qunnamtii dubbattoota afaan tokkootiif akka oolu haala mijeessuutti.

Standardization is the process by which a particular dialect of a language acquires or is assigned functional importance greater than the other dialects and is subject to codification and stabilization. Through these processes it acquires a publicly recognized and fixed form, in which norms are laid down for 'correct' usage as far as grammar, vocabulary, and spelling are concerned (Trudgill, 2003).

Akka hayyuun Silverstein (1996: 285–286) waaltina afaanii hiikutti, “standardization . . . is a phenomenon in a linguistic community in which institutional maintenance of certain valued linguistic practices – in theory, fixed –acquires an explicitly-recognized hegemony over the definition of the community's norm.” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti waaltinni afaanii haala hawaasa afaan tokko dubbatu keessatti ittifayyadama afaanii caalmatti fudhatama qabuufi ittifayadama afaanii hawaasicha keessatti argaman isaan biroo irra caalmaa qabu, akkasumas hawaasicha keessatti ittifayadama afaanii sirrii akka ta'etti fudhatama qabaatee faaydaa irra oolu ittiin murtaa'uuti.

Gama biraatiin waaltinni afaan adeemsa afaan tokko afaan barreeffamaa ta’u yookaan loogni afaanii tokk loogoota afaanicha keessatti argaman isaan biroo irra caalmatti hojii irra itti ooluufi dubbattoota afaanichaa hunda biratti fudhatama ittiin argatuutiif akka looga caalmaa qabuutti hojii irra ittiin ooluuti. Standardization refers to the process by which a language is codified or one variety of a language becomes widely accepted throughout the speech community of that language as a supra dialectal norm (Ferguson, 1968: 31; Wardhough, 1992: 30).

Milroy (1999:173) immoo maalummaa waaltinaa yoo ibsu “standardization is best treated as a process,...” because of the fact that “all languages (except dead languages) vary and are in a constant state of change...” jedha. Kana jechuu waaltini afaani akka adeemsa yeroo dheeraa fudhatuuttii ilaalummu qaba. Sababni isaas afaan ilma namaa kamuu jijjiiramaa ta’uu isaatiin walqabata. Kanaaf akka yaada hayyuu kannatti afaan ilma namaa kamiyyuu yoo tajaajila irra jira ta’e jijjiiramuun isaa waan hin oolledha. Kanaaf waaltinni afaanii wanta yeroo tokko keessatti rawwatu osuu hin taane hanga afaan sun tajaajila irra jirutti waaltinni afaaniitiis wajjiin kan jiraatu ta’uu isaati.

Walumaa galatti yaadoleen hayyoota adda addaatiin kennaman kun kan argisiisan afaan tokko keessatti adda adduummaa jiru xiqqeessuudhaaf adeemsi waaltinaa kan barbaachisu ta;uu isaati. Afaan tokkoon haala walfakkatuun barreeffamaan waliigaltee uumuun akka danda’amuuf afaanicha afaan saayinsiif teeknooloojii taasisuuf tarkaanfiin fudhatamu waaltina jedhamuu danda’a. haalli walfakaatu kan hawwasni tokko ittiin hojjachuuf ykn ittiin waliigaluuf mijeeffatu immoo looga waalta’aa (standard dialect\ supper dialect) jedhamuun beekama

4.3 Kaayyoo Afaan waaltessuu (Aims of Language Standardization)

Biyyoota garaa garaa keessatti afaan waaltessuun ka’umsaafi sababa gaaraa garaa kanisaa haaqabaatuyyu malee ka’umsoonni baramoon kanneen gadiiti jedhamanii beekamu.

- a. Saba tokko guddisuu (to develop a nation)
- b. Walii galtee salphisuu (to facilitate communication)
- c. Akka moodeliitti tajaajiluuf ykn akka hundi ittiin gargaaramuu danda’u (to be used as a model.)
- d. Barsiisuu salphisuuf ykn hawaasni hundi hubatee ittin baruuf.

- e. Fedhii siyaasaa tajaajiluuf (Ittiin walii galuun umnoota biyya keessaafi alaa jalaa bilisoomuuf

4.4 Gulantaalee Waaltina Afaanii (Language standardization Phases)

Waaltinni afaanii gulantaalee heddu akka of keessa qabu hayyoonni afaanii bal'isaniif lafa kaa'aniiru. Isaanis:

- ❖ Muteessuu (determination)
- ❖ Koodii bakka bu'insaa kennuufii (Codification)
- ❖ Gabbisuu (Elaboration)
- ❖ Hojiirra oolchuu (Implementation)
- ❖ Kunuunsuu (Cultivation)
- ❖ Walsimsiisuu (Harmonization)

4.4 .1 Murteessuu :- Biyyoota afaanonni hedduun keessatti dubbatamanitti murteessuun gama sadarkaa afaanii karoorsuutiin filatamuu afaanii /afaanotaa tajaajila walii galaa addaa sadarkaa naannootti , biyyoolessattiifi addunyaatti qabaachuu danda'an adda baasuun akkuma jirutti kaa'uudha. Gama waaltina afaaniitiin garuu murteessuun waanta hawaasni waaltinich keessatti hammatamu huda irraatti waliif galuufi akka yaada wabiitti eeruun afaan filatame akka qabaatu taasisuufha.

Murteessuu keessatti loqodni tokko ykn tokkoo ol loqoda waalta'e ta'ee akka filatamuuf safaruwwan asiin gadiitti eeraman akka bu'uraatti hayyootni hedduun waliif galu.

- a. Baay'ina dubbattoota afaanichaa (loqodicha) akka afaan dhalootaafi hintaanee hedduu qabaachuu .
- b. Hang baay'ina 'dokimantii' ykn barreeffama (ogbarruu) osoo afaanichi (loqodichi) hinwaaltawiin qophaa'an jiraachuu.
- c. Seenaafi aadaan kabajamuu (prestige) : afaanichi (loqodichi) dubbattoota afaanicha akka afaan dhalootaatti hindubbanne biratti qabu.
- d. Qulqullina afaanichaa (purity) ykn afaanich (loqodichi) osoo wal hinlaaqiin dubbattoota dhalootaan haasa'amuu isaa

- e. Seenaa , aadaafi amantaa kabajamaa dubbattoonni afaanichaa qaban.
- f. Ol'aantummaa afaanichi/ loqodichi gama dinagdedfi siyaasaan dubbattoota afaan dhalootaafi hintaane biratti qabu.

4.4.2 Koodii bakka bu'insaa kenniifii

Loqoda afaan tokkoo waaltinaaf filame sun akkaataa barreeffama loqoda waaltina keessatti hammatameen walsimsiisuun tokko taasisuudha. Innis kan ta'u akkaataa barreessuu loqodoota waaltawa afaanicha bifa walfudhachiisuun ta'uu qaba. Fkn, Afaan Oromoofi afaanonni Afrikaa biroon akkaataa barreessuu Roomaa, Giriikiifi Arabaa gargaaramu. Innis afaanota Afrikaa kan fooya'insa xiqqaa qubee foonatikii addunyaarra (IPA) argameen haala sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu bakka bu'aniinidha. Kanneen akka afaan amaaraafi kanbiroon afaanota Afrikaa biroo qubee mataa isaanii kan qaban ta'anii akkaataa barreeffama dubbachiiftuun bira hubjirre (mono syllabic) kan qabanidha.

4.4.3 Gabbisuu

Waalina afaanii keessatti keessumaa afaanota hakuuccaa jala turanii har'a tajaajila dubbattoota isaaniif ga'an yoo ilaalle, rkkinni guddaan isaan qunnamee mul'achaa jiru rakkoo hanqina tarminoolojiiti. Yeroo kana garuu guddina saayinsiifu teekinoolojii waliin afaanonnis guddachuun tarminoolojii isaanii dabalaa jiru. Guddinni isaa keessumaa biyyoota guddachaa jiran keessatti guddina afaan isaaniif baayyee barbaachisaadha. Guddinni tarminoolojii kunis gama tajaajila waliigaltee daldalaa , ogummaa , barnootaa, saayinsiifi teekinoolojiifi kanbiroon ta'uu nidanda'a.

Keessumaa tarminolojiin afaanii , herregaa , keemistirii , baayoloojii , ji'oogiraafiifi kan barnoota kan biro qopheessuuniifi galmee jechoota mataa isaanii akka qabaatan taasisuun baayyee murteessadha.

Qophii tarminoolojiifi galmee jechoota kanaafis akkaadaamiin afaanii karoora korpasii keessatti ogeeyyota xiinqooqaa dabalatee garee qooda fudhachuu qaban mara hirmaachisuun barbaachisaadha.

Karaaleen tarminoolojiin ittin guddachuu danda'u hedduu ta'anillee , muraasniifi beekamoo kan ta'an:

1. Ijaarsa (Compostion) :- Xiinsaga = xiinxal + sagalee
Sabqunnamtii = saba + qunnamtii
Rogsadee = Roga + sadee
2. Dariveeshinii (Derivation method):- Maxxantoota duraa, gidduufi duubaa duraan jiranrratti maxanuun jecha bira uumuudha.
Fkn. Barat_____ Barataa,barattuu , barumsa , barachuu , barnootafi kkf.
3. Hiika bal'isuu (Semantic expansion) :- Jechi (tarmiin) tokko hiika duraan qaburraa kan biraa yommuu argatu ykn hiikasaa duraa gadhiisee kan biraa argachuun tarminoolojii argachuudha.
4. Gabaajee (abrivation) :- Jalqaba qubee jechootaa fudhachuudhaan akka tarmii (jecha) haaraatti gargaaramuudha.
Fkn. BBO – Biiroo Barnootaa Oromiyaa
WMO- Waldaa Misooma Oromiyaa
5. Jecha (tarmii) haaraa uumuun yeroodha yerootti haala waaltina afaaniin ta'atamuun yaadrimee afaanichaa babal'isuuf jechoota jijjiirraaf ta'an garaagaraa dabaluudha.
6. Ergifachuun (borrowing) :- kun mala afaanonni qaban keessa tokko ta'ee ergifannaa jechotaafi sadarkaa biroo ta'uullee nidanda'a.

4.4.4 Hojiirra oolchuu (Implementation)

Hojiin qubeefi seera barreessuu afaanii qopheessuu , tarminoolojii babal'isuufi caasaa giddu galeessaa afaanichaaf gabbisuu erga raawwatee booda adeemsa hojii afaan waaltessuu keessatti tarkaanfiin itti fufu hojiitti jijjiiramuu danda'uu isaati. Akka walii galaatti hojiin afaan waaltessuu qaama hojii karoora korpasii waan ta'eef qaamoleen hawaasaa kan akka ogeeyyota xiinqooqaa , Xiinqooqa hawaasummaa . barsiisota , artiistoota . gaggeessitoota gartuu hawaasa afaanii haalan kan qooda keessatti fudhatan yoo ta'u hojiirra oolmaa isaatiif garuu qoonni qopheessitootaa imaamata afaanii murteessadha. Hawaasnis galma ga'insa dhimmichaaf fedhii guutuun kan simate ta'uu qaba. Haalli kun rakkisaa ta'uullee kan adeemsifamuu danda'u paampileetii hawaasaan ga'uun , raadiyoofi Televiiziyoonaan beeksisuun , manneen barnootaa

gadii oliitti hojiirra oolchuun ,leenjii yeroo gabaabaa hojjetoota mootummaafi barattootaaf kennuun ta'uu nidanda'u.

4.4.5 Walsimsiisuu

4.4.5.1 Walsimsiisuu Biyyoolessaa (National Harmonization)

Kaayyoon gosa walsimsiisuu kanaa jiraattoonni uummata biyya tokkoo afaan dubbii garaa garaa osooma qabaatanii yoo xiqqaate afaan ittin barreessuufi dubbisuu danda'an tokko akka biyyatti qabaachuu qabu jechudhaanidha. Kan afaan waaltawe sanaan barreessuufi dubbisuun itti fufa jechuudha.

4.4.5.2 Walsimsiisuu addunyaa (International Harmonization)

Walsimsiisuun kun walsimsiisuu afaanota daangaa biyyaa ce'anii dubbatamanii ilaallata. Keessuma Afrikaa keessatti afaanonni saba tokkoon dubbataman daangaa biyyoota tokkoo ol keessa kan jiraatan ta'uun beekamaadha. Fkn. (Biyya Itoophiyaafi Keeniyaa keessatti), Afaan Hawusaa (Naayijiiriyaafi Niijer keessatti) . Kiswaahilii (biyya Tanzaaniyaa. Keeniyaa . Ugandaa) keessatti dubbatamu. Kanaaf . biyyoonni kunneen qubee ittin afaan isaanii bakka buusanii seera barreessuu walfakkaatu qabaachuu nidanda'u.

4.4.6. Kunuunsuu

Afaan waalta'e tokko akka hojiirra ooluuf erga labsameen booda deeggarsiifi to'annaan gama bakka bu'ootaafi koree akkaadamii afaaniin taasifamuu qaba. Afaan waalta'e haala gaariin hojiirra oolmaan isaa eegale tokko hinkunuunfamuu taanaan waaltawummaan isaa hafee waliin morkiin loqodoota afaanicha jidduutti kan itti fufu ta'uun beekamaadha. Kanaafuu, qaamoleen kunuunsaaf itti gaafatummaa qaban :-

- Qajeelfamoota akkaataa afaan waalta'e sun itti barreeffamu cimsuun danda'amurratti yeroodha gara yerootti qopheessuun gadhiisuudha.
- Wantoonni barreeffaman hundi, kitaabota garaagaraa dabalatee, afaan waalta'e sanaan barreeffamaa jiraachuu isaanii hordofuu
- Jechoonni yeroo yerootti Uumamanii afaanichatti dabalaman kan dura yaad-rimee tokko bakka bu'ee jiru wajjin hiika walfakkaatu qabaatee akka hindhiyaanne

hordofuu. Sababiin isaas, yaad-rimeen tokko jechoota tokkoo oliin yoo bakka bu'e waaltina afaanicharratti dhiibbaa niqabaata.

Sagantaa Raadiyoo, galaalchaan adda addaafi waldorgommiin barreessuufi dubbachuu afaan waalta'e sanaan qophaa'ee badhaasa argamsiisuu yeroodha yerootti dhiyeessuun sammuu hawaasicharratti dhiibbaa fiduun tooftaa filatamaadha. Afaanota acuuccaa jala turanii waalta'anii afaan biyyoolessaafi sanarrayyu darbanii afaan daangaa biyyaarra darbee namoota afaan dhalootaa isaanii hintaane jidduutti dubbatamuun afaan bal'inaan dubbatamu ta'uutti dhufan keessaa akka fakkeenyaatti kan eeramu afaan ' Afrikaanaati'. Afaan Afrikaanaa kan dubbatamu biyya Afrikaa kibbaatti yoo ta'u erga afaan waalta'e ta'ee booda kunuunsi godhmuufiin akka inni sadarkaa kana qabaatuuf sababa ta'eef. Kunis kan ta'uu danda'e fedhiifi jaalala dubbattoonni waaltina afaanichaaf qaban yoo ta'u afaanichi har'a afaan tekniinoolojii hammayyaafi afaan waliigaltee hawaasa qaroomee jedhamuuf ga'eera.

Gochaa 4

Gaaffilee armaan gadii kan olitti hubatteratti hundaa'uun deebisi

1. Afaan waaltessuu keessatti koodiin afaanicha bakka bu'insaaf (Codification) filatame amaloota inni qabaachuu malu addeessi.

2. Hojii waaltessuu afaanii keessatti gabbisuun (Elaboration) maaliif akka barbaachise gabaabsi ibsi.

3. Karaa ittin tarminoolojiin afaan tokkoo gara afaanichaatti dabalamuu danda'u agarsiisi.

4. Afaan tokko erga waalta'e hojiirra oolee booda maaliif kunuunfamuu akka qabu ibsaan garsiisi.

5. Walsimsiisuun afaanii afaan waaltina keessatti faayidaafi miidhaa inni qabaachuu danda'u maal akka ta'e barreessi.

4.5 Karaa Ittin Afaan Waalta'u (Approaches to Language Standardization)

Akka namichi, ' Mismang 2001: 166 ' jedhamu kaa'etti afaan karaalee beekamoo lamaan waalta'u nidanda'a. Isaanis :

1. Karaa loogii ta'een (Discriminatory approach)
2. Karaa Paandiyaalektikaal (Pan-dialectical approach)

1. Karaa loogii ta'een (Discriminatory approach) :- Karaa kanaan afaan waaltessuu jechuun afaan/afaanota ol'aantummaa qaban qofa filatanii waaltessuun kanneen hinwaalta'iin looga hawaasa isaanii keessa bahuu jechuudha. Karaan waaltessuu kun baayyee beekamaafi biyyoota afaan baayyee dubbatan garuu mirgi afaanotaa walqixa hinkabajamnetti kan hojiirra oola jirudha. Sababni biyyoonni karaa waaltessuu kan filataniifis dubbattoota afaan garaagaraa afaan tokko akka dubbatan taasisuun eenyummaa isaanii gara eenyummaa uummata tokkootti fiduudhaafidha.

2. Karaa Paandiyaalektikaalii :- Akka hayyuun (Wolf 2000: 333) Jedhutti karaan waaltinaa kun loqodoonni ykn afaanonni haala diimokiraatawaafi ogeeyyoonni kallattii adda addaan keessatti hirmaatanii kan raawwatamudha. Haaluma kanaan , amalli loqodootaa/afaanotaa gara waaltinaatti dhufanii afaan isa waalta'e keessatti mul'atu. Karaan kun walsimsiisuu afaanotaa (linguistic harmonization) wajjin walfakkaata.

-

Gocha -5

Gaaffilee kanneen hubannoo olitti argatterratti hundaa'uun deebisi.

1. Karaalee ittin afaanonni waaltawu danda'an eeriiti maalummaa isaanii ibsi.

2. Karaalee waaltina afaanii keessa isa kamtu gaaridha ? Maaliif akka ta'e ibsi.

Karaalee waaltina afaanii olitti baratte cinaattis afaan karaalee gurguddoo lamaa waalta'uu nidanda'a.

1. Karaa idilee (formal)
2. Karaa al-idilee (informal)

Karaan idilee jedhamu itti yaadamee afaan tokko yoo qaamolee adda addaatiin karaa afaan ittiin waalta'u. kana jechuun afaan tokko akka waalta'uuf adeemsonni waaltinaa walduraa duubaan taasisuudhan afaan tokko akka waalta'u taasisuun waaltina idilee jedhama. Mala waaltinaa kana keessatti dhaabileen waaltina afaanii kanneen akka akkaadaamii afaanii, koree waaltina afaaniitiif kkf dhaabbachuudhaan adeemsa isaa kan hordofaan ta'a.

Karaan inni lammaffaan afaan ittiin waalta'u karaa al-idileeti. Karaa kanaan hawaasni afaan tokko dubbatu osoo itti yaadin adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti dhawaataan afaan karaa ittiin waalta'uudha. Kana jechuun dhaabiileen afaan waaltessan bakka hinjirretti hawaasni ofuma isaatii osoo itti hinyaadin adeemsa keessatti looga hawaasni hundi irratti walii galu tokko yoo uumatu afaan sun karaa al-idileetiin waalta'e jechuu dandeenya. Haata'u malee seenaa waaltina afaanotaa keessatti afaanooni karaa kanaa waalta'an waan jiran hinfakkatu. Karaa kanaan afaan tokko haala barbaadameefi yeroo barbaadamette afaan saayinsiif teeknooloojii gochuun hindanda'amu. Akkaataa kana keessatti waaltina afaanii eeguunis rakkisaafi waan ta'uu hindandeenyedha.

Waalinni afaanii karaa idilee ta'een ykn itti yaadamee gaggeeffamu maleenya (approaches) lamaan raawwachuu danda'a.

1. Maleenya ajajaa
2. Maleenya ibsaa

Maleenya ibsaan haala waaltina afaan tokkoo keessatti haala afaanicha keessa jiru ibsuudhaan caasaaleen waaltinaaf ta'an hawaasa afaanichattii tajaajilamuuf dhiheessuudhaan hawaasni filannoowwan jiran keessaa akka filatu filannoo dhiheessuudha. Maleenyi ajajaan immoo afaan waalta'aa tahuu qabu dhiheessuudhaan hawaasni hojii irra akka oolchuuf qajeelfama wajjiin dhiheessa. Gabaabummatti maleenyi ajajaan caasaalee waaltinaa dhiheessuu qofa osoo hintaane akka hojii irra oolanis taasisa.

4.6 Malleen Afaan Waaltessuu

Karoorri afaanii damee xiinqooqa hawaasaa keessatti damee dhiheenya dagaaguu irratti argamu ta'uu isaatiin walqabatee yaddidamooniif adeemsa waaltina afaanii irratti odeeffannoowwan gahaa ta'an hinjiran. Haata'utii hayyoonni qo'annoo karoorra afaanii irratti qo'annoo adeemsisan tooftaalee karoorra afaanii keessatti barbaachisoo ta'an dhiheessuuf yaalanii jiru.

Adeemsonni waaltina afaanii karaa lamaan ilaallamuu danda'u. gama tokkoon waalinni afaanii ibsaa ykn addeessaa (descriptive) ta'uu danda'a. karaa kanaan waalinni afaanii dhugaa itti fayyaddamma afaanii tokko keessatti mul'atu addeessuu irratti xiyyeeffata. Karaan lammaffaan waalinni afaanii ittiin ilaallamu immoo karaa seera baasaa ykn daangessaa (prescriptive) ta'eeni. Karaan waaltina afaanii inni kun faalla isa tokkoffaa yoota'u, adeemsa waaltinaa karaa kanaa taasifamu keessatti ittiffayyadama afaanii tokko keessatti seeronni ittiffayyadama afaanii sirri ta'ee murteessuudhaan hawaasa afaan tokko dubbatu biratti ittiffayyaddamni afaanii walfakkataa ta'e akkaa jiraatu karaa bana.

Akka hayyuun Tauli (1974:63) jedhutti malli waaltinaa addeessaan (descriptive) ta'e itti fayyadama afaan tokkoo xiinxaluudhaan looga waalta'aa irratti karaa agarsiisuu malee kallattiidhaan looga waalta'aa murteessuun galma mala kanaatii miti. Malli waaltinaa daangessaan (prescriptive) garuu ittiffayyadama afaan tokkoo keessatti looga waalta'aa daangessuu akkaa galmmatti qabachuudhaan afaan tokko keessatti addaa addummaa itti fayyadama afaanii argaman keessaa isa waalta'aa ta'uu qabu murteessuudhaan dubbattoonni

afaanichaa haala idilee keessatti looga akka waalta'aatti murtaa'ee kanna faaydaa irra akka oolchan taasisa.

Karaa biraatiin akka hayyuun Stewart (1968:534) jedhutti waaltinni afaanii idilaawaa ykn mitti idilaawaa jedhamuudhaan bakka lamatti qoodamuu danda'a. akka hayyuun kun ibsetti waaltana afaanii Idilaawaa kan jennuun adeemsi waaltinaa sun ittiyaadamee kan taasifamu ya'e. gama biraatiin dubbattoonni afaan tokko dubbatan osoo itti hinyaadin akka tasaa ykn sababoota adda addaa irraa afaan isaanii gara itti fayyadama afaanii walfaakaataa ta'eetti yoodhufan adeemsi waaltinaa sun miti idilaawaa jedhama.

4.7 Barbaachisummaa Waaltinaa

Waaltini afaanii maaliif barbaachisa sitti fakkaata?

Loogni namoota heddu biratti beekamaafi fudhatamaa ta'e jiraachuun dubbattoota afaan tokko dubbatan caalmatti akka walii galan taaasisuudhaan waliigaltee cimsa. Kanaaf faaydaan waaltina afaanii inni dursaan adda addummaa afaan tokko keessatti mul'atu xiqqeessuudhaan waliigaltee cimsuudha.

Faaydaan waaltinaa inni biraa afaan tokko afaan saayn=insiif teeknooloojii ta'ee akka tajaajiluuf gahumsa akka qabaatu taasisuudha. Kana yoo jennu afaan kamiyyuu afaan saayinsiif teeknooloojii tahuu ni danda'a; garuu afaan saayinsiif teeknooloojii tahee tajaajiluudhaaf yaadrimeewwan saayinsiif teeknooloojii adda addaa ibsuu akka danda'u afaan sun jechoota yaadrimeewwan sana bakka bu'uu danda'an hojii irra oolchuu qaba. Haalli kun deebii kan argatu immoo adeemsa waaltina afaanii keessatti waan ta'eef waaltini afaanii barbaachisaadha,

Kana malees afaan tokko keessatti hawaasni afaan sanaan haala walfakaatuun dhimmoota adda addaa keessatti akka itti tajaajilamuu danda'u waaltini afaanii barbaachisaadha. keessattu afaan tokko daangaa tajaajila isaa duraan qabu irraa baldhifatee tajaajiloota hawaasummaa kanneen akka siyaasaa diinagdee barnoota, bulchiinsa fi kkf keessatti tajaajiluu yoo eegaluu haalaan itti

yaadamee waalta'uu qaba. Kanaaf afaan tokko tajaajila duraan qabu baldhifatee faaydaa irra oolchuu irratti waaltini barbaachisaadha.

Afaan tokko yeruma mara bakka maratti, akkuma hawaasaa, jijjiirama keessa waan jiruuf garaagarummaan haasawaa kan faaydaas ta'ee fayyadamtoota bu'ureeffatae hedduminaan keessatti calaqqisuun hin oolu. Adda addummaa kana manneen barnootaa, siyaasaa, bulchiinsaafi kkf keessatti ittiin hojjachuu, guddina saayinsiifi teeknooloojii, diinagdee, hawaasummaa sansaakkaafi hubannoo hawaasaa goonfachiisuun rakkisaadha. Kun ammo jaalala, tokkummaafi eenyummaa hawaasichaa eeguuf ibsuu irratti rakkoo ni qabaata. Kanaafuu waaltini afaanii rakkooleen kunniin akka hin uumamneef haala mijeessa. Gabaabummatti guddina kalheddee hawaasichi hawwu saffisiisuun dalagaalee kallattii hendaan barnoota, diinagdee, siyaasaafi kkf keessatti gaggeeffaman saffisiisuu irratti barbaachisummaan isaa ol aanaadha.

Adeemsi kun kan olitti gulantaalee waaltina jehamee dhiyaateen kan walfakkaatu ta'ee karaan kunis akka jiru agarsiisuuf ala kan koorsii kanaaf irratti xiyyeeffatamu kan adeemsota kana gulantaalee ja'aan kaa'e irratti akka ta'u barattooni hubachaa gargaaramuu qabu.

Afaan tokko waaltessuuf dhimmoota xiyyeeffannoo keessa galuu qaban maal fa'a akka tahan iddoo armaan gaditti siif keenname irratti addeessi.

Waalinni afaanii adeemsa yeroo dheeraafi xiyyeeffannaan guyyaa guyyaadhaan isa barbaachisuudha. Inummaa akka hayyoonni baay'een irratti waliigalaniitti hanga afaan jirutti waaltini isaas waan biraa hafu miti. Kunis kan ta'uu danda'eef, afaan ilma namaa jijjiiramaa ta'uu isaatiin walqabatee caasaaleen afaanicha keessatti argaman keessattu jchoonni kan jijjiiraman ta'uu isaaniitiin walqabateeti. Kanaaf waaltini afaaniitiis jijjiiramoota kana faana bu'uudhaan afaan sana keessaatti adda addummaa uumaman xiqqeessuudhaan afaan afaan sun

akka waalta'u taasisa. Kan yoo jennu garuu waaltinni adda addummaafi jijjiirama afaan tokkoo guutumaan guututti kan hanbisu osoo hintaane; kan xiqqeessu akka ta'e hubatamuu qaba.

Egaa waaltinni afaanii adeemsa yeroo dheeraa fudhatu. Adeemsi waaltina afaanii gochoota walduraa duubaan raawwataman ofjalatti hammata. Hayyoonni adda addaa adeemsota kanniin moggaassa adda addaa kennuun itti haafayyadaman malee hedduun isaanii afur ta'uu isaanii irratti walii galu.

Haaluma kanaan adeemsonni waaltina afaanii isaan armaan gadiiti.

1. Looga waaltinaa filachuu (Code selection)
2. Sirna barreeffamaa qophheessuu ykn seera barreeffamaa daangessuu (codification)
3. Baball'isuu (elaboration)
4. Hojii irra oolchuu (Implimentation)

Adeemsonni waaltina afaanii kunneen hayyoota addaa addaatiin afaanota adda addaa waaltessuu keessattii duuka bu'amaa turanii jiru.

Kanuma irratti hundaa'uun kutaalee armaan gadii keessatti haala qabatamaa afaan orommo yeroo ammaa gama waaltinaatiin keessatti argamu irratti hundaa'uun adeemsonni waaltina afaanii siifdhihaatanii jiru.

4.8.1 LOOGA WAALTINAA FILACHUU

Adeemsa waaltinaa keessatti Loogni waaltinaa akkamitti filamuu danda'a?

Afaan tokko waaltessuu keessatti adeemsi inni jalqabaa looga waaltinaaf ta'u filachuudha. Adeemsa looga waaltinaa filachuu kana keessatti gaaffiiwwan barbaachisoo ta'an jiru. Qabxiinn inni tokkoffaan loogni waaltinaa akkamitti filatama? Gaaffi jedhu yoo tahu gaaffiin lammaffaan immoo ulaagaaleen looga waaltinaa ittiin filachuuf nu tajaajilan eenyu fa'a? kan jedhu ta'a.

gaaffiiwwaan lamaan kun adeemsa looga filachuu keessatti baay'ee barbaachisoo waan ta'aniif xiiyyeeffannoo gahaan keennameef xiinxallmuu qabu.

Akka armaan olitti ibsametti afaan itti yaadamee yookan osoo itti hinyaadamin waalta'uu danda'a. affan itti yaadamee yoo waalta'u; loogni yookan loogoonni waaltinaaf filataman waaltin afaanii keessatti bakka guddaa qabu. Akka hayyoonni irratti walii galanitti loogni waaltinaa karaa lamaan filatamuu danda'a.

- a. Loogoota jiran keessaa tokko filachuu
- b. Loogoota hunda keessaa waltti baasuun loogaa haaraa uumuu

Maloota kanniin ilaalchisee hubbannaa kee cimsuuf ibsa armaan gaditti kenname dubbisi.

Maloota lamaan kanniin keessaa loogni afaan Oromoo waalteessuuf oolaa jiru isa kamiin filame sitti fakkaata? Ragaalee adda addaa dhiheessuun yaada kee ibsi.

a. Loogoota jiran keessaa tokko filachuun looga waaltinaa filachuu

Mala ykn karraa kanaan looga waaltinaa yoo filannuu loogota afaan waalta'uuf karoorfame keessatti argaman keessaa tokko filachuudhaan loogni sun looga waaltinaa akka ta'u murteessuudha. Fakeenyaaf afaan tokko keessatti loogoonni argaman shan(Looga A, Looga B, Looga C, Looga D, fi Looga E) osoo ta'anii mala kanatti fayyadamnee afaan kanaaf looga waaltinaa filanna yoo ta'e; loogoota shanan kana keessaa looga tokko jechuuniis looga A, ykn loogoota hafan keessaa tokko filachuudhaan looga waaltinaa murteessuu dandeenya.

Karaan yookaan maalli loogaa waaltinaa ittiin filannu kun yeroofi humna kan qusatu ta'uun isaa ciminna issaa yoo ta'u; loogni mala kanaan filatamu dubbattoota loogoota biro biratti salphatti fudhatama argachuu dhabuu kan danda'u ta'uun isaa immoo hanqinna mala kanaa ta'a.

b. Loogoota jiran keessaa walitti baasuun looga waaltinaa filachuu

Malli ykn kaaraan kun faallaa isa tokkoffaati. Mala kanaan loogni waaltinaa filamu loogoota hunda keessaa waliitti baasuudhaan looga haaraa uumamu ta'a. kana jechuun loogni waaltinaa kun loogoota afaanicha keessatti argaman irraa walitti bahuun akka looga haaraatti kan ijaaramu ta'a. akkuma mala isa tokkoffaa malli kunis hanqinnaafi cimina mataa isaa kan qabu ta'a. ciminni mala kanaa akka salphatti hojii irra ooluu kan danda'u ta'uu isaati. Kunis ta'uu kan danda'eef; dubbatoonni afaanii hunda biratti akka salphatti fudhatama kan argamu ta'uu isaatiini.

Hanqinni mala kanaa yeroofi humna namaa bal'aa kan barbaadu ta'uu isaatiini.

4.9 WANTOOTAA FILANNOO LOOGA WAALTINAA KEESSATTI XIYYEEFFANNOO KEESSA GALUU QABAN

Akka hayyuun Ansre (1977:377-8), jedhutti loogni tokko ykn tokkoo olfilachuuf qabxiiwwan irratti xiyyeeffatamuu qaban jiru. Akka hayyuu kanaatti qabxiiwwan kunis isaan armaan gadiiti.

- Ragaalee barreeffamaa
- Sabhimaa
- Ilaalcha dubbattootaa
- Laakkofsa dubbattootaa
- Haala waaltinaa yeroo ammaa

Isaan kanniin kutaalee armaan gadii keessatti haala waaltinaa Afaan Oromootiin walitti fiduudhaan gadifageenyaan ilaaluuf yaalla.

a. Ragaalee barreeffaman

Akka qo'annoowwan heddu ragaa bahanitti loogni sirna barreeffamaa qabu looga sirna barreeffamaa hinqabne caalaa salphatti waalta'uu danda'a. yaada kanaan walqabatee, Ansre (1974:387) akkana jechuun ibsee jira "in the vast majority of cases standardization has involved the written variety and not the spoken." Irra jirreessi waaltinaa afaanii sirna dubbii keessatti osoo hin ta'in biffa sirna barreeffama afaan tokkoo keessatti hojii irra oola. Haaluma walfakkatuun, Milroy (1999:27) yaada kana ilaalchisee akkana jechuun ibsee jira, "Standardization is implemented and promoted through written forms of language." Kana jechuun waaltini afaanii kan babal'atuuf hujii irra kan oolu sirna barreeffama afaaniitiini. Yaadilee kanniin dabalata akka

hayyuu Downes, (1998:38) ibsametti “the existence of a written medium is a crucial aspect for the process of standardization.” Akka yaada hayyuu kanaatti adeemsa waaltina afaan tokkoo keessatti jiraachuun sirna barreeffamaa murteessaadha.

Kanaaf waaltinni afaan tokkoo irra jireessaan sirna barreeffamaatiin walqabata. Kanaaf afaan adeemsa waaltinaa irratti argamu keessatti sirni barreeffama jiraachuuf jiraachuu dhabuun isaa sakkata’amuun barbaachisaadha.

Kanaan walqabatee hala sirna barreeffama Afaan Oromoo gama seenaa barreeffama afaanichaatiif gama adeemsa waaltina afaanichaatiin xiinxaluun barbaachisaadha.

Afaan Oromoo guddachuufi gara adeemsa waaltinaatti kan seene waggoota diigdamii shaniin dura akka afaan barumsaafi afaan saba-himaa akka tahu murtaaheen booda jechuun nidanda’ama. Kana jechuun garuu sanaan duratti afaan kun afaan barreeffamaafi afaan saba himaa ta’uun hintajaajille jechuu miti. Yeroo dheeraa irraa kaasee habuurtonniifi ergamtoonni Awroopaa gara Oromiyaa dhufan tokko tokko barreeffamoota adda addaa keessattuu galmees jechootaa afaan kanaan barreessaa turanii jiru. Namoota Awroopaa irraa dhufaniin dabalata namoota lammii Oromoo ta’an tokko tokkos afaan kanaan barreeffamoota adda addaa barreessuu danda’anii jiru. Askeessatti hojiiwwan Oneesmoos Nasiib jijjiirraa macaafa Qulqulluu irratti hojjatte maqaa dhahuun nidanda’ama. Hojiiwwan Onneesmoos Nesiibiin dabalata namoota Oromoo kanneen akka Sheek Bakrii Saaphaaloo, Sheek MohaammedRashaad Abdullee, Hayilee fidaa, Luba Dafaaw Jamoo fi Isaan birootis maqaa dhahuun nidanda’ama. Dabalatas kitaaboleen duula barnoota bu’uraatiif afaan oromootiin barreeffamanis askeessatti maqaa dhahamuu danda’u.

Barreeffamoota afaan oromootiin barreeffaman kanas garee lamatti qooduudhaan qabiyyee isaan gama loogoota afaan oromootiin qaban sakata’uun ni danda’ama. Haaluma kanaan barreeffamoota bara 1991 A.L.A. dura barreeffamaniifi barreeffamoota bara 1991 A.L.A. irraa eegalanii barreeffaman jennee qooduu dandeenya. Barri 1991 A.L.A. bara Afaan Oromoo Afaan hojii afaan barnootaa akkasumas afaan saba-himaa akka ta’u mootummaadhaan murta’uudhaan gara guddinnatti seene waan ta’eef akka bara qoodiinsa barreeffamoota afaan oromooti fudhatame.

Akkuma armaan olitti tuqame dur irraa kaasee afaan oromootiin barreeffamoonni adda addaa barreeffama turanii jiru. Barreeffamoonni kunniin hundi gumaachi isaan guddina afaan kanaatiif

qaban kan haalamu miti. Haata’uutii barreeffamoota kana hunda ga’ee ykn qooda isaan waaltina afaanichaa keessatti qaban sakatta’uun yeroo dheeraa waan barbaaduudha. Kanaaf kutaalee itti aanan keessatti barreeffamoota waaltina afaan tokkoo keessatti bakka ol’aanaa qaban fi ga’ee ol’aanaa taphatan keessaa hojiiwwan galmee jechootaa irratti hayyuulee adda addaatiin bara 1991 A.L.A. duraafi booda hojjataman walbira qabuudhaan gama afaan Oromoo waaltessuutiin maal akka fakkaatan sakattaana.

Jalqabaratti bakka loogoonni Afaan Oromoo galmee jechoota adda addaa keessatti kennameef ilaalla. Akka Gragg (1982), ibsetti galmee jechootaa bara 1842 A.L.A. Joon KKiraafiin barreeffame irraa eegalee galmeewwan jechootaa adda addaa heddu namoota biyya alaa adda addaatiin qophaa’anii jiru. Galeewwan jechoota kun hedduun isaanii looga tokkoon kanqophaa’an turan.

| Mata dureefi bara itti maxxanfame | LOOGA | | | | | | | | Afaan |
|---|-------|---------|-------|-------------|---------|-------|-------|---------|-----------------------------|
| | Macca | Tuulama | Harar | Arsii Baale | Boorana | Gujii | Wallo | Raayyaa | |
| Dictionary of ‘Oromo’ Language (Krapf,1842) | | √ | | | | | | | Oromo-English |
| <i>Vocabulaire Francaise Galla, Abyssinia</i> ,5 (n.n:1928) | | | √ | | | | | | Oromo-Italian Italian-Oromo |
| <i>Dizionario Della Lingua Galla</i> (Gaetanoda Thiene, 1939) | | | √ | | | | | | French-Oromo-Amharic |
| <i>Oromo English Dictionary</i> , (Gragg, 1982) | √ | | √ | | | | | | Oromo-English |
| <i>Oromo-English Dictionary</i> , | √ | √ | √ | √ | √ | | | | Oromo-English |

| | | | | | | | | | |
|--|---|---|---|---|---|---|---|---|----------------------|
| (Tilahun Gamta,1989) | | | | | | | | | |
| <i>Dictionary of the Galla Language,</i> (Tutschek,1844) | √ | | | | | | | | Oromo-English-German |
| <i>Borana-Italian</i> (Ventarinos, 1973) | | | | | √ | | | | Oromo-Italian |
| <i>Kuusa Sagalee Oromo,</i> (Dafa Jammo ,1988) | √ | | | | | | | | Oromo-Oromo |
| <i>Ida'ama</i> | 4 | 2 | 4 | 1 | 2 | 0 | 0 | 0 | |

Gabatee 1. Haala loogoonni galmee jechootaa adda addaa keessatti bara 1991 dura qaban.

Akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti galmee jechootaa bara 1991 A. L. A. dura qophaa’an irra jireessi isaanii looga tokkoon qophaa’an. Kana malees galmeewwan jichootaa yeroo kana keessatti qophaa’an keessaa galmeen jechaa bara 1989 A. L. A. Dr. Xilaahun Gamtaatiin qophaa’e; loogoota heddu ofkeessaa qaba. Yeroo kana keessatti loogoonni Maccaa, Harar, Tuulamaafi Booranaa galmee jechaa tokkoo ol keessatti kan argama yoo ta’u; loogoonni Arsii-Baalee, Gujii, Walloo fi Raayyaan ga’een galee jechootaa qopheessuu keessatti qaban baay’ee xiqqaadha yookaan gahee homaatu hinqaban.

Akka waliigalaatti galmeewwan jechootaa bara 1991 A. L. A. dura qophaa’an irra jireessi isaanii looga tokkoon qofaan qophaa’an. Kana malees galmeewwan jechootaa hedduun isaanii aflamee yoo ta’an galmeen jechaa ‘Kuusaa Sagalee Oromoo’ jedhamu kan luba Dafa Jamootiin bara 1988 A.L.H. qophaa’e aftokkee ta’uu isaatiin isaan kaawwan irraa adda. Dhugaan kun kan mul’isu galmeewwan jichootaa kun kan qophaa’an namoota Afaan Oromoo hinbeekne Afaan Oromoo barsiisuu akka galmaatti qabataniiti jechuun nidanda’ama. Kana malees galmeewwan jechootaa kun hawaasa Afaan kana dubbu bira haala barbaadameen gahuu waan hindanda’iniif jechootni adda addaa dubbattoota looga adda addaa dubbatan bira gahuu hindandeenye. Kanaafis akka sababaatti kan ka’u haalli imaammata afaanii mootummoota Itoophiyaa yeroo sanaa mijataa ta’uu dhabuu isaa akka ta’e Hamid Muudee (1995: xiii) irratti ibsee jira.

Gama biraatiin galmeewwan jechootaa bara 1991 A.L.A. booda qophaa'aniif qophaa'uu irratti argaman gama laakkofsaatinis ta'ee gama loogoota adda addaa ofkeessti qabaachuutiin isaan bara kanaan dura qophaa'an irraa adda. Bara kana keessatti afaan Oromoo qubee Laatiin akka barreeffama afaanichaaf ta'utti madaqsuudhaan afaan kun afaan barreeffamaa ta'uun isaa mootummaadhaan yeroo itti raggasifame ta'uu isaatiin walqabatee barreeffamoonni adda addaa sadarkaa mootummaatittis ta'ee sadarkaa nama dhuunfaatitti baay'inaan maxxanfaman ummata bira bal'inaan gahuu yeroo itti jalqaban ture. Haaluma kanaan galmeewwan jechootaa adda addaa qobee laatiiniittiin qophaa'an heddumminnaan ummata bira gahanii jiru; ammas gahuu irratti argamu.

Galmeewwn jechoota yeroo kana keessatti qophaa'an gama qabiyyee loogoota afaanichaa adda addaatiin yoo madaalaman hedduun isaanii jechoota loogoota hunda keessatti argaman ofkeessaa qabu. Akka Makoonnin Hundee 2005 tti galmeewwan jechootaa yeroo kana keessatti qophaa'an jalqaba irratti baay'inaan looga Booranaa akkasumas Loogoota Maccaa, Tuulamaa, Arsii-Baale, fi Harar akka sadarkaa lammaffatti ofkeessaa akka qaban ragaadhaan deeggarruun ibsee jira. Hirmaannaan loogoonni Wallootiif Raayyaa qophii galmee jechootaa keessatti qaban baay'ee xiqqoodha.

Yeroo kana keessatti galmee jechootaa qopheessuu keessatti namoonni hirmaataa turan baay'inaan oromoota ta'uu isaaniitiin walqabatee jechoota loogoota adda addaa keessatti faaydaa irra oolaa turan galmee jechootaa qopheessan keessatti itti fayyadamuun bal'inaan mul'ata.

Akka waliigalaatti ga'ee loogoonni adda addaa galmee jechootaa keessatti qabaachaa turaniif ammas qabaachuu irratti argaman yoo ilaallu bara 1991 A.L.A. dura baay'inaan loogni maccaa irra jireessaan galmeewwan qophaa'an keessatti kan mul'atu too ta'u loogoonni biroos qophii galmee jechootaa keessatti gaheen isaanii hanga looga maccaa ta'uu baatus; shoora mataa isaanii bahanii jiru. Bara 1991 A.L.H. irraa kaasee hirmaannaa loogoota Afaan oromoo qophii galmee jechootaa Afaanichaa qophaa'an keessatti qaban baroota bara kanaan dura jiran irraa adda kantaheef loogni haala addaatiin kophatti caalmaa qabu akka hinjirre galmeewwan yeroo kana keessatti qophaa'an ragaa ta'u.

Galmee jechootaatiin dabalata ragaaleen barreeffamaa kanneen akka Kitaabolee Barnootaatiif Gaazexonni afaan kanaan qophaa'an filannoo looga waaltinaa keessatti xiyyeeffannoo keessa

galuu qabu. Bara 1991 A.L.A. duras ta'ee bara kanaan asitti ragaaleen barreeffamaa afaan Oromootiin barreeffamaa kan turan yoo ta'u; yeroo lamaan kana keessatti loogni Maccaa loogoota kaawwan caalaa baayy'inaan kitaabolee barnootaa keessattis ta'ee Gaazeexoota keessatti caalmaa kan qabu tahuu ibsuudhaan Makoonneen Hundee (2005) namoonni looga maccaa irraa dhufan baayy'inaan dubbattoota loogoota kaawwanii caalaa carraa barnootaa argachuu isaaniitiin walqabatee, akka guulaaltotaatti tajaajiluun isaanii caalmaa looga maccaatiif sababa ta'uu akka danda'u tilmaama isaa dhiheessee jira.

b. SABAA HIMAA (Mass-media)

Sabaa himaan gaheen waaltina afaan tokkoo keessatti qaban baay'ee cimaa akka ta'e hayyooni irratti walii galu. Akka hayyoonni gama kanaan qo'annoo gaggeessan addeessanitti Sabaa Himaan afaan Biyyoolessaa babal'isuu keessatti qofa osoo hintaane itti fayyadama afaanii sirrii ta'eef hawaasa afaan tokko dubbatu biratti fudhatamaa ta'e argamsiisuu keessatti gaheen isaan qaban baayy'ee guddaafi jabaa kan ta'eedha. Kun kan agarsiisu Sabaa Himaan waaltina afaan tokkoo keessatti humna jabaa qabaachuu isaati. Kanaaf filannoo looga waaltinaa keessatti haala loogoonni Sabaa Hima keessatti qabaachaa turaniif qabaachaa jiran sakata'uun barbaachisaadha. loogni Sabaa Hima keessatti yeroo dheeraaf tajaajila irra oolaa ture salphatti fudhatama argachuu waan danda'uuf akka looga waaltinaatti yoo filame adeemssa waaltinaa salphisuu danda'a.

Kanaan walqabatee gahee Sabaa Hima keessatti Loogoonni Afaan Oromoo Qabaachaa turaniif ammas qabaachuu irratti argaman sakata'uuf seenaa sabaa himaalee Afaan Oromoo sakatta'uun barbaachisaadha.

Seenaan sabaahimaa afaan oromoo kan eegalu yeroo Itaaliyaayaan yeroo gabaabaaf bulchaa turte irraa akka ta'e ragaaleen nimuldhisu. Yeroo kana keessatti Itaaliyaan afaanonni sabaafi sablamiilee adda addaa afaan bulchiinsaa akka ta'an hayyamtee turte. Haaluma kanaan afaan oromoo afaan Xaaliyaanittii aanuudhaan afaan bulchiinsaatiifi afaan sabaa himaa ta'uudhaan tajaajiluuf carraa argatee ture. Haalli kun erga haylasilaaseen gargaarsa mootommaa ingiliiziin gara angootti deebi'aniin booda itti fufuu hindandeenye.

Biyya keessatti mootummaa haylasilaaseetiin sabaahimaaleen afaan oromootiin tamsaasan dhoorkamni irra haagahu malee biyyaan alatti jalqabarattii magaalaa kaayroo keessatti itti aansuudhaan magaalaa mooqaadishoo keessatti akkasumas keeniyaa keessatti raadiyoon afaan

oromootiin tamsaasan dhaabbatanii turan. Raadiyaan maqaa Sagalee Oromoo Harar jedhuun magaalaa kaayiroo keessatti bara 1956 A.L.H. tamsaasa kan eegale yoo ta'u; ji'a jahaan booda taamsaasa akka dhaabuuf dirqanee jira. Bara 1960n keessa raadiyoon Sagalee Harar gara magaalaa Moqaadishootti godaanuudhaan tamsaasa eegaluudhaan afaan oromootiin tamsaasa turee jira. Keeniyaa keessattis mootummaan Keeniyaa deeggarsa ummata oromoo keenyaa keessa jiraatanii argachuuf afaan oromootiin tamsaasni raadiyoo bara 1963 akka eegalu gochuudhaan sanaan boodas afaan oromootiif yeroon akka kennamuuf taasisuun sabahimaan afaan oromoo keeniyaa keessatti akka jiraatu taasisee jira.

Gara biyya keessaatti yoo deebinu immoo erga Xaaliyaan biyyaa baateen booda mootummaadhaan yeroo dheeraaf dhoorkaan erga irratti godhameen booda mootummaan haylasillaasee rakkoowwan keesaaffi biyyaan alaa irra gahaa dhufeen dadhabaa waan dhufeef deeggarsa ummata oromoo argachuuf jecha raadiyoon biyyattii afaan oromootiin akka tamsaasu bara 1972 A,L,A, TTI hayyame. Yeroo kana irraa eegalee BIYYA KEESSATTI afaan sabahimaa ta'uudhaan tajaajilaa jira.

Yeroo kana irraa kaasee gahee sabahimaalee keessatti keessatti qaban xiinxaluun barbachisaadha. Haata'u malee odooffannoo gama kanaan jiru gahaa miti. Keessattuu gara jalqabaa irratti odeeffannoon jiru baay'ee xiqqaadha. Akka waliigalaatti raadiyoon magaalalee Kaayroottif Mooqaadishoo irraa afaan oromootiin tamsa'aa turan namoota looga harar dubbataniin akkasumas kan Keeniyaa irraa tamsa'aa ture immoo looga booranaatiin akka ture ragaaleen nimuldhisu. Gara biyyaa keessatti bara 1972 irraa eegalee tamsa'aa isa turetti yoodeebinu immoo jalqabaratti namoonni gaazeexeesummaadhaan tajaajilaa turan muraasa yoo ta'an, adeemsa keessa lookkofsi isaaniis loogini isaan dubbatanis dabalaa deemee jira. Akka ragaaleen muldhisaniitti jalqabaratti namoonni gaazeexeesummaadhaan raadiyoo Itoophiyaa keessatti sagantaa afaan oromoo keessatti tajaajilan irra jireessaan dubbattoota looga maccaatiif looga harar turan. Kanaafis akka sababaatitti kan ka'u dubbattoonni loogoota kanaa isaan kaawwan caalaa carraa barumsaa argachuu isaaniis akka ta'e eerama. Turtiin booda garuu loogoonni arsii-baaleetiif tuulamaas tajaajila bal'aa argatanii jiru.

Walumaa galaatti sabaahimaa keessatti loogoonni hunduu gahee walqixaa qabaachuu baatanis tajaajila irra oolaniis jiru jechuun nidanda'ama. Kanaaf gama kanaan filannoo looga waaltinaa keessatti loogni kophatti filatamuu qaba jennee addaan baasuu dandeenyu hinjiru.

c. Ilaalcha dubbattootaa (Attitude of the speakers)

Ittiyaadaniif looga waaltinaa filachuu keessatti wantoota xiyyeeffannoon kennamuufi qaban keessaa inni biraa ilaalcha dubbattootaati. Hayyoonni akka jedhanitti dubbattoonni ilaalchi isaan looga ufittiif qaban yeroo baay'ee gaariidha. Kan jechuun garuu ilaalchi isaan loogoota birootiif qaban yeroo hunda badaa ykn gadheedha ta'a jechuu miti. Kanaaf gama kanaan ilaalchi dubbattoonni looga isaan dubbataniin alatti argamaniif qaban sakataa'uun barbaachisaadha. dubbattoonn iafaan tokko dubbattan loogoota ofii isaanii dubbataniin alatti loogoota afaaichaa isaan birootiif ilaalchi qaban looga waaltinaa filatamu hojii irra oolchii irratti gahee guddaa taphata. Yoo dubbattoonni looga birootiif qaban gadhee tahe looga isaaniitiin alatti loogoota argaman akka looga waaltinnaatti fudhatanii hojii irra oolchuu irratti rincicuu danda'u.

Gama kanaan dubbattoonni afaan oromoo loogoota isaaniitiin alatti loogoota isaan birootiif ilaalcha isaan qaban gaarii akka ta'e Mokooniin Hundee qo'annoo isaatiin sakatta'a taasisen argisiisuuf yaalee jira.

d. Haala waaltina yeroo ammaa

Looga waaltinaa filachuu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo keessa galu inni kanbiraa immoo haala waaltinaa loogoonni irratti argamaniidha. Kan jechuun haala filannoo looga sanaa keessatti looga kamtuu baldhinaan barreeffamootaafi sabaahimaalee keessatti tajaajiluu irratti akka argamu sakatta'uun barbaachisaadha. kana malees jechoota waaltinaa filachuu keessatti haala jechi sun gama waaltinaatiin irratti argamu sakatta'uun barbaachisaadha.

Akkuma armaan olitti tuqanetti loogoonni afaan oromoo hundi jechuun haala danda'amuun afaan barreeffamaa, afaan sabaa himaa, akkasumas galmee jechootaa keessatti tajaajila irra oolanii jiru. Kanaaf gama kanaan loogni kophatti filatamuu qaba jennee murteessuu dandeenyu hinjiru. Jechoonni waaltinaa loogoota adda addaa keessaa kan walitti bahan ta'uun isaanii adeemsa waaltina afaanichaa gama tokkoon rakkisaa kan taasisu haa fakkaatu malee gama biraatiin filannoo jechoota waaltinaa keessatti filannoon jechoota waaltinaa akka jiraatu taasisuudhaan afaanichi bakka buuteewwan ykn jechoota aslii ta'an akka bal'inaan akka jiraatan taasisa.

Jecha waaltinaa tokko filachuu keessatti haala jechi tokko gama waaltinaatiin irratti argamu beekuun barbaachisaa sababoonni taasisan isaan armaan gadiiti.

- Jechoonni ykn loogoonni adeemsa waaltinaa keessatti qooda fudhachuu irra jiran yoo jiraatan addaan baafachuuf
- Jechi ykn loogni dabaltaa adeemsa waaltinaa keessa seenuudhaan adeemsa waaltinaa duubatti akka hinharkisne
- Filannoowwan jiran dubbattootaaf dhiheessuudhaan looga ykn jecha hawaasa birratti fudhatama qabu addaan baafachuuf
- Looga ykn jecha aslii afaanicha keessatti argamu

Haala amma keessatti argamnuun afaan oromoo afaan adeemsa waaltinaa irratti argamuudha. Gama kanaan afaan oromoo haala kamiin waalteeffamaa jira? Adeemsa waaltinaa kana dhaabbanni hordofu kami? Jechoonni waaltinaa akkamitti filataman? Fi gaaffiiwwaan biro kaasuun barbaachisaadha. gaaffiiwwan kun kallattiinis ta'ee alkallattiidhaan haala yeroo ammaa jechi ykn loogni waaltinaa yeroo ammaa irratti argamu xiinxalluudhaaf karaa argisiisaniidha. Haat'ootii gaaffiiwwan kun kutaa kana keessatti deebii quubsa kan argatan miti. Gadi fageenyaan kutaawwan itti aanan keessatti dhihaatu. Kutaa kana keessatti jechoota muraasa akka fakkeenyaatti fudhannee haala waaltinaa isaan irratti argaman illaalla.

Fakkeenya 1^{ffaa} maaqaa ji'ootaa

Maqaaleen ji'ootaa loogoota afaan oromoo adda addaa keessatti jechoota adda addaatiin kan waamaman akka tahe gabatee armaan gadii keessatti xiinxalluun nidanda'ama.

Jechoota kana koreen waaltinaa Afaan Oromoo haala gabatee armaan gadii keessatti eerameen waaltinaaf akka ta'an filatee akka waalta'aniif karaa bane jira. Adeemsa fillannoo jechoota waaltinaa kana keessatti ulaagaaleen koreen kun ittifayyadamae kallatiin hin eeramne.

Jechoonni kun yeroo ammaa sirna barreeffamaatiif dubbii idilee keessatti dubbattoota loogoota adda addaa biratti haala walfakkatuun hojii irra oolaa kan jiran ta'uun isaanii nama dhuufaas ta'ee dhaabbata afaan kanawaaltessuu keessatti qooda fudhatu biratti filannoo dursaa ta'u.

4.10 Maqaalee Guyyoota Torbaanii

| | | |
|-----------------|----------------------------------|-------------------------|
| guyyoota | Loogoota irraa fudhataman | Hiika Ingiliffaa |
|-----------------|----------------------------------|-------------------------|

| | | |
|----------|--|-------------|
| Wiixata | Arsii-Baalee | 'Monday' |
| Kiibxata | Arsii-Baalee | 'Tuesday' |
| Roobii | Guj, Wa Tul | 'Wednesday' |
| Kamisa | Guj, Arsii-Baalee, Har, Wal, Ray, Tul, Mec | 'Thursday' |
| Jimaata | Walloo, Tul, Mec | 'Friday' |
| Sanbata | Guj, A-B, Har, Wal, Ray, Tul, Mec | 'Saturday' |
| Dilbata | Mec | 'Sunday' |

| Maqaa ji'ootaa | Loogootaa irraa filtaman | Hiika Ingiliiffaa |
|----------------|--------------------------|-------------------|
| Fulbaana | Mec | 'September' |
| Onkoloessa | A-B | 'October' |
| Sadaasa | A-B | 'November ' |
| Muddee | Tul, Mec | 'December' |
| Amajjii | A-B | 'January' |
| Guraandhala | Bor | 'February' |
| Bitootessa | A-B | 'March' |
| Ebla | A-B, Tul. | 'April' |
| Caamsa | A-B, Tul, Mec, Guj | 'May' |

| | | |
|------------|--------------------|----------|
| Waxabajjii | A-B, Tul, Mec | 'June ' |
| Adoolessa | A-B, Tul, Mec, Guj | 'July' |
| Haggaya | A-B, Tul, Mec | 'August' |

Walumaa galattii loogni waaltinaa Afaan Oromoo looga tokko filachuun akka looga waalta'aatti hojii irra akka oolu kan godhame osoo hintaane loogoota hunda irraa walitti fiduudhaan kan filatame ta'uu isaa fakkeenyota armaan olitti kennaman irraa hubachuun nidanda'ama.

Afaan oromoo afaan adeemsa waaltinaa irra jiruudha. Akkuma armaan olitti ilaalaa turree loogonni hundi ga'een isaan waaltina afaanichaa keessatti qaban walcaalmaa kan qabu haata'u malee adeemsa waaltinaa keessatti qooda qabaachaa turanii jiru ammas qooda qabu. Kana jechuun jechoonni waaltinaaf filataman loogota adda addaa irraa kan filataman ta'uu isaati.

Jecha tokko akka jecha waalta'aatti filachuuf maal irratti hundoofnee filachuu dandeenya? Gaafiin itti aanee ka'uu danda'uudha. Gaafiin kun gara adeemsa waaltina afaanii isa lammaffaa: sirna barreeffamaa qopheessuutti nu ceesisa. Kanaaf adeemsa isa lammaffaa kana keessatti wantoota barbaachisaniif akkataa jechooni walta'oon filatamanii sirna barreeffamaa keessatti hojii irra akka oolaniif faaydaan isaan looga waalta'aa keessatti qaban akkaataa ittiin daanga'u irratti xiyyeeffata. Kutaan itti aanu qabxiwwan kanniin irratti xiyyeeffachuudhaan Afaan Oromoo keessatti haala jechoonni looga waalta'aatiif ittiin filatamaa jiran ilaalla.

4.11 Sirna Barreeffamaa Qopheessuu

Sirna barreeffamaa qopheessuun adeemsa afaan waaltessuu keessaa isa tokko. Sirna barreeffamaa qopheessuun gocha sirnoota afaanii adda addaa kaneen akka sirna sagalee, hiikaafi seerluga afaanichaa walsimsiisuufi daangessuutti ilaalama. Akka hayyuun Trudgill (1999:117) jedhetti “codification is the process whereby a language variety acquires a publicly recognized and fixed formThe results of codification are usually

enshrined in dictionaries and grammar books.” Akka ibsa hayyuu kanaatti sirna barreeffamaa qopheessuun adeemsa loogni afaanii tokko hawaasa birratti ittiin beekamaa ta’uufi bifa ykn sirna daanga’aa ta’e ittiin argatuuti. Bu’aan adeemsa kanaas galmee jechootaatiif kitaabolee seerlugaa keessatti dhihaata. Kana jechuun loogonni afaan tokko keessatti argaman adeemsa kana keessatti sirna ykn looga daanga’aa sirna barreeffamaa keessatti hojii irra oolu akka argatu taasisuudhaan dubbattoonni afaan sana dubbatan jidduu qunnamtiin milkaa’aan akka jiraatu gargaaru.

Adeemsa kana keessatti loogni waaltinaaf filatame seera daanga’aa akka qabaatu taasisuudhaan itti fayyadamtoonni afaan walfakkaatu akka fayyadamaniif karaa ta’a. sadarkaa kanatti looga filameef qubeeffi sirni qubeessaa ni murteeffamaaf. Kanaaf sadarkaa kanatti qabxiin baayyee barbaachisaa ta’e qubee afaan waaltinaaf filameef filachuudha.

Adeemsa kana galmaan gahuuf galmee jechaa walta’aa ta’eefi faaydaa waliigalaatiif oolu qopheessuun baay’ee barbaachisaadha. galmeen jechaa gahee sirna barreeffamaa qopheessuu keessatti qabaniin walqabatee sirni walfakaataan afaan tokko keessatti akka jiraatu ga’ee qabaniin dabalata sirna barreeffamaa keessatti sirni qubeessuu siriin akka jirratu taasisuudhaan akkaataan afaanicha keessatti jechoonni ittiin qubeeffaman irratti seera murtaa’aan akka jiraatu taasisu.

Galmeen jechaa afaan waaltessuuf qophaa’e yoo hinjiraanne garuu afaan barruufi barsiisuun, qunnamtiin, galmee jechootaa qopheessuuniif kkf rakkisaa akka ta’an taasisa.

Armaan gaditti rakkinnoota galmee jechaa waalta’aa ta’e dhibamuun afaan tokko irratti fiduu danda’u fakkeenyoata afaan oromoo keessa fudhachuudhaan haa’ilaallu.

4.12 Galmee Jechaa waalt’aa Afaan Baruufi Barsiisuu keessatti.

Akka Ferguson (1971:75), ibsutti namni afaan barsiisuuf karoofatu kamiyyuu jalqabaratti looga kamiin barsiisuu akka qabu murteeffachuu qaba. Adeemsi sirna barreeffama qopheessuu afaan walfakkaatu akka jiraatu taasisuudhaan adeemsi baruufi barsiisuu akka mijatu taasisa. Faalaa kanaatiin sirni barreeffamaa waaltawaan looga waaltawaadhaaf yoo hinqophoofne sirni baruufi barsiisuu bartaas ta’e barsiisaa birratti ulfaataa akka ta’u taasisa. Keessattuu galmeen jechaa afaan waaltessuuf qophaa’e yoo hinjirree adeemsi baruufi barsiisuu baay’ee ulfaata.

Haala kana caalmatti ifa taasisuudhaaf jechoota Afaan Oromoo armaan gaditti kennaman akka fakkeenyaatti fudhannee haa ilaallu. Jechoonni kun kitaabota barataa kutaa tokkoffaatiif lammaffaa keessaa fudhataman.

| lakk | Jechoo loogota adda addaa | Looga irraa dhufan |
|------|--|--|
| 1 | Qoricha Qorsa dawaa | Tuulama, Macca Arsii-Baalee Harar |
| 2 | Yoo Wayta Yommuu Yammuu Yennaa Yegguu | Tuulama Arsii-Baale Macca Macca Macca Harar |
| 3 | Shummoo Summoo Mulluu | Harar Arsii-Baale Macca |

Akka gabatee armaan olii keessatti muldhatetti jechoonni hiika walfakaatu qaban loogoota adda addaa irraa kan argaman kitaabolee kanniin keessatti faaydaa irra oolani jiru. Kitaaboleen kun dubbattoota loogota hundaatiif kitaabolee afaan barsiisuuf qophaa'aniidha. Eega barattoonni kitaabolee kanaan baratan jechoota adda addaa loogoota adda addaa irraa waltti qabaman kana garuu kan hiika walfakaatu qaban kana yeroo adda addaatti barachuuf dirqamu kun immoo barattoota irratti burjaajjii hinbarbaadamne fiduudhaan ariitiif hubannaa isaanii xiqqeessa. Kunis kan ta'eef akka hayyoonni jedhanitti hiika tokkoof jechoota adda addaa barachuun hiika tokkoof jecha tokko yeroo tokkotti barachuu irra baay'ee ulfaataa waan ta'eefi. Haalli kun afaan Oromoo

nama akka afaan lammaffaatti baratu afaan kana barsiisuu keessatti dhiibbaa niqabaata. Kanaaf kitaabolee barataa kana keessatti jechoonni hiika walfakaatu bakka bu'an dhihaachuun isaanii barsiisaa irrattis ta'ee barattoota irratti adeemsi baruufi barsiisuu akka salphaa hintaane taasisu.

4.13 Sirna Barreeffamaa waalta'atiif Galmee Jechootaa Qopheessuu

Adeemsa afaan waaltessuu keessatti filannoon looga ykn jecha waaltinaa wantoota rakkisoo ta'an keessaa isa tokko. Keessattu qophii galmee jechootaa keessatti jecha waaltinaaf ta'u filachuun rakkisaadha. Kana jechuun qopheessaan galmee jechootaa jechoota waaltinaa filachuuf maal irratti hundaa'uu akka qabu yoo kan hin beekne ta'e jechoota galmee jechootaa keessatti odeeffannoo isaanii kuusuuf deemu isaan kam akka ta'aniif uunkaafi hiikni isaanii maal ta'uu akka qabu murteessuu irratti rakkachuun isaa waan hin oolledha.

Gama kanaan galmeewwan jechootaa hanga ammaatti afaan oromootiin qophaa'an maal akka fakkaatan xiinxalluun barbaachisaadha.

Jechoota waaltinaaf fillachuu keessatti ulaagaaleen irratti xiyyeeffatamuu qaban jiru. Ulaagaalee jechoota waaltinaa filachuu keessatti faaydaa irra oolaa jiran kutaa armaan gadii keessatti dhihaatee jira.

4.14 Ulaagaalee Jechoonni Waaltinaa Ittiin Filaman.

Hayyoonni adda addaa ulaagaalee loogoota adda addaa keessaa jechoota waaltinaaf oolan ittiin filachuun danda'amu tarreessanii jiru. Ulaagaalee hayyoota adda addaatiin dhihaatan keessaa isaan armaan gadii keessatti argamu.

- Laakkofsa dubbattootaa
- Faca'iinsa loogota adda addaa keessatti qabu
- Aslummaa

- Qusannaa
- Ifummaa
- Fudhatamummaa
- Raga barreeffamaa
- Uumhortummaa
- Haala sabaa-himaa

Ulaagaalee kanniin kutaawwan armaan gadii keessatti tokko tokkoon ibsi kennamee jira.

4.14.1 Laakkofsa Dubbatootaa (Number the Speakers)

Akka hayyoonni irratti walii galanitti jechi ykn jechoonni dubbataa bayy'ee qaban waaltina keessatti filachuun barbaachisaadha. kunis kan taheef akka hayyoonni kun jedhanitti jechi namoota hedduun dubbatamu jecha namoota muraasa birratti beekamu caalaa salphatti fudhatamummaa waan argatuuf akka jecha waalta'aatti hojii irra oolchuuf salphaa ta'a. kana jechuun dubbattoonni hedduun jecha waaltinaaf filama kanaaf ilaalchi qaban ilaalcha gaarii waan ta'uuf dubbattoota heddu biratti fudhatamummaa argata jechuudha.

Kanaaf jecha waaltinaa filachuu keessatti laakkofsa dubbatoota looga ykn loogoota jechi keessatti dubbatamuu xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Akka waliigalaatti jechi dubbataa baay'ee qabu akka jecha waaltinaaf ta'uutti filachuun barbaachisaadha. kana yoo jennu garuu ulaagaa kana irratti qofa hundoofnee jechi tokko dubbataa heddu qabaateef qofa jechaa waaltinaaf ta'u jedhamee filatamuu qaba jechuu mitti. Ulaagaalee kaawwan wajjiin walbira qabuudhaan ulaagaalee kaawwan hinfaallessu yoo ta'e akka jecha waaltinaatti filatamuu danda'a.

4.14.2 Faca'iinsa loogoota keessatti qabu (Frequency of Occurrence)

Akka ulaagaa kannaatti jechi loogoota keessatti faca'iinsa bal'aa qabu; akka jecha waaltinaaf ooluutti filatamuu qaba. Kana jechuun jechi loogoota baayy'ee keessatti dubbatamu jecha looga muraasa biratti beekamu caalaa filatamaadha. Sababbiin isaas jechi loogoota heddu keessatti beekamaa ta'e salphatti adeemsa waaltinaa keessatti hojii irra ooluu danda'a.

Akka fakkeenyaatti jechoota **bakka, iddoo fi urgee jedhan** fudhannee yoo ilaalle.....

Jechi **bakka** jedhu loogoota Afaan Oromoo shan keessatti (Tuulama, Arsii-Baale, Boorana, Walloo fi Raayyaa) keessti dubbatama

Jechi **urgee** jedhu immoo loogoota sadii (Arsii-Baale, Booranaa fi Gujii) keessatti dubbatama.

Jechi **bakka** jedhu looga tokko (Maccaa) keessatti qofa dubbatama.

Kanaafa akka ulaagaa kanaatti jechi **bakka** jedhu jechoota **urgee fi iddoo** jedhan caalaa akka jecha waaltinaatti filatamuu qabu. Karaa biraatiin jechi loogoota laakkofsaan caalmaa qabu keessatti faaydaa irra ooluu irratti argamu akka jecha waaltinaatti filatamuu qaba kunis adeemsa waaltina jechootaa keessatti jechi sun salphatti fudhatamummaa akka qabaatu isa taasisuun adeemsa waaltina afaanii salphisa. Haa ta'u malee akkuma ulaagaa isa tokkoffaa keessatti illaalle ulaagaan kunis ulaagaalee isaan hafan wajjiin ilaalamuu qaba. Kana jechuun jechi tokko faca'iinsi innii loogoota addaa addaa keessatti qabu baay'ee taheef qofa dirqama jechi sun akka jecha waaltinaatti filatamuu qaba jechuu miti.

4.14.3 Qussannaa(Economy)

qussannaan(economy) jechaa dheerinnaaf gabaabina jechaa wajjiin walqabatiinsa qaba. Jechi tokko qusanaa qaba yoo jennu jecha biraa wajjiin walbira qabamee yoo ilaalmu jecha walbira qabameen sana caalaa gabaabaa ta'uu isaa agarsiisa. Qusannaan akka ulaagaa filannoo jecha waaltinaatti jechi qusannaa qabu jecha qussannaa hinqabne caalaa filatamaadha yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Haaluma kanaan jechoonni hiika ykn yaadrimee walfakaatu bakka bu'an loogoota adda addaa keessatti kan argaman yoo ta'e jechi caalatti gabaabaa ta'e ykn kan qussannaa qabu akka jecha waaltinaatti filatamuu danda'a.

4.14.4 Uumhortummaa(Productivity)

Uumhortummaan amala jechi yoomessa adda addaa keessatti jechoota biroo wajjiin faaydaa irra ooluu wajjiin walqabatee agarsiisuun walqabata. Kana jechuun jechi tokko afaan keessatti argamu sana keessatti jechoota biroo uumuu keessatti ga'ee inni qabuuf jechoota biroo wajjiin dubbii keessatti faaydaa irra yoo oolu gahee inni qabatu wajjiin walitti dhufeenya qaba. Gabaabumatti Uumhortimmaan gahee jechi tokko jechoota biro uumuu keessatti qabuufi jechi sun horuu danda'uu osaatiin walqabata.

Akka ulaagaa kanaatti jechoonni amala uumhortummaa bal'inaan qaban isaan hinqabne caalatti akka jecha waaltinaatti filatamuu qabu.

Jechoonni tokko tokko uumama isaaniitiin faaydaalee seerlugaa adda addaa argisiisuudhaaf dhamjechoota hortee kan hinmaxxanfanne yoo ta'u isaan hedduun garuu dhamjechoota hortee maxxanfachuudhaan faaydaalee seerlugaa adda addaa argisiisuudhaaf kan horan ta'u.

Jecha waltinaa filachuu keessatti jechoonni uumsa jechootaa keessatti qooda fudhataniif horuu danda'an filatamoodha.

Fakkeenyaaf jechoota Afaan Oromoo **Uffata fi Huccuu** jedha gama kanaan walbira qabnee yoo xiinxalle jecha kamiin waaltinaaf filachuu akka qabnu addaan baasuu dandeenya.

Jechi **uffata** jedhu uumhortummaan isaa

Uffisuu

Uffachuu

Uffachiisuu

Jechoota haaraa hiika haaraa qaban kanniin uumuu keessatti akkumma jechoota hedduu afaanicha keessatti argamaniitti qooda fudhachuu danda'a.

Jecha **huccuu** jedhu fudhannee yoo amala isaa gama uumhortummaatiin ilaallu; jechi kun jechoota biro uumuu keessatti qooda hinfudhatu dabalataanis faaydaalee seerlugaa adda addaa argisiisuuf dhamjechoota hortee hin maxxanfatu.

Kanaaf jechi **uffata** jedhu jecha **huccuu** jedhu caalaa adeemsa waaltinaa keessatti akka jecha waaltinaatti filatamuu qaba.

4.14.5 Raga Barreeffamaa

Akka ulaagaa kanaatti jechi ragaalee barreeffamaa keessatti baldhinaan faaydaa irra oole jecha barreeffama keessatti faaydaa irra hin oolin caalaa adeemsa waaltinaa keessatti akka jecha waaltinaatti filatamuu qaba. Kanaaf jecha tokko akka jecha waaltinaatti yoo filannu kanaan dura jechu sun ragaalee barreeffamaa keessatti hojii irra ooluufi ooluudhabuu isaa xiiyyeeffanna keessa galchuun barbaachisaa ta'a. sababni isaas jechoonni ragaalee barrffamaa keessatti baldhinaan hojii irra oolan salphatti adeemsa waaltinaa keessatti hojii irra oluu danda'uu isaaniitiin dabalata salphatti fudhatamummaa argachuu danda'u.

4.14.6 Ifummaa fi Fudhatamummaa Hiikaa (Semantic Transparency and Acceptance)

Ifummaafi fudhatamummaan hiika jechootaa hiika jechi dubbattoota loogoota addaa addaa biratti qabu ykn kennu wajjiin walqabatu. Jechoonni tokko tokko hiikni isaan dubbattoota loogoota adda addaa biratti qaban kan walhinfakkane ta'a. kana malees jechoonni tokko tokko hiikni isaanii dubbattoota loogoota tokko tokkoo biratti safuu hawaasaa kan hin eegne ta'uu danda'a. kanaaf jechoota waaltinaa filachuu keessatti hiika jechoonni dubbattoota loogoota adda addaa biratti qabachuu danda'an sakkataa' amuu qaba.

Jechoonni Afaan Oromoo tokko tokko hiikni isaan dubbattoota loogoota afaanichaa adda addaa biratti qaban walhinfakkaatu. Kan malees jechoonni tokko tokko dubbattoota loogoota tokko tokkoo biratti jechoota safuu ta'uu danda'u. kanumaan walqabatee jechoonni duraan gara adeemsa waaltinaa keessatti hojii irra olaa turan tokko tokko yeroo ammaa adeemsa waaltinaa keessaa faaydaa irra ooluu yoo dhaaban mul'atu. Adeemsa irraa dhaabuun waan gaarii ta'ee jalqabuma akka adeemsa waaltinaa keessa hinseenne taasisuun filatamaadha.

Jechoota afaan oromoo loogoota adda addaa biratti hiika adda addaa qabaachuun gamatti loogoota tokko tokko keessatti jechoota safuu ta'ani adeemsa waaltinaa keessa galanii yeroo ammaa adeemsa keessaa dhabamaniif dhabamuu irratti argaman tokko tokko akka fakkeenyaatti haala armaan gadiitti dhihaatanii jiru.

Jechi **geeba** jedhu loogoota harargeetiif walloo keessatti hiikni inni qabu meeshaa 'bishaan ittin dhugamu' kan jedhu yoo ta'u dubbattoota loga maccaa tokko tokko biratti garuu hiikni jecha kanaa 'qaama hormaata dhiiraa' jechuu ta'a. kanumaan walqabatee jechi geeba jedhu waggoota muraasaan dura keessattu oduu ispoortii keessatti jecha yeroo ammaa waancaa jedhamu bakka bu'ee hojii irra oolaa ture yeroo ammaa kana adeemsa waaltina irraa dhabamee jira.

Jechi **bukkee** jedhu immoo loga maccaa keessatti hiikni isaa cinaa ykn bira kan jedhu yoo ta'u; dubbattoota loga Arsii-BBaalee biratti hiikni isaa 'kan dhalchuu hindandeenye' kan jedhu ta'a.

Dabalataan jechoonni kanneen akka **qara**, **reebuu**, **sagalee**, **jiruu fi** kkf hiikni isaan loogoota adda addaa keessatti qaban adda adda.

Kana malees jechoonni heddu hiikni isaanii moggoyya ta'uu isaaniitiin walqabatee iftummaan hiika jechootaa irratti rakkaawwan yoo mudatan ni muldhata kanaaf keessaattu gama hiika jechootaatiin iftummaan akka jiraatuuf galmeen jechootaa jechoota gama hiika isaaniitinis ta'e

gama uunkaa isaaniitiin waaltessan afaanicha keessatti baayy'ee barbaachisoo akka ta'an hubachuun barbaachisaadha.

Gama kanaan galmeewwan jechootaa Afaan Oromootiin kanaan dura qophaa'aniifi yeroo ammaas qophaa'uu irratti argaman rakkoolee gama kanaan muldhatan xiyyeeffannoo keessa galchani waan qaophaa'an hinfakkatu. Kanaaf fulduratti galmeewwaan jechootaa waaltina afaanichaa keessatti qooda fudhachuun adeemsa waaltina afaanichaa saffisiisuu danda'an baldhinaan qophaa'uu qabu.

4.14.7 Aslummaa (Originality)

Aslummaan jechi tokko jecha afaanichaati moo jechi ergiffannaadhaan gara afaanichaatti dhufe yaada jedhuun walqabata. Ergifannaan amaloota bu'uuraa afaanii keessaa isa tokko. Kana jechuun afaan kamiyyu ni ergifata. Dhugaan kun akkauma jirutti ta'ee afaanota tokko tokko keessatti osoo jechoonni aslii yaadrimee tokko bakka bu'uu danda'an osoo jiran yaadrimee sana bakka buusuuf afaanota biro irraa jechoota liqqeffachuun hojii irra yoo oolan ni muldhata. Kun immoo olaagaa kanaan faallaadha.

Akka ulaagaa kanaatti jechoonni aslii ta'an jechoota ergiffannaadhaan gara afaaniitti dhufan caalaa filatamoodha. Kana jechuun adeemsa waaltina afaan tokkoo keessatti jechoonni aslii dursa kennamaaf.

Yaadrimee tokko bakka buusuudhaaf jalqaba irrattii jechoonni aslii loogoota afaanichaa keessa jeraachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha. haaluma kanaan jechoonni yaadrimee bakka buusamuu barbaadame bakka bu'uu danda'an loogaota afaanichaa keessatti yoo argaman dursi jechoota kanaaf kennamuu qaba. Yaadrimee sana jechi bakka bu'u loogota afaanichaa keessaa hin argamu yoo ta'e garuu jecha afaan biraa irraa liqqeffachuun afaan kamiyyuu keessatti dhugaa haalamuu hindandeenyedha.

Haala afaan oromoo keessatti yeroo ammaa muldhatu akka fakkeenyaatitti fudhannee yoo laalle; jechoonni tokko tokko osoo jechoonni aslii loogoota tokko tokko keessatti tajaajila irratti argaman liqqeffannaadhaan gara afaanichaatti dhufuudhaan loogota tokko tokko keessatti tajaajila irratti argaman adeemsa waaltinnaa keessa seenuudhaan barreeffamoota keessatti yoo tajaajilan ni muldhatu. Kanaaf amumma irraa kaasee jechoonni kunniin jechoota aslii loogoota

biro keessatti argamaniin bakka buufamuu akka qaban hayyoonni afaanicha irratti qo'annoo gaggeessan yaada dhiheessu.

Jechoota haala kanaan yeroo ammaa barreeffamoota afaanichaan maxxanfaman kessatti tajaajila irratti argaman tokko tokko jechoota aslii loogota biro keessatti argaman wajjiin armaan gaditti siif dhihaatanii jiru.

Gindii – looga maccaa irraa

Moofara – looga tuulamaa keessatti kan tajaajila irratti argaman yoo tahu jechoonni kun lamaanuu afaan Amaaraa irraa gara afaan oromooti ergiffannaadhaan kan dhufan yoo tahu jechoonni kun barreeffammoota adda addaa keessatti yoo tajaajilan baldhinnan muldhatu. Haa ta'uuti jechi

Noohee – loogota Arsii-baaleetiif harar keessatti tajaajiluu irratti kan argamu yoo ta'u jechi kun jecha aslee afaan oromooti. Haa ta'u malee barreeffama keessatti jechi aslii kun jechoota armaan olii bakka bu'ee yoo tajaajilu hin muldhatu.

Walumaa galatti jechoonni aslii ta'an eenyummaa afaan sanaatiif dubbataa afaan sanaa wajjiin hidhata qaban waan ta'eef adeemsa waaltina afaanii keessatti dursi keennamuufii qaba. Kanaaf jechoonni osoo jechoonni aslii jiran ergiffannaadhaan gara afaanichaa dhufan yoo jiraatan baldhinnaan qorannoon irratti gaggeeffamee jechoota aslii loogota adda addaa keessatti argamaniin bakka buufamuu qabu.

4.14.8 Sabaa-himaa

Filannoo jechoota waaltinaa keessatti qabxiin xiyyeeffannoo keessa galuu qabu inni biraa sab-himaadha. Akka ulaagaa kanaatti jechoonni sab-himaalee adda addaa keessatti baldhinnaan tajaajila irratti argaman jechoota sab-himaalee adda addaa keessatti tajaajila irratti hin argamne caalaa adeemsa waaltinaatiif filatamuu qabu. Kunis kan taheef jechoonni sab-himaalee adda addaa keessatti tajaajiluu irraatti argaman dubbattoota hedduun kan beekaman waan ta'eef salphatti fudhatam argachuu dand'u.

Sab-himaaleen kanneen akka Raadiyoo, TV fi gaazezoonni waaltina afaanii keessatti gaheen isaan taphatan ol aanaadha. Jechoota waalta'oo hojii irra oolchuu keessatti jechoonni waaltinaaf filataman dubbattoota heddu bira gahanii fudhatama akka argataniif gaheen isaan qaban giddaadha.

Gama kanaan jechoonni afaan oromoo sab-himaalee afaan oromootiin tamsaasan keessatti haalli isaan keessatti argaman xinxalluun barbaachisaadha. keessattuu yeroo ammaa sab-himaaleen heddu afaan kanaan tamsaasuu irratti kan argaman waan taheef carraaleen jechoota waalta'an sab-himaalee keessatti hojii irra oolchuuf jiru baldhatee jira.

Haa ta'utii garuu gama kanaan sab-himaalee adda addaa kan jidduttii adda addummaan itti fayyadama jechootaa irratti adda addummaan baldhinnaan ni muldhatu. Kanaafis akka sababaatti kan ka'u gaazexeessonniifi namoonni sab-himaaleen walitti dhuffeenya qaban looga ofii isaaniitii dubbatan sabhimaalee irrattis ittiin tajaajilamuu isaanii irraati.

4.15 Babaldhisuu (elaboration)

Adeemsota waaltina afaanii keessaa inni sadaffaan babaldhisuudha. Sadarkaa kana keessatti afaan adeemsa waaltinaa irratti argamu dhimmoota adda addaa irratti gahumsa akka qabaatu jechoonni yaadirimeewwan haaraa afaanichi afaan barreeffamaa ta'uu isaatiin walqabatee gara affaanichaatti dhufan bakka bu'uu danda'an sadarkaa itti ijaarmaniidha. Kana malees afaanichi afaan saayinsiif teknooloojiin akkasumas afaan siyaas diingdeen ittiin gaggeeffamu ta'uu isaatiin walqabatee yaadrimeewwan haaraa gara afaanichaatti dhufuun isaanii waan hin oolle; yaad rimeewwan kanaaf jechoonni haaraan barbaachisuu isaatiin walqabatee jechoota haaraa ijaaruun barbaachisaadha. kanaaf adeemsa waaltinaa kana keessatti mala jechoonni afaan tokko keessatti argaman ittiin ijaaraman irratti hunda'uun yaadrimeewwan haaraa gara afaanichaatti dhufan jechootaan bakka buufamu.

Gabaabummatti babaldhisuun afaanichi gahumsa faaydaa gama teeknooloojiitiin, gama siyaasdiinagdeetiin, gama sab-himaaf barnootaatiin akka qabaatuuf jechoonni haaraa gara afaanichaatti dhufanii akka tajaajilan taasisuudha.

Afaan tokko keessatti jechoonni maloota ykn karaalee adda addaatiin babaldhatuu ykn ijaarmuu danda'u. Akka walii galaatti jechoonni afaan tokko keessatti karaalee gurguddoo lamaan babaldhatuu danda'u. Isaanis mala keessaatiif mala alaa jedhamu.

Mala keessatiin kan jedhamu mala afaanicha keessatti jechoonni ittiin uumamanitti fayadamuudhaan jechoonni afaanicha keessatti haala ittiin babal'atan kan ilaallatu yoo ta'u; mala alaatiin kan jedhamu immoo mala jechoonni afaanota biro irraa ittiin liqeeffatan ka ilaallatu ta'a.

Haaluma kanaan afaan oromoo keessattis jechoonni haaraan maloota adda addaatiin uumamuudhaan faaydaalee adda addaatiif tajaajila irratti argamu. Hayyoonni adda addaatiis jechoota oogummaa adda addaa keessatti tajaajila kennan bifa galmee jechootaatiin qopheessuuf yaalii taasisanii jiru. Akka fakkeenyaatti Eliyas Abera (1995) galmee jechootaa fayyaa fi Taamana Bitimaa (2000) galmee jechootaa teeknikaa qopheessanii jiru. Dabalataan dhaabiileen adda addaa galmeewwan jechootaa adda addaa keessatti qindeessuudhaan ummataaf dhiheessuun waaltina afaan oromoo keessatti gummaacha isaanii bahuu irratti argamu

A. Mala keessaatiin jechoota afaanii babaldhisuu

B. Mala alaatiin jechoota afaanii babaldhisuu

4.15.1 Mala keessaatiin jechoota afaanii babaldhisuu

Mala keessaatiin jechoonni afaanii kan babaldhatan jechota afaanicha keessatti argamanitti dhimma bahuudhaan jechoota haaraa uumuudha. Kana jechuun jechoota haaraa maaloota afaanicha keessatti jechoonni ittiin ijaaraman fayyadamuudhaan jechoota babaldhisuudha. Afaan tokko keessatti jechoonni maloota ykn karaalee adda addaatiin ijaarmuu ykn uumamuu danda'u. haaluma kanaan afaan oromoo keessattis jechoonni haaraa karaalee adda addaatiin uumamuu danda'u.

Afaan oromoo erga afaan hojii mootummaa oromiyaa ta'uun isaa mirkanaayeen booda afaanicha keessatti jechoota babaldhisuudhaaf tattaaffiiwwan adda addaa godhamaa turanii jiru. Tattaaffiiwwan kanniin keessaa tattaaffiin koreewaaltina afaan oromootiin taasifamaa ture bakka guddaa qaba. Koreen kun jechoota waaltina afaanichaa keessatti hojii irra oolan heddu maloota adda addaatiin uumuudhaan tkn ijaaruudhaan hojii irra oolchee jira oolchaas jira. Koree waaltina afaan oromootiin dabalata namoonni ogummaa adda addaa irratti bobba'an jechoota adda addaa gara waaltina afaanichaa dhufuudhaan akka hojii irra oolan taasiisanii jiru. Haluma kanaan dhaabbattoonni adda addaatiif namoonni dhuunfaa tokko tokko jechoota haaraa galmeewwan jechootaa maxxansiisuudhaan waaltina afaanichaatiif gumaachanii jiru. Isaan kanniin keessaa galmeewwan jechootaa Abdusammad(1994), Xilaahun(1995), Mahadi Hamid(1995) akkasumas

Akaadaamii Afaanota Itoophiyaa(1996) isaan jalqabaratti maxxanfaman keessaa isaan muraasa yoo ta’an dabaltaan namoonni heddu akka dhuunfaattii gameewwan jechootaa adda addaa maxxansiisuudhaan hojii irra oolchani jiru.

Mee akka fakkeenyaatti jechoota galeewwan jechoota adda addaa keessaa fudhaannee mala ittiin uumamaniin haa ilaallu.

| | | | |
|-------------------|------------------|------------------------|--|
| Abdusamad 1994 | Xilaahun 1995 | Mahaadi Hamiid 1995 | Akaadaamii Afaanota Itoophiyaa 1996 |
| Fi’ala | gosii | hidha | gocha |
| gochibsa | Dabala gosii | Hidha-raroo | Dabal-gocha |
| maqibsa | maqamuldhistuu | Qoosaa\asxaa | addeessa |

Akka gabatee armaan olii keessatti muldhatutti galmeewwan jechootaa adda addaa yaadrimee tokko haala adda addaatiin jecha haaraa uumanii yaadrimicha bakka buusanii jiru.

Fi’ala gosii, hidha fi gocha jechoonni jedhan garee jechootaa keessa isa kan ta’e isa afaan Ingiliiziitiin ‘verb’ jedhamu bakka buusuuf galmeewwan jechoota kanniin keessatii kan argamaniidha. Gochibsa, dabala gosii, hidha-raroo, fi dabal-gocha isaan jedhan immoo garee jechootaa keessaa isa afaan Ingiliiziitiin ‘adverb’ jedhamu bakka bu’u. maqibsa, maqamuldhistuu, qoosaa\asxaa fi addeessa isaan jedhan immoo garee jechootaa keessaa isa afaan Ingiliiziitiin ‘adjective’ jedhamu bakka bu’uuf uumaman.

Akka walii galaatti galmeewwan jechootaa afran gabatee armaan olii keessatti tuqaman keessatti akka muldhatutti afaan oromoo afaan barreeffamaa ta’uu isaatiin walqabatee yaadrimeewwan haaraa gara afaanichaatti dhufan bakka buusuudhaaf qopheessitoonni galmee jechootaa maloota adda addaatiin jechoota duraan afaanicha keessatti argaman irraa jichoota haaraa hiika haaraa bakka bu’uu danda’an uumuun ykn ijaaruun tajaajila irra akka oolaniif qopheessanii jiru.

Gochaa

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti yaadrimeewwa haaraa bakka buusuudhaaf qopheessitoota galmee jechootaa kanniiniin uumaman ykn ijaarman mala kamiin akka uumaman addeessi.

Itti ansuudhaan maloota adda addaa jechoonni Afaan Oromoo keessatti ittiin uumaman ykn ijaarman keessaa isaan yeroo ammaa affanicha keessatti jechoonni baay'naan ittiin uumaman ijaaraman gabaabinnaan illaalla

1. Hiika baldhisuu (meaning extension)

Jechoonni afaan tokko keessatti hiika bakka bu'u. kana jechuun afaanicha keessatti haala baramaa keessatti hiikni jechi bakka bu'u jira jechuudha. Hiika baldhisuu jechuun immoo mala jechi dura afaan tokko keessatti argamu hiika duraan afaanicha keessatti qabuun dabalata hiika ykn yaadrimee haaraa gara afaanichaatti dhufe akka bakka bu'u ittiin taasifamuuti. Gabaabumatti hiika baldhisuun hiika jechi tokko afaan keessatti duraan qabu baldhisuudhaan hiika biraas akka bakka bu'u mala taasisuuti.

Afaan oromoo keessatti mala kanaan jechoonni haaraa dur irraa kaasee ijaaramaanii jiru keessattuu afaanichi afaan hojiitiif afaan barnootaa ta'uu isaatiin walqabatee mala kanaan yaadrimeewwan haaraan gara afaanichaatti dhufuu irratti argaman bakka buufamanii afaanicha keessatti tajaajiluu irratti argamu.

Maalummaa hiika baldhisuu irra caalatti ifa taasisuudhaaf fakkeenyota armaan gaditti siif dhihaatan xiyyeeffannaadhaan xiinxalli.

| jecha | Hiika bu'uuraa | Hiika baldhifame |
|--------------|-----------------------|-------------------------|
| Gocha | | |

| | | |
|-----------|--|--|
| Fuula | | |
| Kofoo | | |
| Geejiba | | |
| Qajeelcha | | |
| Hayyuu | | |
| | | |

Akka gabatee kana keesstti muldhatutti jechoonni adda addaa afaanicha keessatti argaman afaanichi afaan barnootaa ta'uu isaatiin walqabatee hiika duraan qabaniin dabalata hiikni isaani baldhifamee yaadrimee haara akka bakka bu'an taasisuudhaan afaanicha keessatti jechoonni haaraa hiika haaraa bakka bu'an akka jiraatan taasisuun danda'amee jira.

2. Suphuu (blending)

Suphuun adeemsota afaan tokko kessatti jechoonni ittiin uumaman ykn ittiin babaldhatan keessaa tokko. Adeemsa suphuu keessatti qaamoleen jechoota lamaafi lamaa oli duraan afaanicha keessatti argaman walttidhufuudhaan jecha tokko argamsiisu. Kana jechuun suphuun adeemsa qaamoleen jechoota lamaafi lamaa ol irraa walittidhufuudhaan jecha haaraa yaadrimee haaraa bakka bu'u ittiin ijaaramuuti.

Keessattii afaan oromoo afaan afaan barreeffamaa ta'uu isaatiin walqabatee jechoonni haaraan mala ijaarsa jechootaa kanaan baayy'innaan ijaaramanii tajaajilaaf dhihaatanii jiru ammaas dhihaachuu irratti argamu.

Fkn.

| | Jechoota jechi irraa ijaarame | Jecha ijaarame | Hiika jecha ijaaramee |
|---|-------------------------------|----------------|---|
| 1 | Dhugaa fi hima | Dhugima | Gosa himaa dhugaa ittiin himuuf tajaajilu |

| | | | |
|---|--------------------|-----------|--|
| 2 | Mataa fi hima | Matima | Qaama himaa kan hima keessatii waa'een isaa himamu |
| 3 | Xinxala fi sagalee | Xinsaga | Damee xiinqooqaa kan waa'ee sagalee qo'atu |
| 4 | Xinxala fi sammuu | Xinsammuu | Saayinsii waa'ee sammuu qo'atu. |

Akka gabatee armaan olii kessatti muldhatutti jechoota dur jiran qaamolee isaanii walitti fiduudhaan jecha haaraa yaadrimee haaraa akka bakka bu'an ijaaruun ni danda'ama.

Mala ijaarsa jechaa kana keessatti jechoota ofdana'anii hiika mata isaanii qaban qaamolee isaanii walitti fiduudhaan jecha haaraa ijaaru. Yeroo baay'ee jecha isa jalqabaa irraa qaama jalqaba jechichaa irratti argamu fudhachuudhaan jecha isa lammaffaa irraa immoo qaama gara dhumaatti argamu ykn jechechicha akkuma jirutti fudhachuudhaan qaamolee kanniin walitti fiduudhaan akka jecha tokkootti ijaaruudhaan hojii irra oola.

3. Yaasa (derivation)

Malli ijaarsaa kun hundee jechootaa irratti fufiilee yaasaa maxxansuudhaan jechi haaraan akka ijaaramu ykn akka uumamu taasisa. Yaasni mala ijaarsa jechootaa keessaa isa tokko ta'ee; fufiilee yaasaa hundee jechootaatti fufuudhaan jechoota haaraa afaan tokko keessarri ijaaruudhaaf mala tajaajiluudha.

Adeemsa yaasaa keessatti fufiileen yaasaa hundee jechootaatti maxxanuudhaan jechoota gosa ykn garee adda addaa keessatti argaman ijaaru.

Mee amma immoo jechoota mala yaasaatiin uumaman gabatee armaan gadii keessatti siif dhihaatan xinxalli.

| | Jecha | Hundee jechaa | Fufii yaasaa |
|---|------------|---------------|--------------|
| 1 | barisiisaa | Bar- | -siis- , -aa |

| | | | |
|---|-------------|----------|------------|
| 2 | Barataa | Bar- | -at- , -aa |
| 3 | nyaata | Nyaat- | -a |
| 4 | filannoo | Fil- | -at-, noo |
| 5 | yaadannoo | Yaad- | -at-, noo |
| 6 | geggeesituu | Geggees- | -tuu |
| 7 | namummaa | nama | -ummaa |

4. Digaleessuu (compounding)

Digaleessuun adeemsa ijaarsa jechootaa keessaa isa tokko. Mala ijaarsaa kana keessatti jeechoonni lamaa ykn lamaa ol walitti dhufuudhaan jecha yaadrimee tokko bakka bu’u ijaaru. Jechoonni kophaa kophaa isaanitti hiika mataa isaanii qaban walitti dhufuudhaan jecha haaraa ijaaru. Adeemsi jechoonni haala kanaan ijaaraman ittiin ijaaraman immoo digaleessuu jedhama. Malli kun keessattu maqaalee haaraa afaan oromoo kessatti ijaaruu keessatti dur irraa kaasee baldhinnaan tajaajiluu irratti argama.

Maalummaa digaleessuu irra caalatti hubachuuf fakeenyota gabatee armaan gadii keessatti keennaman xinxalli.

| | Jechoota walitti dhufan | Jecha digalaa |
|---|-------------------------|---------------|
| 1 | Abbaa fi gadaa | Abbaa gadaa |

| | | |
|---|----------------------|-------------------|
| 2 | Haadha fi warra | Haadha warraa |
| 3 | Mana fi murtii | Mana murtii |
| 4 | Sirna fi barnoota | Sirna barnootaa |
| 5 | Mana fi galmee | Mana galmee |
| 6 | Waraqaa fi eenyummaa | Waraqaa eenyummaa |
| 7 | | |

Akkuma gabatee armaan olii keessatti dhihaatetti jechoonni kophaa kophaa isaaniititti hiika mataa isaanii qaban akkuma jiranitti walitti dhufuudhaan jecha haaraa ijaaruu ykn argamsiisuu danda’u.

Shaakala.

Barataa\tuu jechoota afaan oromoo mala digaleessuutiin ijaaraman hanga beektu iddoo armaan gaditti siif keenname irratti barreessi.

5. Malleen ijaarsa jechoota afaan Oromoo isaan biro

Baldhinaan jechoonni afaan oromoo kan ijaaraman malleen armaan olitti ibsamaniin yoo tahu; malleen isaan armaan olitti caqafamaniin dabalatas malleen isaan birootiin ni ijaaramu.

Malleen kanniin keessaa

- a. Gabaabsuu

- b. Akkeessuu
- c. Jijjiirraa hiikaa
- d. Jechama fi isaan biro keessatti argamu.

Gabaabsuu

jechoonni afaan tokko keessatti argaman dheerina qaban gabaasuun gabaabsanii itti fayyasamuunis akka ijaarsa jechootaatti ilaalamuu danda'a.

jechoonni sababoota xinqooqawaa ta'eefi mitixinqooqawaa ta'aniin gabaabachuu danda'u.

ilmi namaa wanta dheeraa ta'e irra gabaabaa filata; akkasumas yaada heddu gabaabsee dhiheessuu filata. Kanaaf amalli ilma namaa kun afaan isaa keessattiis ni muldhata.

4.16 HOJII IRRA OOLCHUU (Implimentation)

hojii irra oolchuun hojiilee ykn gochoota looga waalta'aa loogoota hunda keessatti faaydaa irra akka oolu taasisuuti. Gochoonni kun dhabbiilee afaan kanaan haala idileetiin hojjataniin hunda keessatti loogni waaltinaaf dhihaate hojii irra akka oolu sadarkaa kanatii taasifama. Gabaamatti sadarkaan kun sadarkaa loogni waaltinaaf filatamee gara hojiititti seenuudhaan loogota hunda keessatti faaydaa irra ooluudha.

Hojiirra oolchuun sadarkaa sadarkaa loogni waaltawaan dhaabilee mootummaa, dhaabbilee barnootaa akkasumas saba himaa keessatti hojii irra ittiin ooluudhaan loogota hunda keessatti fudhatama akka argatuufi beekamaa ittiin tahuudha. Kana jechuun loogni waaltawaan kun looga dhaabbileen mootummaa afaan sanatti fayyadaman dhaabiileen niti mootummaa afaan sanatti dhimma bahan hundi akka dhimma itti bahan sadarkaa taasifamuudha.

Loogni waaltinaa tokko filatamuun yookaan babal'achuufi sirni barreeffamaa qophahuun qofti waaltina afaan tokkootiif gahaa miti. Loogni waaltinaaf filame tokko akka hojii irra oolu taasisuun sadarkaa waaltina afaan tokkoo keessatti sadarkaa baay'ee barbaachisaa taheedha. Looga waalta'aa kana hojii irra akka oolu taasisuuf immoo gochoonni dhaabiilee adda addaatiin godhamuufi namoota dhuunfaa afaanichatti tajaajilamaniin taasifaman bakka guddaa qabu.

Haaluma kanaan waaltina afaan tokkoo keessatti looga waalta'aa hojii irra oolchuu keessatti

1. Dhaabiileen adda addaa
2. Hawasni
3. Namoonni dhuunfaa gahee guddaa qabu.

Afaan oromootis afaan barreeffamaatiif afaan hojii tahuu isaatiin walqabatee sadarkaa kana keessa darbuun isaa waan eegamuudha. Kanaaf Afaan oromoo keessatti gahee qaamoleen sadan kun bahaniif bahuu irratti argaman qaban armaan gaditti tokko tokkoon ilaalla.

1. Dhaabilee Adda Addaa

Dhaabatta kan jedhamu gurmuu namoota kaayyoo qoodamaa tahee qaban kan ofkeessatti hammatuudha. Waaltina afaan Oromoo keessatti dhaabiileen adda addaa shoora mataa isaanii taphatanii jiru ammas taphuu irratti argamu. Dhaabiilee kalattiidhaanis ta'ee alkalattiidhaan looga waalta'aa Afaan Oromoo hojii irra oolchuu keessatti qaban kana garee saditti qoodnee ilaaluu dandeenya.

- A. Jaarmayaalee Mootummaa
- B. Jaarmayaalee Ammantii
- C. Jaarmayaalee Siyaasaa

A. Jaarmiyaaalee Mootummaa

Gaheen jaarmayaaleen mootummaa looga waaltawaa hojii irra oolchuuf qaban bakka guddaa qaba. Mootummaan afaan tokko afaan hojii akka tahu murteessuun dabalata afaan qaamolee sadarkaa adda addaa irratti argaman kanneen afaan tokko akka afaan hojii isaaniitti itti fayyadaman hundi looga waaltahaa tahetti akka tajaajilamaniif gahee guddaa qaba.

Akka hayyooni irratti walii galanitti mootummaan dhaabilee barnootaa keessatti angoo qabutti fayyadamee looga waaltahaa hojii irra akka oolu taasisuu danda'uun dabalata dhaabiilee waaltina afaan tokkoo duuka bu'uun afaanicha waaltessan dhaabuu dhaan waaltin afaan sanaa akka saffiisiisuu taasisuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf mootummaan jaarmiyaaalee kaawwan caalaa gahee guddaa qaba.

Afaan oromoo afaan hojii mootummaa naannoo oromiyaa tahuu isaatiin walqabatee mootummaan naannoo oromiyaa maanneen hojii naannoo oromiyaa keessatti argaman keessatti looga waalta'aa hojii irra akka oolu taasisuudhaaf angoo niqabaata. Kana malees dhaabiilee

kanneen akka barnootaa, seeraatiif bulchiinsa keessatti afaanichi akka waaltahuuf qajeelfamoota adda addaa basuudhaan hojii irra oolchuuf angoo niqabaata. Dabalataan Akaadaamii afaanii ykn koree ealtina afaanii dhabuudhaan waaltinni afaanichaa haala saayinsawaa taheen akka adeemuuf gaheen mootummaan kun taphachuu danda’u guddaadha.

Dhaabiileen mootummaa kunniin gahee isaan waaltina afaanichaa keessatti qaban armaan gaditti dhihaatee jira.

Akaadaamii ykn Koree Afaanii

Akaadaamii ykn Koree Afaanii kan jedhaman dhaabbata ykn koree dhimmi afaan tokkoo isaan ilaallatu jechuudha. Akaadaamiin ykn Koreen afaanii dhaabatta saayinsawaa fi aadaa tahee kaayyoo afaan haala saayinsawaa tahee dagaagsuufi deeggaruudhaaf kan hundeeffamudha. Qaamni kun looga waaltinaa dhiheessuun akka hojii irra oolu hordofuufi duuka bu’ee sirreesuudhaaf angoo qabaata. Qaamni kun mootummaadhaan daabbatee akka qaama ol’aanaa waa’ee afaan tokkoo tti kan ilaalamuudha. Kanaaf keessattuu akaadaamiiwwan afaanii gama kanaan angoon isaan qaban bakka guddaa qaba.

Qaamni dhimmi afaanii isa ilaallatu kun maqaalee adda addaatiin kan beekamu yoo tahu biyyoota Awwroopaa heddu keessatti maqaa Akaadamii Afaanii jedhuun kan beekamu yoo tahu biyyiita Afrikaa heddu keessatti Immoo Koree Waaltin Afaanii Maqqa jedhuun beekamu. Qaamni waa’ee waaltinaafi dagaagina akkasumas dhimmoota afaaniin walqabatan isaan biroo akka qaama ol’aanaatitti yeroo amma afaan Oromoo irratti hojjachuu irratti kan argamu Koree Waaltina Afaan Oromoo jedhamuudhaan kan beekamu yootahu. Biiroo Aadaaf Turizimii Oromiyaa keessatti akka garee tokkootti hundeeffamee hojiilee adda addaa hojjachuu irratti argama.

Kanatti ansuudhaan hojiilee Koree Waaltin Afaan Oromootiin gama Waaltinaatiin hojjataman tokko tokko akka fakkeenyaatti illaallee hanqinoota gama koree kanaatiin muldhatan tokko tokko kaasnee ilaalla.

Koreen kun Biiroo Aadaaf Turizimii Oromiyaatiin bara 1994 A.L.A. ergadhaabbate irraa kaasee jechoota waaltinaaf ta’an qaamolee afaanichaan tajaajilamaniif dheheessuu irratti argama. Koreen kun namoota ogummaa adda addaa irraa walitti babahan irraa kan hundeeffameedha.

Hojiwwan koree kanaan hojjataman kun kitaaba Wiirtuu jiildiiwwan adda addaatiin maxxanfamanii argamu.

Haaluma kanaan jechoonni muraasa hinjedhamnee Koree kanaan ijaarmanii yeroo ammaa baldhinnaan loogoota hunda keesstti faca'anii faaydaa irra ooluu irratti argamu. Jechoota koree kanaan ijaarmanii yeroo ammaa faaydaa irratti argaman keessaa isaan muraasa armaan gaditti dhihaatanii jiru.

Fkn.

Ala fi oola jechoota jedhan irraa Jecha Aloola jedhu ijaaruudhaan jecha Ingiliiffaa fieldwork jedhu bakka buusuu danda'anii jiru.

Yaada fi walaloo jechoota jedhan irraa immoo jecha yadaloo jedhuu ijaaruun faaydaa irra oolchanii jiru.

Koreen waaltin afaanii kan hundeeffamu

- ogeeyyii ogummaa adda addaa irraa waltti babahan
- namoota loogoota adda addaa dubbatan irraa
- ogeeyyee xiinqooqaa ofkeessatti kan hammate

yoo ta'e irra caalatti bu'a qabeessaafi gahumsa kan qabaatu ta'a.

Dhaabiilee Barnootaa

Dhaabiilee kaawwan caalaa dhaabileen barnoota looga waaltahaa hojii irra oolchuu keessatti haala gahumsa qabuun hojii irra oolchuu danda'u. kanaaf manneen barnootaa looga waalaa'a hojii irra oolchuu keessatti gaheen isaan qaban guddaadha. Barsiisonniif barattoonni haala salphaan kitaabolee barnotaaf qophaahanitti fayyadamuudhaan jechoota haaraa barachuun hojii irra oolchuun dabalata jechoonni haaraan kun hawaasa keessa facca'anii hofaaydaa irra akka oolan gochuu keessatti shoorri isaan taphatan guddaadha.

Haaluma kanaan yeroo amma jechoonni heddu manneen barnootaa keesstti waalta'anii faaydaa irra ooluu irratti argamu. Akka fakkeenyaatti jechoota armaan gadii ilaaluun ni danda'ama.

Fkn.

- Boronqii

- Daree
- Gabatee gurracha
- Herreega
- Qubee
- Qormaata
- Battallee fi kkf.

Sabhima

Qaamni mootummaadhaan hundeeffamee waaltina afaan tokkoo keessatti gahee qabaatu inni biraa Sabhimaadha. Sabhimaaleen looga waaltahaa hawaasa afaan sana dubbata bira baldhinaan gahee fudhatama akka argatuuf gaheen inni taphatu guddaadha.

Afaan Oromoo Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa tahuu isaatiin walqabatee sabahimaaleen adda addaa mootummaadhaan dhabamanii afaan kanaan hawaasa afaan kanatti fayyadamuuf dhihaachuu irratti argamu. Haluma kanaan afaan oromootiin gaazexaaleen barreeffaman raadiyoofi televijjiiniinin afaan kanaan baldhinaan tamsaasuu irratti argamu.

Jechoonni heddu sabahimaaleedhaan waalta’anii hojii irratti kan argama jiru. Jechoota kanniin keessa isaan muraasa akka fakkeenyaatti fudhannee armaan gaditti haa ilaallu.

Fkn.

- Ijoodubbii
- Gulaalaa
- Qarshii

- Kabajuu
- Magaalaa
- Mallaqa
- Tamsaasa fi kkf

Jechoonni kunniin baldhinnaan haala walfakkatuun sabhimaalee keessatti faaydaa irra ooluu irratti argamu.

Bulchiinsaa fi Qaamolee Haqaa

Qoomoleen mootummaa kunniin immoo jechoota bulchiinsaa fi ogummaa seeraatiin walittidhufeenya qaban hojii irra oolchuu keessatti addatti xiyyeeffannoon kennamuufii qaba. Afaan tokko adeemsa waaltinaa keessatti afaan bulchiinsaatiif afaan seeraa tahuu isaatiin walqabatee jechoonni tajaajila kana kennuu keessatti qunnantiif oolan baldhinnaan hojii irra kan oolan qaamolee mootummaa kanniin keessatti.

Haaloma kanaan jechoonni muraasa hin jedhamne qaamolee bulchiinsaatiif qaamolee haqaa keessatti waalta’anii tajaajila irratti argamu. Jechoota haala kanaan qaamolee kanniin keessatti waalta’anii faaydaa irra ooluu irratti argaman keessaa isaan armaan gadii keesstti argamu.

Fkn.

- Caffee
- Bulchiinsa
- Barreesituu
- Mana murtii

- Abbaa seeraa
- Xaddacha
- Adaba

Jechoonni armaan olii kun yeroo ammaa baldhinaan bulchiinsotaafi qaamolee haqaa keessatti hojii irratti argamu.

B. Jaarmiyaalee Amantii

Dhaabileen amantiis waaltina afaan tokkoo keessatti qaban akka salphatti kan ilaalamu miti. Dhaabileen kun afaan tokkoon lallabanuun hordoftoota isaaniitiif ergaa dabarsaniin dabalata jechoota amantiidhaan waltidhufeenya qaban waaltessuu keessatti gaheen isaan qaban guddaadha. Dabalataan kitaabilee qulqulluu fi barreeffamoota amantii afaan sanatti jijjiiruudhaan ykn afaan sanaan qopheessuudhaan jechoonni waalta'oon hordoftoota isaanii bira baldhinaan akka gahan taasisu.

Dur irraa kaasee namoonni Amantii lalabuudhaaf Awroopaa irraa gara Itoophiyaa dhufuudhaan gama barreeffama afaanichaatiin gumaacha godhaa turanii jiru. Kana malees namuunni Oromoos afaan kun afaan amantiin ittiin lallabamu akka tahuuf gummaacha guddaa godhanii jiru.

Keesstuu gama kanaan hojiin OOnesmos Nesiin fi Asteer Gannoo hojjatan kaasuun nidanda'ama. Kana malees gama Amantaa Islaamaatinis Sheek Mohaammed Rashad Abdullee jijjiiraan Qur'aana isaan hojjatan eeruun nidanda'ama.

C. Jaarmayaalee Siyaasaa

Jaarmayaaleen siyaasaas gaheen waaltinaafi dagaagin afaan tokkoo kessatti qaban guddaadha. Jaarmiyaaleen siyaasaa jechoota siyaasadhaan akkasumas bulchiinsaan walitti dhufeenya qaban ijaaruudhaan hojii irra oolchuu keessatti gahee qaban irraa kan ka'e waaltina afaan tokkoo keessatti qaamolee hoojii irra oolmaa looga waalta'aa keessatti xiyyeeffannaan keennamuufii qaba.

Jaarmayaalee siyaasaa oromoo adda addaa keessatti jechoonni adda addaa waalta'anii tajaajiluu irratti argamu. Gama kanaan jaarmiyaaleen yeroo baay'ee akka fakkeenyaatitti ka'an Adda

Bilisummaa Oromoo fi Dhaabbata Dimokrasummaa Ummata Oromooti. Fakkeenyota jaar-miyaalee kanniiniin faaydaa irra oolutti argaman armaan gaditti dhihaatee jira.

Fkn. Adda Bilisummaa Oromoo

- Wareegama
- Waajjira
- Jaarmaya
- Bilisummaa

Fkn. Dhaabata Dimokraasummaa Ummata Oromoo

- Haaromsa
- Qorannoo
- Dhaaba
- Aarsaa

2. Namoota dhuunfaa

Namoonni dhuunfaatis looga waalta'aa hojii irra olchuu keesstti gahee qabu. Namoonni dhuunfaa ogummaa adda addaa keessatti argaman keessattuu namoonni dhuunfaa hawaassa birratti beekamoo tahan kanneen akka baesiisaa, abbootii amantii, hoogantoota siyaasaa kkf salphatti namoota hedduun hordofamuu waan danda'anii afaan isaan ittifayyadaman waaltahaa tahuun barbaachisaadha. kannamalees barreessitoonni looga walta'aa hojii irra oolchuu keessatti akka nama dhuunffaatti gahee qabu.

Kanaaf barreessitoonni kitaabillee barnootaa qopheessan, galmee jechootaa qopheessan, afaan barsiisaniif kkf afaan waalta'aa hojii irra oolchuu kessatti gahee guddaa qabu.

Afaan Oromoo waaltessuu keessattis namoonni adda addaa gahee mataa isaanii bahanii jiru ammas bahuu irratti argamu.

3. Hawaasa

Loogni waalta'aan hijii rra ooluudhaaf hawaasa loogoota addaa dubbatan biraatti fudhatama argatee baldhinnaan faaydaa irra ooluu qaba. Gaheen namoota afaan karoorsanii looga waalta'aa

dhiheessuudha kan hojii irra akka oolu taasisu hawaasa. Kanaaf loogni waalta'aan hawaasa biratti fudhatama argatu malee hojii irra ooluu hin danda'u.

Hawwasni oromoos afaan oromoo waalteessuu keessatti gaheen qabaachaa tureef ammas qabaachhuu irrattii taasisaa jiru guddaadha. Gama kanaa akka fakkeenyaatti ka'uu kan danda'an maqaalee guyyootaatiif maqaalee ji'ootaati. Yeroo ammaa jechoonni kun dubbattoota loogota adda addaa biratti kan beekamaniif baldhinnaan hojii irra oolaa kan jiran tahuu qorannoowwan gama kanaan taasifaman ni agarsiisu.

Walumaa galatti sadarkaa waaltina afaanii keessatti sadarkaan hojii irra oolchuu qaamolee dhimmi afaanii isaan ilaalatuun hordofamaa hojii irra akka oolu taasisuudhaan adeemsa hojii irra oolmaa isaa saffisiisuun kan danda'amu ta'uu isaa ragaaleen ni agarsiisu.

14.6 Gufuuwwan Waaltinaa

Afaan kan waaltessu eenyuu ?

Akka muuxannoon biyyootaafi afaanota hedduu agarsiisuutti qaamoleen hawaasaa kamiyyu waaltina afaan isaanii keessatti gumaacha gama isaanii isaaniitiin taasisuu nidand'u. Kanneenis :-

- ❖ Dhaabbilee mootummaafi mitmootummaa garaa garaa
- ❖ Injineeroota/ogeeyyota afaanii (Linguists)
- ❖ Dhaabbilee amantaa
- ❖ Abbootii siyaasaa
- ❖ Sabqunnamtiifi namoota sabqunnamtii
- ❖ Barsiisotaafi barattoota
- ❖ Yunivaarsiitota
- ❖ Bulchitoota hawaasa sadarkaa garaa garaa
- ❖ Namoota dhuunfaa (barreessitootaafi namoota aartii)

❖ Dubbatoota afaanicha hunda ta'uu nidanda'u.

14.7 Afaanota gurguddoofi Xixiqqoo (Major and Minor Languages)

Guddina uummatni/ biyyi tokko gama teekinoolojii , siyaasaa , diippiloomaasii , dinagdee , aadaafi hawaasummaan qabdu murteessuutiin imaamatniifi ittifayyadamni afaanii ishii baayyee murteessaadha. Haata'u sababoota armaan gadiirratti hundaa'uun afaanota biyya tokko keessatti argaman guddaa ykkn xiqqa jechuun safaruun nidanda'ama. Isaanis :-

- Hang baay'ina dubbatootaa afaanichi qabu bu'ureeffachuun
- Sadarkaa afaanichi biyyitti keessatti qaabu.
Fkn. Afaanichi afaan hojii , barnootaa, aadaa , amantaa , mana murtii , kanbiroos ta'ee tajaajiluu isaati.
- Afaanichi daangaa biyyitti ce'ee dubbatamuu isaa.
Fkn. Baha Afrika keessatti Afaan Oromoofi Afaan Sumaalee
- Afaanichi afaan dubbirra darbee hojiif ooluu isaa.
- Afaan soda ykn yaaddoo (threaten) baduu hinqabne ta'uu.
Fkn. Afaanonni Afrikaa baayyeen xiyyeeffannaa dhabuun , akkasumas dubbatoonni afaanichaa ilaalcha gadaanaa afaan isaaniif qaabaniin hawaani dubbatu baduun baduu danda'u kan jedhuun soda jedhu guddaadha
- Afaanichi kan qorannoon hedduun ittin hojjetameefi dokimantii (ragaalee) hedduu kan qabu ta'uu isaa.
- Afaanichi qubeen ittin barreeffamu afaan dubbii afaan bakka bu'u sanaa guutummaa guutuutti ibsuu danda'uu.
- Afaanichi kan waalta'e ta'uu.
- Afaanichi afaan bal'inaan uummata biyyitti jiddutti dubbatamu (Lingua Franca) ta'uu.

Gochaa – 7

1. Bu'ura afaanonni gartuu afaan guddaa ykn xiqqaa jedhamuun akka qoodaman gargaaru maal akka ta'e agarsiisi.

2. Afaan guddaa jedhamee waamamuu afaan tokkoofi baay'ina dubbattoota isaa gidduutti walitti dhufeenya jiru ibsi.

Cuunfaa

Tajaajilli afaanii inni duraafi guddaan walqunnamtii namoota jidduutti saffisiisuudha. Kanaaf, garaagarummaa keessa jiru to'atamu qaba. Kanarraan ka'uunis, waaltinni itti fayyadama afaanii walfakkaatu uumuuf, jijjiitama afaaniifi garaagarummaa afaanii hir'isa. Waaltinni adeemsas ta'uu nidanda'a. Sababni isaas afaani du'aniin ala yeroo hundumaa jijjiirama keessa jiraachuufi garaagarummaa qabaachuu isaanitiinidha. Kana malees, waaltina jechuun ittiin loogawwan keessa inni tokko afaan waaltawaa uummataan ga'uufi afaanichi hunduma biratti fudhatama akka argatu gochuudha.

Waaltinni afaani faayidaalee qabu keessa isaan gurguddoo waliigaltee salphisuu, tokkummaa mul'isuu, eenyummaa calaqqisiisuufi siyaasaan walqabatee; sabummaa lammiilee, eenyummaa

lammiilee tokkicha horachuuf, jireenya namoota jajjabeessuufi qulqullina afaanichaa eeguuf ta'uun isaa bu'aa isaa isa guddaadha.

Kaayyoon afaan waaltessuu ka'umsa garaagaraa qabaatullee, kanneen beekamoon :

- a. Saba tokko guddisuuf
- b. Walii galtee salphisuuf
- c. Akka moodelaatti hundi akka itti gargaaramuuf
- d. Barsiisuu salphisuuf
- e. Fedhii siyaasaa tajaajiluufidha.

Gulantaalee waaltinaa afaanii kan jehaman hayyoota garaagartiin karaa adda addaa kan goodaman ta'ullee, kan nuti akka koorsii kanaatti hubachuu ykn qabachuu qabnu kanneen gadii ta'uu qabu.

1. Murteessuu
2. Koodii bakka bu'insaa kennuufii
3. Gabbisuu
4. Hojiirra oolchuu
5. Kunuunsuu
6. Walsimsiisuu jehamuun beekamu.

Karaalee afaan waalta'u lamaan karaa loogii ta'een jechuun afaanota ol'aantummaa qaban filachuun waaltessuufi karaa paandeliyaaktekaalii yokiin loogonni(afaanonni) waaltina keessatti hirmaannaa hayyoota garaagaraatiin haala diimokiraatawaan yommuu raawwatamu jechuudha. Akkasumas, karaa idileefi al-idilee jedhanii kan kaa'an nijiru. Isaan kunis kan calqaba itti yaadamee kan karoorfamu yoo ta'u inni lammaffaan garuu osoo itti hinyaadamiin adeemsa itti fayyadama afaanii keessa kan ta'udha.

Adeemsota afaan waaltessuu keessaa filannoo looga waaltinaa keessatti wantoonni xiyyeeffannoon kennamuu barbaadan akka beekaan 'Ansre': 1977377-8 jedhutti;

- Ragaalee barreeffamaa ga'aa
- Sabhima(media)
- Ilaalcha dubbattootaa

- Lakkoofsa dubbattoota
- Haala waaltina yeroo ammaa ta’u.

Akka beektota adda addaatti ulaagaaleen jechoonni waaltinaa ittin filataman kanneen gadii ta’uu nidanda’u.

- Lakkoofsa dubbattoota
- Faca’insa loogota adda addaa keessatti qabu
- Asilumm
- Qusannaa
- Ifummaa
- Fudhatamummaa
- Ragaa barreeffamaa
- UUmhortumm (horuu jechootaa)
- Haala sabhimaa

Afaan tokko guddaadha yookiin xiqqadha jechuun safaruuf sababootni armaan gadii irratti hundaa’uun nidanda’ama.

- ❖ Baayina dubbattoota afaanichaa
- ❖ Sadarkaa afaanichi biyyitti keessatti qabu
- ❖ Afaanichi daangaa ce;ee dubbatamuu
- ❖ Afaanichi afaan dubbii irra darbee hojiif ooluu
- ❖ Afaan soda baduu hinqabne ta’uu
- ❖ Afaan qorannoota’uufi ragaa qabu ta’uu
- ❖ Qubee afaan dubbiiifi barreeffamaa qabaachuu
- ❖ Afaan waalta’e ta’uu
- ❖ Afaan bal’inaanuummata biyyin dubbatamu ta’uu

Kitaabilee Wabiifi Dubbifamuu Qaban

- Ansre,G. (1996). “Language Standardization in Sub-Sharan Africa” In Fishman J.(ed.)
Advantages in Language Learning. The Hague:Mouton.
- Alexander, N., (1989). *Language policy and national unity in South Africa/Azania*. Cape Town: Buchu Books.
- Bernard Spolsky. (2004). *Language Policy*. Cambridge University Press. Page 1-39
- Bender,James D. Bowen,Robert L. Cooper and Charles A. Ferguson(eds.), **Language in Ethiopia**.Oxford University press:London.
- Bender,ML.1976, **None-Semetic Languages:Nilo-Sharan.**”In Bener, M.L.et al 1976.**Language in Ethiopia**. London:OuP.pp53-62.
- Bender,M.L.Charles Ferguson, 1976,**Introduction of the book Language in Ethiopia**” In Bender ,M.L, et al 1976. *Language in Ethiopia*. London :OUT, pp 1-22
- Bloomfield,L. (1993). **Lanuguage**.New York :Henry Holt.
- Chimdi W.fi Selamawit T. (2003) A.L.I) Afaan Karoorsuufi Waaltessuu.Kan hinmaxxanne, Yunivarsiitii Jimmaa:Oromiyaa.
- Cooper, R. L., (1989). *Language planning and social change*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Downes, W., (1984). *Language and society*. London: Fontana.
- Fairclough, N., (1989). *Language and power*. Harlow, Essex: Longman. (Language and social life series, Ed. C. N. Candlin).
- Feda Negesse Thesis Pdf.**Classification of Oromo Dialect**.
- Fishman.J (ed). (1968). *Readings in the Sociology of Language*. The Hague: Mouton.
- Fishman ,et al (eds) *Language problem of Developing Nations*.New York;Wiley.
- Gibson Ferguson. (2006). *Language Planing and Education*. Edinbugh University Press Ltd22 George Square, Edinburgh. Page 1-1
- Hudson,R.A.(1980). **Sociolinguistics**, First edition, Cambridge University press:Cambridge.
- Hudson,R.A.1996. **Sociolinguistics** (2nd ed.) Cambridge:CUP.
- J. Chambers and P. Trudgill. *Dialectology*. Cambridge: Cambridge University Press, 1980.
- Karam, F.X 1974.” Towards a theory of Language Plannining “ In Fishman (ed). *Advances in Language Plannining*, The Hague: Mouton.

- Mokonnen, H.(2002). Lexical Standardization in Oromo, Unpublished ,MA Thesis , AAU.
- Mekuriya Bulcha (1994). **The language policy of Ethiopian Regimes and the history of written Afan oromo** ; 1844-1994,In journal of Oromo studies 1,1&2.
- Robert L. Cooper. (1998). Language Planning and Social Change. Cambridge University Press. Page 29-164
- Spolsky.B,(1998).**Sociolinguistics**.Oxford University Press:Oxford
- Trudgill, Peter,(1995).**Sociolinguistics. An introduction to language and society**. Penguin books:London.
- UNESCO. (1953). *The use of vernacular languages in education: the report of the UNESCO meeting of specialists, 1951*. Paris: UNESCO.
- Wasanee Bashaa,(1995). Qara,**Qorluugaafi Seerlugaa Afaan Oromoo**. Mana maxxansaa Meegaa:Finfinnee
- Wardhaugh.R,(1992).**An introduction Sociolinguistics**, second edition,Cabridge University;USA.
- Wiirtuu (19890) .**Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Jil-2**
- Wiirtuu (2001). **Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**. Biiroo Aadaafi Tutiizimii Oromiyaa:Finfinnee.
- Williams, G., (1992). *Sociolinguistics: a sociological critique*. London: Routledge
- Wiirtuu (2001).**Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**.Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa;Finfinnee.

Kitaabilee Wabiifi Dubbifamuu Qaban

- Ansre,G. (1996). “Language Standardization in Sub-Sharan Africa” In Fishman J.(ed.) *Advantages in Language Learning*. The Hague:Mouton.
- Alexander, N., (1989). *Language policy and national unity in South Africa/Azania*. Cape Town: Buchu Books.
- Bernard Spolsky. (2004). *Language Policy*. Cambridge University Press. Page 1-39
- Bender,James D. Bowen,Robert L. Cooper and Charles A. Ferguson(ed.), **Language in Ethiopia**.Oxford University press:London.
- Bender,ML.1976, **None-Semetic Languages:Nilo-Sharan.**”In Bener, M.L.et al 1976.**Language in Ethiopia**. London:OuP.pp53-62.
- Bender,M.L.Charles Ferguson, 1976,**Introduction of the book Language in Ethiopia**” In Bender ,M.L, et al 1976. *Language in Ethiopia*. London :OUT, pp 1-22
- Bloomfield,L. (1993). **Lanuguage**.New York :Henry Holt.
- Chimdi W.fi Selamawit T. (2003) A.L.I) Afaan Karoorsuufi Waaltessuu.Kan hinmaxxanne, Yunivarsiitii Jimmaa:Oromiyaa.
- Cooper, R. L., (1989). *Language planning and social change*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Downes, W., (1984). *Language and society*. London: Fontana. Fairclough, N., (1989). *Language and power*. Harlow, Essex: Longman. (Language and social life series, Ed. C. N. Candlin).
- Feda Negesse Thesis Pdf.**Classification of Oromo Dialect**.
- Fishman.J (ed). (1968). *Readings in the Sociology of Language*. The Hague: Mouton.
- Fishman ,et al (eds) *Language problem of Developing Nations*.New York;Wiley.
- Gibson Ferguson. (2006). *Language Planing and Education*. Edinbugh University Press Ltd22 George Square, Edinburch. Page 1-1
- Hudson,R.A.(1980). **Sociolinguistics**, First edition, Cambridge University press:Cambridge.
- Hudson,R.A.1996. **Sociolinguistics** (2nd ed.) Cambridge:CUP.
- J. Chambers and P. Trudgill. *Dialectology*. Cambridge: Cambridge University Press, 1980.
- Karam, F.X 1974.” Towards a theory of Language Plannining “ In Fishman (ed). *Advances in Language Plannining*, The Hague: Mouton.

Mokonnen, H.(2002). Lexical Standardization in Oromo, Unpublished ,MA Thesis , AAU.

Mekuriya Bulcha (1994). **The language policy of Ethiopian Regimes and the history of written Afan oromo** ; 1844-1994, In journal of Oromo studies1,1&2.

Robert L. Cooper. (1998). Language Planning and Social Change. Cambridge University Press. Page 29-164

Spolsky.B,(1998).**Sociolinguistics**.Oxford University Press:Oxford

Trudgill, Peter,(1995).**Sociolinguistics. An introduction to language and society**. Penguin books:London.

UNESCO. (1953). *The use of vernacular languages in education: the report of the UNESCO meeting of specialists, 1951*. Paris: UNESCO.

Wasanee Bashaa,(1995). Qara,**Qorluugaafi Seerlugaa Afaan Oromoo**. Mana maxxansaa Meeggaa:Finfinnee

Wardhaugh.R,(1992).**An introduction Sociolinguistics**, second edition,Cabridge University;USA.

Wiirtuu (19890) .**Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Jil-2**

Wiirtuu (2001). **Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**. Biiroo Aadaafi Tutiizimii Oromiyaa:Finfinnee.

Williams, G., (1992). *Sociolinguistics: a sociological critique*. London: Routledge

Wiirtuu (2001).**Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**.Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa;Finfinnee.